



‘COVID-19’ FI KENNINSATAJAAJILA HAQAA: HAALA QABATAMAA NAANNOO OROMIYAA

Qorattoonni:

- 1) Tacaan Margaa (MMWO)
- 2) Tafarii Baqqalaa (ILQSO)
- 3) La’ ilaa Mohaammad (MHAAWO)
- 4) Yemaanee Abeetuu (KBMSO)
- 5) Abbaay Margaa (Yun. Moot. Naannoo Oromiyaa)

**Adoolessa 2012
Adaamaa**

Baafata

Boqonnaa Tokko	4
Seensa: Ka’umsaafi Adeemsa Qorannichaa	4
1.1. Dugdaduuba (Background)	4
1.2. Hima Rakkoo	6
1.3. Kaayyoo	6
1.4. Mala Qorannoo	7
1.5. Faayyadamtoota Qorannichaa.....	9
1.6. Hanqina Qorannicha (Limitation of the Study)	9
1.7. Gurmaa’ina Qorannichaa	10
Boqonnaa Lama	11
Kenninsa Tajaajila Haqaafi COVID-19: Waliigala	11
2.1. Gulantaa Tarkaanfilee Fudhachuu	11
2.2. Kenninsa Tajaajila Haqaafi COVID-19: Muuxannoo Biyyootaa	13
2.2.1. Keeniyaa	13
2.2.2. Afirika Kibbaa.....	15
2.2.3. Faransaay	17
2.2.4. Amerikaa, Kutaa Bulchiinsa Niwu Yoork	19
2.2.5. Ingiliiz (UK).....	20
Boqonnaa Sadii	23
Kenninsa Tajaajila Haqaafi Dhukkuba COVID-19: Haala Qabatama Oromiyaa.....	23
3.1. Seerota COVID-19 Ittisuu, To’achuufi Miidhaa Hordofsiisu Hir’isuuf Bahan.....	23
3.1.1. Daangeffama Mirgootaafi Tarkaanfilee (kwt.4)	24
3.1.2. Dirqamoota Kaa’aman	28
3.1.3. Hojiirra Oolmaa Seerota ‘COVID-19’	31
3.2. Seerota COVID-19: Kallattii Qajeeltoo Mirga Namoomaan Yoo Madaalaman	34
3.3. Hojiirra Oolmaa Seerota COVID-19	38
3.3.1. Manneen Murtii Oromiyaa Keessatti	38
3.3.2. Manneen Hojii Abbaa Alangaa Oromiyaa Keessatti	49
3.2.4 Poolisii Keessatti.....	56
3.2.5. Bulchiinsa Manneen Sirreessaa Oromiyaa Keessatti	63
Boqonnaa Afur.....	67

Yaadota Gudunfaafi Furmaataa	67
4.1. Yaadota Gudunfaa	67
4.1.1. Qabiyyee Seerotaa.....	67
4.1.2. Hojiirra Oolmaa Seerota ‘COVID-19’ Qaamolee Haqaa Keessatti.....	69
4.2. Yaadota Furmaataa	73
4.2.1. Seerota ‘COVID-19’ ilaalchisee	73
4.2.2. Hojiirra Oolmaa Seerota ‘COVID-19’ Qaamolee Haqaa Keessatti Ilaalchisee.....	74
Maddawwan Wabii	79

Boqonnaa Tokko

Seensa: Ka'umsaafi Adeemsa Qorannichaa

1.1. Dugdaduuba (Background)

Dhukkubni 'COVID-19' jedhamu dhibee Addunyaa miidhaa diinagdee, hawaasummaafi siyaasaa dhaqqabsiisaa jiru dha.¹ Hanga gaafa 3/12/2012 tti, namoonni **19,800,00** dhibee kanaan kan qabaman yoo ta'u, kana keessaa namoonni **730, 000** lubbuu isaanii dhabaniiru. Akka biyya keenyaattis, hanga guyyaa walfakaatutti (3/12/2012), namoonni **22, 818** qabamanii, namoonni **407** lubbuun isaanii darbeera. Akka naannoo Oromiyaattis, namoonni dhibichaan qabamaniifi du'an yeroo irraa gara yerootti dabalaa akka jiru ibsi Biiron Fayyaa Oromiyaa ni agarsiisa.

Dhibee kana ittisuuf biyyoonni addunyaa tarkaanfiiwwan adda addaa fudhataniiru; fudhachaa jirus. Biyyi keenyas kana irraa adda miti. Tarkaanfiiwwan akka biyya keenyaatti fudhatamaa turan labsii yeroo ariifachisaa labsuu duraafi booda jedhamanii bifa lamaan ilaalamuu danda'u. Labsii yeroo ariifachiisaa labsuun dura tarkaanfiiwwan akka walgahiiwwan gurguddoo gaggeessuun dhorkaa ta'uu, fageenya eeganii socho'uu, manneen barnootaafi yunivarsiitiiwwan cufuu, manneen amantaatti walgahanii kadhannaa gaggeessuu dhorkuu, humni raayyaa ittisa biyyoolessaa sochiiwwan karaa daangaa ta'an dhorkuufi seekterri nageenyaas hordofee tarkaanfilee kanneen kan raawwachiisu ta'uufi kkf marti osoo labsiin yeroo ariifachiisaa hin labsamiin murtii qaama raawwachiiftuun tarkaanfiiwwan fudhatamaa turani dha.² Akka waliigalaatti yoo ilaallu, hedduun tarkaanfilee kanneenii iftoomina kan hin qabneefi hojiirra oolchuufis mijatoo kan hin taane dha.³ Fakkeenyaaf, walgahiiwwan gurguddaa gaggeessuun dhorkaa ta'uu malee walgahii namoota meeqa hirmaachiseti guddaa jedhamu akka danda'u ilaalchisee ifa miti. Biyyootni biroo garuu kana irratti ifa godhanii seeraan tumu. Fakkeenyaaf, Jarmanitti, namoota lamaa ol; Amerikaatti namoota kudhanii ol; fi Afirikaa Kibbaatti ammoo namoota dhibba tokkoo ol ta'anii walgahii gaggeessuun dhorkaa ta'uu seeraan labsaniiru.⁴

¹ Impact of COVID-19 on Access to Justice (Online Meeting of the OECD Global Roundtables on Access to Justice, April 28, 2020).

² Solomon A Dersso, Analysis of the Legal Status of Ethiopia's COVID-19 Measures.

³ Haa ta'u malee, tarkaanfileen tokko tokko kan akka manneen barnootaa cufuu ifaafi hojiirra oolchuufis salphaa dha.

⁴ Solomon A Dersso, olitti yaadannoo lak.2

Akkasumas, deeggersa seeraa addatti ba'eef hin qabani. Haa ta'u malee, seerotni biroo kanneen akka labsii qaama raawwachiiftuu mootummaa federaalaa lak.1097/2019, Dambii Hundeeffama Inistiitiyuutii Fayyaa Hawaasaa Itoophiyaa Lak.301/2013 fi Seera Yakkaa RDFI keessatti tumaaleen tarkaanfilee kana akeekan ni jiru. Labsii lak.1097/2019 kwt. 27 (7) *the Ministry shall take preventive measures against events that threaten the public health;in the events of an emergency situation coordinate measures of other stakeholders to expeditiously and effectively tackle the problem*' jechuun Ministeerri Fayyaa wantota fayyaa hawaasaa miidhan ilaalchisee tarkaanfii ittisaa fudhachuu akka danda'uu; yeroo muddamaa keessatti tarkaanfilee dhimmamtootaan fudhataman haala si'oominaafi bu'a qabeessa ta'een qindeessuun rakkoo mudateef furmaata kennuu akka danda'u aangesseera. Dambiin Hundeeffama Fayyaa Hawaasaa Lak.301/2013's yeroo weerarri ka'u ykn haalli muddama fayyaa kamuu mudatutti Inistiitiyuutichi muddamichi uumamuu isaa mirkaneessuu,dadamaqina uumuu,akeekkachiisa kennuu,odeeffannoo uummataan ga'uu,qabeenyaa sochoosuu,hojiiwwan sadarkaa aanaatti, godinaafi naannootti hojjetamaniif deeggarsa godhuu,qaamolee biro waliin ta'uun qorannoo fayyaa dursaa gochuu akka danda'u aangesseera. Seerri yakkaa RDFI kwt.522 jalatti namni kamiyyuu ta'e jedhee dhukkuba daddarbaa (nama irraa namatti) ittisuuf, daangessuuf,ykn to'achuuf jecha tarkaanfii seeraan tumamee jiru duubatti dhiise adabbii salphaa hidhaa waggaa lama hin caalle ykn qarshiidhaan kan adabamu ta'uu tumeera.

Tumaaleen seerota olitti ibsaman kunniin ittisa COVID-19f jecha tarkaanfii fudhatamuuf roggummaa qabaatanis, attamitti? eenyuun? maaliin? haala kami? dhimmoonni jedhan waan hin ibsineef seera hojiirra isaan oolchu biraa (dambii,qajeelfama) kan barbaadani dha. Kanaaf,labsiin yeroo ariifachiisaafi labsicha irratti hundaa'uun dambiileefi qajeelfamoota ba'aniin dura tarkaanfileen akka mootummaatti fudhatamaa turan deeggersa seeraa gahaa qabu kan jedhaman miti. Kun ammoo mirgoota beekamtiifi eegumsa Heera Mootummaafi sanadoota Idila Addunyaan qaban kanneen akka mirga bilisummaa qaamaa, mirga bilisummaan socho'uu, mirga barachuufi kkf seeraan ala daangessuu waan ta'uuf sirrii hin turre. Waan ta'eefuu, tarkaanfiiwwan seeraan deeggaramaniiru jechuun kan danda'amu erga labsiin yeroo ariifachiisaa (Lab. Lak. 3/2020) fi dambiifi qajeelfamoonni sana hojiirra oolchuuf ba'anii booda jechuun ni danda'ama. Bu'uura seerota kanneeniin tarkaanfiiwwan dhibicha ittisuuf gargaaran fudhachaa jirti. Tarkaanfiiwwan ittisaa fudhataman mirgoota namoomaa kan akka mirga haqa argachuufaa

kan daangessan waan ta'aniif kenninsa tajaajila haqaa akka waliigalaatti kan miidhu dha.⁵ Kanaafuu, ittisi COVID-19 fi kenninsi tajaajila haqaa naannoo Oromiyaa haala attamiitiin walfaana deemaa jiru; danqaawwan gama kanaan jiran maal fa'i dhimma jedhu ilaalchisee qorannoo gaggeessuun yaada furmaataa akeekuuf yaadamee karoorri hojii kun qophaa'eera.

1.2. Hima Rakkoo

'COVID-19'n hordofee qaamoleen haqaa tajaajila guutuu kennaa hin jiran. Fakkeenyaaf, Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa gamisaan cufamaniiru. Amala dhukkubichaa ta'ee akkaataa armaan dura baratameen tajaajila haqaa guutuu ta'e kennuun rakkisaa dha. Dabalataan, dhukkubichi yoom akka badu sirriitti hin beekamne. Gama biraan, uummatni tajaajila haqaa barbaadaa kan jiru ta'us, tarkaanfiiwwan ittisa COVID-19f jecha fudhataman kallattiinis ta'e alkallattiin mirga dhaqqabamummaa haqaa (the right to access to justice) ni daangessu. Keessattuu, dhukkubni kun mirgoota sanadoota idila-addunyaafi Heera mootummaa RDFI'n beekamtii argatan kanneen akka mirgoota daa'immaniifi dubartootaa bal'inaan miidhaa akka jiru miidiyaaleen adda addaa balbaloomsaa jiru. Qorannoo kana gaggeessuun kan barbaachiseef tarkaanfiiwwan ittisa COVID-19 hojiirra oolchaa kenninsa tajaajila haqaa naannoo Oromiyaa itti fufsiisuun mirga dhaqqabamummaa haqaa hojiirra oolchuuf yaadamee ti.

1.3. Kaayyoo

- Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa tattaaffii COVID_19 ittisuuf taasifamu keessatti qorumsawwan kenninsa tajaajila haqaan walqabataniin mul'atan maal faa akka ta'an sakatta'uun yaada furmaataa akeekuu dha. Dabalataan, qorannichi kaayyoowwan gooree armaan gadii ni qabaata:
 - Qabiyyee seerota ittisa COVID_19 ilaalchisee tumaman (labsiiwwan, danbiifi qajeelfamoota) xiinxaluu;
 - Sababa COVID_19'tiin rakkoowwan dhaqqabamummaa haqaan walqabataniin jiran maalfaa akka ta'an adda baasuu;
 - Dhibee COVID_19 keessatti biyyootni kenninsa tajaajila haqaatiin muuxannoo gaarii qaban eenyu faa akka ta'an adda baasuun barumsa irraa fudhachuu;

⁵ Ensuring Access to Justice in the Context of COVID_19, Guidance Note, UNDP May 2020

- Qorannoo dhimma walfakkaataa irratti sadarkaa federaalaatti akka biyyaatti gaggeeffamaa jiruuf daataa ykn odeeffannoo barbaachisu dhiyeessuu

1.4. Mala Qorannoo

Qorannoon kun dhibee COVID_19 keessatti kenninsi tajaajila haqaa naannoo Oromiyaa maal fakkaata kan jedhu xiinxaluu irratti xiyyeeffata. Waan ta'eefuu, bu'uuraan mala akkamtaa hordofuun kan gaggeeffame dha. Kanaafis, malli adda addaa hordofameera. Tokkoffaa, muuxannoo biyyoota alaa sakatta'ameera. Biyyootni muuxannoon isaanii ilaalames Keeniyaa, Afirika Kibbaa, Faransaay, Ingilizii fi Ameerikaa keessaa kutaa biyya Niwu Yoorki dha. Biyyootni kanneen kan filataman dhimmoota adda addaa jiddu-galeessa godhachuuni dha. Inni tokko, hunda isaanii, keessattuu Faransaay, Ingiliiziifi Afirika Kibbaa keessaatti dhibeen 'COVID-19' hedduminaan kan tatamsa'e ta'us, kenninsi tajaajila haqaa itti fufsiisuuf tarkaanfiiwwan bu'a-qabeessa jedhamu fudhachaa turaniiru; jirus. Inni biraa, haalli qubsuma lafaa (geographic set-up) ardiiwwan adda addaa⁶ keessaa waan ta'eef, muuxannoo akka Addunyaatti jiru agarsiisuuf gahumsa qabu jedhamee yaadameeti.

Lammaffaa, qabiyyeen seerota ittisaafi tatamsa'ina COVID-19 biyyi keenya baafattee qabdu maal akka fakkaatu ilaalameera. Haaluma kanaan, qabiyyeen Labsii Yeroo Ariifachiisaa Tatamsa'ina COVID-19 Ittisuu, To'achuufi Miidhaa Hordofsiisu Hir'isuuf Bahe Lak. 3/2012, Dambii Mana Maree Ministeerota Labsii Yeroo Ariifachiisaa Lak. 3/2012 Raawwachiisuu, Lak. 466/2012 fi qajeelfamoota seerota kanneen raawwachiisuuf ba'an afur ilaalameera.

Sadaffaa, qaamoleen tajaajila haqaa kennan kanneen akka manneen murtii, manneen hojii abbaa alangaa, waajjiraalee poolisiifi bulchiinsa manneen sirreessaa hirmaattota qorannichaa ta'aniiru. Haaluma kanaan, hooggantoonniifi ogeessoni:

- Manneen murtii sadarkaa hunda irra jiran (MMWO, MMO fi MMA)
- Manneen hojii abbaa alanagaa sadarkaa hunda irra jiran (MHAAWO, MHAA Godinaa fi MHAA Aanaa)

⁶ Keeniyaa fi Afirika Kibbaa (ardii Afirika), Faransaayii fi Ingiliiz (ardii Awurooppaa) fi Niwu Yoork (ardii Amerikaa)

- Komishinii Poolisiii Oromiyaa sadarkaa hunda irra jiran (Qajeelcha Poolisii Godinaaleefi Waajjira Poolisii Aanaa)
- Komishinii Bulchiinsa Manneen Sirreessaa Oromiyaa (Naannoo, Godinaafi Aanaa) gaaffii dhiyaateef deebisaniiru.

Baay'ina hirmaattota qorannichaa ilaalchisee mala iddattoo kaayyeffataa (purposive sampling) hordofuudhaan bakka deemamu hundatti hooggansaafi ogeessi muuxannoo qabu af-gaaffii deebisuun hirmaataniiru. Dabalataan, tajaajilamtoonni qaamolee haqaa kanneen akka abbootii dhimmaa, sirreeffamtoonni seeraafi abukaattonni dhuunfaa hirmaattota qorannichaati.

Daataan qorannichaaf barbaachisu kan sassaabame bu'uuraan godinaalee sochiin hawaas-dinagdee bal'inaan keessatti gaggeeffamufi dhukkubni COVID_19 keessatti tatamsa'ani dha. Haaluma kanaan, godinaaleen shaniifi aanaaleefi magaalotni godinaalee kanneen jalatti argaman bakkeewwan odeeffannoo irraa walitti qabame dha. Tarreeffamni bakkeewwan kanaas:

- 1) Godina Addaa Naannawaa Finfinnee
 - Magaalaa Buraayyuu
 - Magaalaa Sabbataa
 - Aanaa Sulultaa
- 2) Godina Shawaa Bahaa
 - Baatuu
- 3) Godina Addaa Magaalaa Adaamaa
- 4) Godina Arsii Lixaa
 - Magaalaa Shaashamannee
 - Aanaa Kofalee
 - Aanaa Arsii Negellee
- 5) Manneen hojii sadarkaa naannoo irra jiran
 - Mana Murtii Waliigala Oromiyaa
 - Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa
 - Koomishinii Manneen Sirreessaa Oromiyaa

- 6) Dabalataan, godinaalee Shawaa Lixaa (mana sirreessaa irraa), Baalee (Qajeelcha Poolisii irraa), Harargee Bahaa, Iluu Abbaa Boor fi Qeellam Wallaggaa (Mana Murtii) irraa imeeliifi bilbilan odeeffannoon sassaabameera.

Akka waliigalaatti, hoggantoonniifi ogeessoni manneen murtii 60; manneen hojii Abbaa Alangaa 21; poolisii 12, manneen sirreessaa 8; abukaattota dhuunfaa 6 fi sirreeffamtoota seeraafi abbootii dhimmaa 18 odeeffannoo qorannichaaf barbaachisu kennuu keessatti hirmaataniiru. Gabaasaaleen raawwii hojii fi qajeelfamoonni adda addaa manneen hojiis akka madda odeeffannootti fayyadaniiru.

Odeeffannoowwan mala afgaaffii fi gabaasaalee irraa argaman bu'uuraan hojiirra oolmaan seerota COVID-19 maal akka fakkaatuu fi sana keessattis qaawwota jiran xiinxaluuf kan gargaarani dha.

1.5. Faayyadamtoota Qorannichaa

Qorannoon kun haala qabatama COVID-19 keessatti akkaataa kenninsi tajaajila haqaa dhaqqabamaa ta'uu itti danda'u xiinxaluun yaada furmaataa akeeka. Waan ta'eefuu, kanneen armaan gadii fayyadamtoota qorannichaa ta'u:

- Qaamolee haqaa naannichaa (MMWO, MHAAWO, KPO fi KBMSO): qaamoleen kun kan hundaa'aniif tajaajila haqaa kennuuf waan ta'eefi.
- Qaamolee seera baasan: seera jiru fooyyeessuu, haquu ykn haaraa baasuuf itti gargaaramuu danda'u
- Dhaabbilee leenjiifi qorannoo kan akka ILQSO: dhimmoota leenjiifi qorannoon irratti gaggeeffamuu qabu adda baasanii beekuuf waan dandeessisuufi.
- Uummata: tajaajila haqaa kan barbaadu uummata bal'aa dha. Haqni dhaqqabamaa yoo ta'e kan fayyadamus isuma.

1.6. Hanqina Qorannicha (Limitation of the Study)

Sababa dhibee 'COVID_19' fi rakkoo nageenyaa Oromiyaa keessa tureen daataa qorannichaaf barbaachisu akkaataa fi yeroo barbaadamuu keessatti sassaabuun walqabatee hanqinni tureera. Fakkeenyaaf, manneen sirreessaa tokko tokko keessatti sirreeffamtoota seeraa waliin afgaaffii gaggeessuun hin danda'amne. Tajaajilli interneetii addaan citee waan tureef, yeroo gabaabaa

keessatti odeeffannoowwan interneetii irraa argaman kan akka muuxannoo biyyoota alaa sakatta'uu irratti harkifannaan uumameera. Hooggantoota odeeffannoo kennan argachuuf; akkasumas, warreen argaman haasofsiisuuf qophaa'ummaan ture hanqinni tureera.

1.7. Gurmaa'ina Qorannichaa

Qorannoon kun boqonnaa afuritti gurmaa'ee kan dhiyaate dha. Boqonnaa tokkoffaa hanga ammaatti ilaalle ka'umsaafi adeemsa qorannichi itti gaggeeffame agarsiisa. Boqonnaan lammaffaa haala qabatama COVID-19 keessatti akkaataa tajaajilli haqaa itti kennamu ilaalchisee dhimmoota waliigalaafi muuxannoo biyyootni qaban ibsa. Boqonnaan sadaffaa haala qabatama COVID-19 keessatti kenninsi tajaajila haqaa Oromiyaa keessatti maal akka fakkaatu xiinxala. Dhuma irratti, boqonnaan afraffaa, xiinxala waliigalaa taasifame irraa ka'uun yaadota gudunfaafi furmaataa akeeka.

Boqonnaa Lama

Kenninsa Tajaajila Haqaafi COVID-19: Waliigala

2.1. Gulantaa Tarkaanfilee Fudhachuu

Haala qabatamaa COVID-19 keessatti dhaqqabamummaa haqaa dhugoomsuuf tarkaanfileen fudhatama gulantaalee sadiitti kurfaa'uun ilaalamuu kan danda'ani dha. Isaanis, gulantaa qophii, hojiirra oolmaa (Response) fi deebisanii dhaabuu (Recovery) dha.⁷

Qophii (Preparation): gulantaan kun COVID-19 ittisuun dhaqqabamummaa haqaa mirkaneessuuf tarkaanfileen fudhatamuu qaban maalfaa ta'uu qabu kan jedhu adda baasuu agarsiisa.⁸ Haaluma kanaan⁹,

- *Amala hojii isaanii irraan kan ka'e hojjettonni ijoo dirqama bakka hojitti argamuu qaban eenyu fa'i? Eenyufaati mana taa'ee hojjechuu danda'a?*
- *Dhimmootni dursa argachuu qaban maal fa'i? Dhimmootaaf dursa kennuuf ulaagaan fayyadamnu maal ta'uu qaba?*
- *Meeshaaleen ittisa dhuunfaa (personal protective equipment (PPE)) qaamolee haqaaf attamitti argamuu danda'a?*
- *Meeshaaleen teekinolojii fageenyatti hojjechiisuuf gargaaran maal fa'i? Itti fayyadama isaanii ilaalchisee leenjii attamii barbaachisa?*
- *Dhiiraafi dubartii jidduutti dhukkubichi miidhaa attamii dhaqqabsiisa? Miidhichi bifa kamiin salphachuu danda'a?*
- *Mana murtiin alatti adeemsa falmii filannoo waliddaan ittiin hiikamu maal fa'i?*
- *Bakka hidhaa dhagahaa duraafi hidhaa murtii filannoon biraa jiru maali?*
- *Qaamoleen waliin qindoomuun dhukkubicha ittisuu qabu eenyu fa'a ta'uu qabu? Gaaffileen jedhan xiinxalamuun gulantaa deebii itti argatani dha.*

Hojiitti Hiikuu (Response): gulantaan kun COVID-19 ittisuuf tarkaanfilee sadarkaa qophiitti yaadamanii turan gulantaa hojiirra itti oolani dha. Jiddu-galeessummaan tarkaanfilee gulantaa

⁷ Ensuring Access to Justice in the Context of COVID_19: Guidance Note, Olitti yaadannoo lak.5, F. Preface

⁸ Akkuma 7^{ffaa}.

⁹ Akkuma 8^{ffaa}, FF12-21 jiru jidduudha cuunfamee kan fudhatame.

kana keessatti fudhataman dhaqqabamummaa haqaa haala walqixa, madaalawaafi bu'a-qabeessa ta'een kan dabalani, wiirtuuwan to'annoofi manneen sirreessaa keessatti miidhaa COVID-19 dhaqqabsiisu xiqqeessuuf tarsiimoowwan gargaaran, aangooti garmalee fayyadamuun akkaataa qaama abbaa seerummaan to'atamuu danda'u kan deeggaran, garee hawaasaa deeggersa addaa barbaadaniif dhaqqabamaa ta'uuf kan gargaaran, odeeffannoo dhaqqabamaa taasisuuf kan gargaaraniifi kkf dha.¹⁰ Labsiin yeroo ariifachiisaa labsii tarkaanfilee kanneen fudhachuuf dandeessisan akka ta'e ni hubatama.

Fakkeenyaaf, wiirtulee to'annoofi manneen sirreessaa keessatti akka namoonni akka hin baay'anneef tarkaanfiiwwan: mirga wabiin gadhiisuu, adabbii hidhaan alatti adabbiiwwan biroo filachuu, dhiifama gochuu, ulaagaa irratti hundaa'uun garee hawaasaa filataman kanneen akka daa'immani, dubartoota ulfaa, dubartoota hoosisan, namoota umriin dullooman, warren rakkoo fayyaa qaban, warreen adabbii isaanii xumuruu ga'an gadhiisuufi kkf dha.¹¹

Deebisanii Dhaabuu (Recovery): gulantaan kun gaagga'ama COVID-19 booda tarkaanfiiwwan fudhataman kanneen akka labsii yeroo ariifachiisaa kaasuufi adeemsa ture madaaluu, gaaga'ama hawaasummaafi diinagdee COVID-19 dhaqqabsiisee ture sirreessuuf tarkaanfiiwwan fudhataman kanneen akka qacaramuu dhabuu, falmii hojii, falmii kasaaraa, falmii dhaalaafi qabeenyaa, kuufama dhimmootaa xiqqeessuu, muuxannoo gaarii babal'isuu fi sektera fayyaa deeggaruu (subsidizing health issues) of keessatti hammata.¹²

Akka waliigalaatti, gulantaa kamittuu haa ta'u tarkaanfiin COVID-19 ittisuuf fudhatamu kamiyyuu hanga danda'ametti ol'aantummaa seeraa (rule of law) kan jajjabeessu, mirgoota namoomaa idila addunyaa (international human rights) kan eegeefi kabaje, qajeeltoo seerummaa (principle of legality) kan kabaje, mirgoota dhaqqabamummaa haqaa (the right to access to justice) fi adeemsa seeraa (due process of law) kan jajjabeessu ta'uu qaba.¹³ COVID-19 ittisuuf jecha tarkaanfii biyyootni fudhatan, kan biyya keenyaa dabalatee gulantaalee sadan olitti ibsamani kanaan ala hin ta'u. Muuxannoo biyyoota muraasaa kutaa itti aanu keessatti haa ilaallu.

¹⁰ Akkuma 9^{ffaa}, F. Preface.

¹¹ Akkuma 10^{ffaa}, FF22- 31.

¹² Akkuma 11^{ffaa}, FF34-39.

¹³ Akkuma 12^{ffaa}, F22

2.2. Kenninsa Tajaajila Haqaafi COVID-19: Muuxannoo Biyyootaa

Kutaa kana jalatti, haala COVID-19 keessatti biyyootni adda addaa tajaajila haqaa attamittiin kennaa jiru kan jedhu ilaaluuf yaalla. Akkuma boqonnaa tokkoffaa keessatti ibsame, Keeniyaa, Afirika Kibbaa, Faransaay, Ingiliziifi Amerikaan biyyoota muuxannoon isaanii ilaalamuuf filatamani dha.

2.2.1. Keeniyaa

Keeniyaan, akkuma biyyoota addunyaa biroo tatamsa'ina COVID-19 ittisuuf tarkaanfiwwan adda addaa fudhachaa turte;fudhachaa jirtis. Kallattii haqaatiin yoo ilaalle, tarkaanfiwwan Mana Maree Bulchiinsa Haqaa Biyyoolessaa (National Council on the Administration of Justice) Keeniyatiin fudhataman jalqaba irratti kan ilaalamu dha. **Bitootessa 15, 2020** ALA'tti Manni Maree kun karoora Ittisaafi Miidhaa COVID-19 xiqqeessuuf gargaaru baasuun hojiirra oolcheerra.¹⁴ Jalqaba irratti, Manni Marichaa karoora torban lamaa baasee kan ture yommuu ta'u, turtii kana keessatti murtiiwwan:

- *Dhimmoota ciccimoo kanneen akka yakka nageenya biyyaa irratti raawwatamu, malaammaltummaa, miidhaa dubartoota irratti raawwatamaniifi kkf yoo ta'an malee shakkamtoonni yakka haaraan kan to'ataman taanaan dhimmi isaanii buufata poolisiitti akka ilaalamu;*
- *Ol'iyannoon dhimmoota hariiroo hawaasaas ta'e yakkaa adeemsa irra jiran akka addaan citu;*
- *Galmeewwan raawwii adeemsa irra jiran hundi akka addaan citan;*
- *Manneen murtii dhimmoota ariifachiisoofi murteessoo ta'an akka ilaalan;*
- *Hojjettoonni manneen murtii hojii irratti akka argaman;garuu dhaddacha akka hin gaggeessinee fi*
- *Dhimmoota calalamani baraarsaaf dhiyaatan manneen murtii akka keessummeessan jedhan darbaniiru.*

¹⁴Republic of Kenya, National Council on the Administration of Justice, Chief Justice Press Statement, Administrative and Contingency Management Plan to Mitigate COVID-19 in Kenya's Justice Sector; <https://www.judiciary.go.ke/chief-justice-press-statement-administrative-and-contingency-management-plan-to-mitigate-COVID-19-in-Kenya's-justice-sector.pdf>

Dabalataan, ittisaafi to’annoo COVID-19 ilaalchisee taasifamuuf qaama Mana Marichaaf gorsa kennu Koree Gorsituu hundesseera.¹⁵ Manni Marichaas gorsa koree kanaa irratti hundaa’uun murtiiwwan olii kana yeroo irraa yerootti hordofuun fooyyeessa akka adeemu kallattii kaa’eera.

Haaluma kanaan, sirreeffamtoonni mana sirreessaatii gadhiifamuu qaban dhimmi isaanii qulqullaa’uun mana sirreessaatii akka ba’an gochuu,yakka salphaan shakkamanii namoonni to’ataman mirga wabiin akka gadhiifaman ta’uu,manneen murtii dhimmoota ariifachiisoofi murteessoo ta’an karaa elektirooniksii (e-filing) simachuun akka murteessan gochuu, dhimmootni dirqama ajaja mana murtii barbaadaniifi darbinsa yerootiin addaan citan galma dhaddachaan alattis ta’u akka keessummaa’an gochuu, Abbootiin Seeraafi Hojjettonni manneen murtii meeshaalee qulqullinaa ittisa COVID-19f gargaaran fayyadamuu akka qaban qajeelfama dirqisiisu baasuun hojiirra oolchuun tarkaanfiiwwan fudhatamani dha.¹⁶

Manni Marii Bulchiinsa Haqaa Biyyoolessaa kun raawwii olitti ture kana **Ebla 15, 2020** kan gamaaggama yoo ta’u, gamaaggama taasiseenis kenninsi tajaajilaa kan duraan ture caalaa akka bal’atu taasiseera. Haaluma kanaan, namoonni yakka kamiinuu shakkamanii hidhaman dhimmi isaanii dhaddacha ifaan akka ilaalamu, dhimmootni yakkaa sadarkaa ol’iyyataa irra jiran virchuwaaliin (virtual) ykn qajeelfama of eeggannoo hordofuun dhaddacha ifaatti akka ilaalaman, murtiiwwan viidiyoo konfiransii ykn imeelii fayyadamuun akka kennaman, **Ebla 22,2020** irraa eegaluun rejistiraaronni tajaajila armaan dura kenna turan caalaatti bal’isuun akka kennan; akkasumas, manneen murtii iyyata ykn himata hariiroo hawaasaa teekinoloojiin fuudhuun dhaddacha ifaan akka ilaalan ta’eera.¹⁷

Walumaagalatti,Manni Maree Bulchiinsa Haqaa Biyyoolessaa Keeniyaa Koree Gorsituu yeroof hundaa’e waliin ta’uun COVID-19 ittisuuf qajeelfama Ministeerri Fayyaa biyyattiin baaftte duubatti osoo hin dhiisiin akkaataa kenninsi tajaajila haqaa hawaasaaf dhaqqabamaa ta’uu itti danda’u irratti hojjechaa jira. Hangiifi akkaataan kenninsa tajaajilaas yeroo irraa yerootti (Bitootessa 15, 2020, Ebla 15, 2020, Ebla 22, 2020) fooyyaa’aafi bal’achaa akka adeeme ibsa olii kana irraa hubachuun ni danda’ama.

¹⁵Akkuma14^{ffaa}.

¹⁶Akkuma 15^{ffaa}

¹⁷National Council on the Administration of Justice,Press Statement on Continuing Review of Justice Sector Operations in the Wake of COVID-19 Pandemic; <https://www.ncaj.go.ke/press-statement-on-continuing-of-justice-sector-operations-in-the-wake-of-the-COVID-19-pandemic>

2.2.2. Afirikaa Kibbaa

Afirikaan Kibbaa biyyoota Afirkaa COVID-19 keessatti tatamsa'ee fi miidhaa dhaqqabsiise keessaa ishee tokko yommuu taatu, dhibee kana qolachuuf mootummaan biyyattii Danbii Balaa To'achuu Lak. 480 Ebla 29, 2020 baaseera.¹⁸ Danbiin kun akkaataa qabatama hojii isaanii irratti hundaa'uun Ministeeronni hundi qajeelfama COVID-19 ittisuuf isaan dandeessisu baasuu akka danda'an aangesseera.¹⁹ Haaluma kanaan, Ministeeronnis COVID-19 ittisuun cinaatti qajeelfama tajaajila kennuuf isaan dandeessisu baasuun hojiirra oolchaa turaniiru. Manni Murtii Waliigala Afirikaa Kibbaa fi Ministeerri Haqaafi Tajaajila Sirreessaas COVID-19 ittisuufi to'achuu biratti tajaajila haqaa kennuuf qajeelfama dandeessisu baasaafi fooyyeessaa turaniiru.²⁰ Kennisa tajaajila mana murtiin walqabatee daangeffamoonni gurguddoo lama ni jiru.

Tokkoffaa, namoonni mooraa mana murtii keessa qaamaan seenuu danda'an namoota dhimma murtaa'u irraa fedhii qaban (material interest) kanneen akka gareewwan walfaman, ragoota, namootaafi maatii namoota of hin dandeenyeef deeggersa godhaniifi²¹, namoota miidiyaa qofa dha. Dhimma murtaa'u irraa fedhiima kan qaban yoo ta'aniyyuu namoonni gara mana murtii akka hin seenne dhorkaman ni jiru: namoota biyyoota COVID-19 miidhaa guddaa keessummeessan kanneen akka Ingiliiz, Faransaay, Xaaliyaa, Jaarman, Ispeeniifi Amerikaa irraa dhufan, kanneen COVID-19 qabamuun isaanii mirkanaa'e, labsiin balaa biyyoolessaa labsamuun torban tokko dura ykn erga labsamee booda namoota Afirikaa Kibbaa dhufan mooraa mana murtii keessa seenuun dhorkaa dha.²²

Lammaffaa, dhimmootni keessummeeffaman dhimmoota baay'ee ariifachiisoofi barbaachisoo ta'an qofa ta'ee haala addaatiin haqa argamsiisuuf ni barbaachisa jedhamee kan itti amaname yoo ta'e garuu ilaalamuu akka danda'anitti qajeelfamichi ibseera. Haaluma kanaan, dhimmoota yakkaa, hariiroo hawaasaafi maatii ilaalchisee tarkaanfileen armaan gadii kan fudhataman ta'u.

¹⁸ Disaster Management Act Regulation No.318/2020; [Www.Gpwnline.Co.Za](http://www.gpwnline.co.za)

¹⁹ Disaster Management Act Regulation No.318/2020; [Www.Gpwnline.Co.Za](http://www.gpwnline.co.za), Direction 4.

²⁰ Directive Issued to Address, Prevent and Curb the Spread of COVID-19 in All Court Precincts in the Republic of South Africa, Office of the Chief of Justice Notice 187 of 2020 fi Directive Issued in Terms of Regulation 10 (2) (a) of the Regulation under the Disaster Management Act 2002 Published in GN No.43225 on 9 April 2020.

²¹ Qaamoleen hawaasaa deeggersa akkasii barbaadan daa'imman, namoota miidhaan mana keessaatti miidhaman, namoota miidhaan saalaa (gudeeddii) irra gaheef, qaama miidhamtootaafi manguddoota ta'uu danda'u.

²² Directive Issued in Terms of Regulation 10 (2) (a) of the Regulation under the Disaster Management Act 2002 Published in GN No.43225 on 9 April 2020, 2 (d-f).

Dhimmoota yakkaa ilaalchisee

- Gaaffii mirga wabii yeroo duraaf gaafatamu yoo ta'e malee hidhamuun beellama eegaa kan jiran yeroon beellama isaani akka dheeratu;
- Haala addaatiin haqaaf barbaachisaa ta'ee yoo argameen alatti dhimmoonni yeroo cufinsaa (lockdown) keessa ilaalamuuf beellamamanii turan yeroo cufinsaan booda akka ilaalaman;
- Dhimmoonni daa'immaniifi dargaggoota tursiisa keessa jirani bakka himatamtoonni hin jirretti akka ilaalaman;
- Galmeewwan hidhamaa hin qabne yeroo cufinsaan booda (after lockdown) akka ilaalaman;
- Namoonni yakka salphaa raawwataniiru jedhamuun himataman yeroo beellamaa dheerate keessatti (cufinsaan booda) akka dhiyaatan akeekkachiifni kennameefii akka gadhiifaman ta'eera.

Dhimmoota hariiroo hawaasaa ilaalchisee

- Haala addaatiin barbaachisoofi baayyee murteessoo yoo ta'an malee yeroo cufinsaa keessatti (lockdown) dhimmoonni hariiroo hawaasaa biroo teelee konfireensiifi viidiyoo konfireensiin malee qaamaan akka hin ilaalamne²³;
- Haala addaatiin ariifachisoofi baay'ee barbaachisoo warreen ta'aniin ala dhimmoonni raawwii murtii akka hin keessummeeffamne²⁴;
- Daangeffamoonni olitti ibsaman akkuma jirutti ta'ee hooggantoonni manneen murtii dhaddachoonni teelee konfireensiidhaan, viidiyoo konfireensiidhaan ykn meeshaa walqunnamtii elektirooniksii biraa kamiyyuu fayyadamuun akka gaggeeffamu murteessuu ni danda'u.²⁵

Dhimmoota maatii ilaalchisee

Yeroo cufinsaa keessa dhimmoonni maatii armaan gadii kan ilaalaman ta'u:

- *Dhimmoonni dantaa daa'immanii kabachiisuufi yakka daa'imman irratti raawwataniifi guddifachaan walqabatan;*
- *Gaaffii qallabaa;*

²³Directive Issued in Terms of Regulation 10 (2) (a) of the Regulation under the Disaster Management Act 2002 Published in GN No.43225 on 9 April 2020, kwt.5 (c)

²⁴ Akkuma 23^{ffaa}, kwt.5 (d)

²⁵ Akkuma 24^{ffaa}, kwt. 5(a)

- *Miidhaawwan mana keessatti raawwataniin walqabatee dhimmoota ka'ani dha.*²⁶

Akka waliigalaatti, xiyyeeffannoon hooggansa manneen murtii Afirika Kibbaa COVID-19 ittisuufi to'achuuf tarkaanfileen fudhataman akkuma jiranitti ta'ee akkaataa kenninsa tajaajila haqaa itti fufsiisuun danda'amu irratti dha. Murtii hooggansa manneen murtiin dhimmoonni yakkaas ta'an hariiroo hawaasaa ilaalamuu danda'u kan jedhames kanuma irraa ka'uuni dha.

2.2.3. Faransaay

Paarlaamaan biyya Faransaay weerara dhibee COVID-19f deebii laachuuf kan dandeessisu labsii yeroo ariifachiisaa ji'oota lamaaf turu (Law No. 290/ 2020) Bitootessa 23, 2020 ALA labsiteetti. Labsicha hojiirra oolchuuf seeronni (decrees) gara 25 ta'an kan ba'an yoo ta'an kanneen keessaa 1 waa'ee darbinsa yeroo;3 ammoo waa'ee seerota adeemsa falmiin walqabatu.²⁷

Darbinsa yeroo ilaalchisee seerri ba'e Bitootessa 12, 2020 irraa eegalee labsiin yeroo ariifachisaa erga dhume booda dhimmoonni ji'a tokko keessatti darbinsa yerootiin addaan cituu malan darbinsi yeroo isaanii akka dheeratu ta'eera.²⁸ Seeronni biroo ba'an seera adeemsa falmii hariiroo hawaasaafi daldalaa²⁹, seera adeemsa falmii bulchiinsaa³⁰ fi seera adeema falmii yakkaa³¹ kan ilaallatan ta'ee kaayyoon isaaniis seerotni adeemsa falmii duraan turan haala qabatamaa COVID-19 wajjiin walsimsiisuun hojiirra akka oolan gochuu dha.

Labsii yeroo ariifachiisa kana hordofuun manneen murtii falmiiwwan baay'ee barbaachisoo ta'an qofa akka ilaalan kan godhame yoo ta'e falmiiwwan baay'ee barbaachisoo jedhaman ammoo *hearing regarding civil freedom and custody in civil matter, enforcement, child protection,*

²⁶Akkuma 25^{ffaa}, kwt.8 (a-c)

²⁷European Parliamentary Research Service, State of Emergency in Response to the Corona Virus Crisis: Situation in Certain Member States, 2020, F3.

²⁸ Ordinance No360/2020 on the Extension of Time Limits during the Period of Public Health Emergency and the Adaptation of Procedures during the Same Period, <https://www.legifrance.gouv.fr>

²⁹Adopting the Rules Applicable to Court's Ruling on Civil Matters, Ordinance No.304/2020; [https:// www.legifrance.gouv.fr/](https://www.legifrance.gouv.fr/)

³⁰Adopting the Rules Applicable to Some Administrative Bodies, Ordinance No.347/2020; <https://www.legifrance.gouv.fr/>

³¹Adopting the Rules Applicable to Court's Ruling on Criminal Matters, Ordinance No.303/2020; <https://www.legifrance.gouv.fr/>

*family court urgent cases including protection order, and emergency interim proceeding*³² dha. Tarkaanfileen seerota yeroo ariifachiisaa kanaan fudhatamuu qabu jedhamanis:

- *Manni murtii dhimma dhiyaateef tokko ilaaluuf aangoo kan hin qabne yoo ta'e manni murtii aangoo qabu akka ilaalu gochuu;*
- *Malli waljijjiirraa odeeffannoo salphaa ta'uun abukaattonnis ta'an abbootiin dhimmaa bu'uuraan karaa meeshaalee walqunnamtii elektirooniksii odeeffannoo akka waljijjiiran gochuu;*
- *Bitootessa 12,2012 irraa eegalee galmeewwan sadarkaa falmii duraatti ykn sadarkaa ol'iyannootti ji'a tokko keessatti ilaalamuuf beellama irra turan akka ilaalamaniif Pirezidaantonni manneen murtii hayyamuu danda'u;*
- *Abbootiin seeraa qajeeltoo adeemsa seeraa (the principle of due process of law) kan hin maqamne ta'uu isaa hanga mirkaneeffatanitti abbootiin dhimmaa ciraawwanis ta'an iyyannoowwan adda addaa karaa kamiinuu waljijjiiruu danda'u;*
- *Pirezidaantonni manneen murtii ykn Abbootiin Seeraa bakka namoonni muraasni jiranitti dhimmoonni Waajjira Abbootii Seeraa keessatti (galma dhaddachaan alatti) akka ilaalaman murteessuu kan danda'an ta'uu;*
- *Manneen murtii sadarkaa duraafi ol'iyannoo dhimmoonni viidiyoo koonfiraansiin kan dhagahaman ta'uu;*
- *Dhimmoota dhagaha hin barbaachifne ilaalchisee himannaa, deebiifi ragaa barreeffamaan dhiyaate irratti hundaa'uun murtii kennuu kan danda'an ta'uu;*
- *Manni murtii iyyannoowwan dhiyaatan qorachuun ulaagaa barbaachisu guutanii kan hin argamne ta'uu isaa yoo hubate, gareewwan walfalman qaamaan akka dhiyaatan osoo hin godhiin kufaa taasisuu kan danda'u ta'uu;*
- *Manneen murtii, murtii kennan tumaalee murtii beeksisuu waliin hanga walitti hin buunetti karaa kamiinuu abbootii dhimmaa beeksisuu kan danda'an ta'uu dha.*³³

Akka waliigalaatti, biyya Faransaayitti haala qabatamaa 'COVID-19' keessatti daangeffamoota taa'an wajjiin kenninsi tajaajila haqaa itti fufeera. Gara jalqabaa, keessattuu Bitootessa 17-

³² European Commission Directorate-General Justice and Consumers, Comparative Table on Covid-19, Impact on Civil Proceedings; https://Ejustice.Europa.EU/Content_Legal_Notice-365-En.Do?Init=True

³³ Tarkaanfileen kunniin labsii yeroo ariifachisaa hordofuun seerota adeemsaafi (hariiroo hawaasaafi daldalaa, bulchiinsaafi yakkaa)fi darbinsa yeroo ba'an keessatti ibsamani kan jirani dha.

Caamsaa 10, 2020 manneen murtii dhimmoota ariifachisoofi baay'ee murteessoo ta'an qofa ilaalaa turan.³⁴ Booda (Caamsaa 11, 2020 irraa eegalee kan jiru) garuu, suuta, suutaan dhimmoota hunda ilaaluu itti fufan.³⁵ Baay'ina abbootii dhimmaa mooraa mana murtii keessa seenanii murteessuufi fageenyi hawaasummaa mirkanaa'uu isaa to'achuun ammoo itti gaafatamummaa hooggansa manneen murtiif kenname dha.³⁶

2.2.4. Amerikaa, Kutaa Bulchiinsa Niwu Yoork

Amerikaa keessaa kutaan bulchiinsa Niwu Yoork iddoowwan dhukkuba COVID-19'n hubaman keessaa sadarkaa duraa irratti argamti. Kana qolachuuf jecha mootummaan kutaa bulchiinsa Niwu Yoork **Bitootessa 20,2020** ajaja qaama raawwachiiftuu (Executive Order) dabarseera. Kana irraa ka'uun manneen murtii dhimmoota ariifachisoofi murteessoo dhiyaatan haala addaan virchuwaalii (virtual) fi bilbilaan keessummeessuun alatti hanga **Ebla 19, 2020** tti yeroof cufamanii akka turan ta'eera. Abbootiin seeraafi hojjettoonni biroos dhimmootuma kanneen keessummeessuuf warreen filataman malee kanneen hafan hanga waamichi taasifamuufitti mana akka turan ta'eera. Manneen murtiis pirotokoolii hojii haaraa (new operational protocol) hojiirra oolchaniiru. Haaluma kanaan, dhimmoonni ariifachiisoofi murteessoo jedhamuun adda ba'an kanneen *dantaa daa'immanii, yakkoota dargaggootaa, miidhaa mana keessatti raawwataman, gaaffii qallabaa, yakkoota ciccimoo, gaaffii mirga wabii, gaaffii jeequmsi narraa haadhabbatuu fi mana jireenyaafi eegumsa bilisummaa qaamaan* walqabatani dha.³⁷

Kanaan alattis manneen murtii sadarkaa kamirrayyuu jiran dhimmichi ariifachiisaafi murteessaa dha jedhanii kan amanan yoo ta'e, keessummeessuu akka danda'an pirotokooliin hojii haaraa kun ni ibsa.³⁸ Manneen murtii haala sochii guyya, guyyaa keessa jiran karaa bilbilaafi weebsaayitii abbootii dhimmaa sirni itti beeksisan diriireera.³⁹

³⁴ European Commission Directorate-General Justice and Consumers, Comparative Table on Covid-19, Impact on Civil Proceedings; https://Ejustice.Europa.EU/Content_Legal_Notice-365-En.Do?Init=True

³⁵ Akkuma 34^{ffaa}.

³⁶ Akkuma 35^{ffaa}.

³⁷ Administrative Order of the Chief Administrative Judge of the Courts, Essential Proceedings Administrative Order No 78/20; <https://www.nycourts.gov/whatisnew/pdf/AO-78/20.pdf>

³⁸ State of New York Unified Court System, Updated Protocols, March 15,2020;<https://www.nycourts.gov/covid-archive.shtml>

³⁹ Coronavirus and the State of New York State Courts,Notice of Court Status; <https://www.nycourts.gov/covid-archive.shtml>

Ebla 13, 2020 irraa eegalee dhimmoota ariifachiisoo fi murteessoo karaa virchuwaaliifi bilbilaan ilaaluu qofatti osoo hin daanga'iin dhimmootaafi dhaddachaalee yeroo irraa yerootti dabaluu dhaqqabamummaa tajaajila haqaaf hojjetameera.⁴⁰ Haaluma kanaan, dhimmoonni maatii, daldalaa, yakka cimaa,itti gaafatamummaa waliigalteen alaafi dhimmoonni biroo kuufaman karaa elektirooniksii (E-filing) iyyatniifi himatni akka dhiyaatu sirni diriireera.⁴¹ Dhimmoota ariifachiisoo fi murteessoo ta'an ammoo fuulaa-fuulatti (qaamaan) keessummeessuun eegaleera. Tajaajilli fuulaa-fuulatti kennamuu akkuma eegale, dhimmoonni ilaalamani yeroo irraa yerootti dabalaa akkuma deeman, dhaddachoonni baay'inaan dabalaa akkuma adeeman Abbootiin Seeraa, hojjettoonni manneen murtii biroofi tajaajilamtoonni gara manneen murtii yeroo dhufan of eeggannoo attamii gochuu qabu kan jedhu qajeelfamaan ba'ee kan jiru yommuu ta'u, raawwiin isaas ni hordofama.⁴²

Akka waliigalaatti, haala qabatama COVID-19 keessatti tajaajilli manneen murtiin kennamuu dhimmoota ariifachiisoo fi barbaachisoo virchuwaaliifi bilbilaan keessummeessuu irraa eegalee suuta, suuta hanga fuulaa-fuulatti tajaajila kennuu kan demu akka ta'e hubachuun ni danda'ama.

2.2.5. Ingiliiz (UK)

Ingiliziitti, tajaajilli COVID-19 hawaasa manneen murtiifi uummata irraa ittisaa akkaataa manneen murtii tajaajila itti kennuu danda'an ilaalchisee sirni diriireera. Tajaajilli manneen murtii torbanitti altokko idileen madaalamuun tarkaanfiin fooyyaa'insaa fudhatamaa kan adeemu ta'ee kunumti tajaajilamtootaafi abbootii dhimmaatiif karaa websaayitiifi imeeliin akka beeksifamu kan godhamu dha.⁴³ Akka waliigalaatti, tatamsa'ina COVID-19 ittisuufi to'achuuf manneen murtii Ingiliiz keessatti sirni diriire iddoo sadiitti qoodamee kan ilaalamu dha. Isaanis:

- *Dhimmoota baayyee ariifachiisoo fi barbaachisoo abbootiin dhimmaa qaamaan dhiyaatanii akka walfalmaniif dhaddachoota banaa ta'an;*
- *Dhaddachoota Abbootiin seeraafi hojjettoonni manneen murtii qofti itti hojjetaniif uummataaf banaa hin taane fi;*

⁴⁰ State of New York Unified Court System, Press Release ; <https://www.nycourts.gov/press>

⁴¹ Coronavirus and the State of New York State Courts, Notice to the Public, May 4, 2020; <https://www.nycourts.gov/>

⁴² Coronavirus and the State of New York State Courts, Notice to the Public, May 4, 2020; <https://www.nycourts.gov/>

⁴³ HM Courts & Tribunals Services, COVID-19 Guidance and Support, Changes to Court and Tribunal Hearings during the Coronavires Outbreak, 2 April 2020; <https://www.gov.uk/guidance/changes-to-court-and-tribunal-during-the-coronavirus-outbreak>

➤ *Dhaddachoota yeroodhaaf cufaa ta'aniifi tajaajila hin kennine dha.*⁴⁴

Dhimmoonni ariifachiisoo fi barbaachisoo abbootiin dhimmaa qaamaan dhiyaatanii akka walfalman dhaddachoota banaan ilaalaman *nageenya uummataafi bilisummaafi nageenya namootaa, to'annoo seeraa jala osoo jiranii gaaffii mirga wabii dhiyaatu, shororkeessummaa, miidhaa mana keessaa, ajaja sakatta'insaa, dantaa daa'immanii; kutaa hawaasaa saaxilamoo, dhorkaa, qallaba; guddistummaa, butii, baqattootafi koolu galtoota waliin walqabatani dha.*⁴⁵ Manneen murtii dhimmoota kanneen yommuu keessummeessu, qajeelfama tarkaanfiiwwan of eeggannoo kanneen akka fageenya qaamaa meetira 2 eeguu, teessoo tokko jidduutti dhiisuun nama bira taa'uu, kutaalee dhaddachaatti ykn gamoo keessatti fageenya qaamaa eeggachuu, uwwisa fuulaafi funyaanii uffachuu, saanitaayizerii fayyadamuun qulqullina harkaa eeggachuufi kkf mirkaneeffachuu qabu.⁴⁶ Dabalataan, abbootiin dhimmaa guyyaafi sa'atii beellama isaanii bilbilaan hanga itti himamutti gara mana murtii akka hin dhufne qajeelfamni ba'e ni akeeka. Akkasumas, abbootiin dhimmaa mallattoo COVID-19 agarsiisan ykn saaxilamummaan isaanii ol'aanaa ta'e qaamaan dhiyaachuu osoo hin barbaachifne bilbilaan ykn virchuwaaliidhaan fixachuu akka danda'an, mooraa mana murtii seenuun duras ta'e booda qajeelfamichi filannoo kaa'eera.

Waan ta'eefuu, Ingilizitti, haala qabatama COVID-19 keessatti kenninsi tajaajila haqaa kennamaa akka jiru ni hubatama.

Walumaagalatti, muuxannoowwan biyyootaa sakatta'aman irraa hubachuun kan danda'amu (barumsi fudhatamu) balaa dhukkubni COVID-19 dhaqqabsiisu xiqqeessuuf ykn qolachuuf seera waliigalaa kan baafatan ta'uu dha. Seerri waliigalaa ba'e kun bifa labsii yeroo ariifachiisaatiin ykn bifa biraatiin ta'uu danda'a. Fakkeenyaaf, Faransaayitti bifa labsii yeroo ariifachiisaatiin ba'u, Afirika Kibbaatti ammoo dambii balaa to'achuu jedhamee bifa seera idileetiin ba'e. Akkasumas, Ameerikaa, kutaa bulchiinsa Niwu Yoorkitti ajaja qaama raawwachisaa (executive order) jedhamuun ba'eera.

⁴⁴ Akkuma 43^{ffaa}.

⁴⁵ Akkuma 44^{ffaa}.

⁴⁶ Akkuma 45^{ffaa}.

Hidhi seera waliigalaa (general legal framework) erga ba'ee booda, manneen hojii akka amala hojii isaaniitti seera baafataniiru. Seerotni kunniin maqaa adda addaan waamamu.⁴⁷ Haa ta'u malee, kaayyoo walfakkaataa qabu. Sababni isaa, hundi isaaniyyuu haala qabatama COVID-19 keessatti attamittiin tajaajila haqaa kennuun akka danda'amuuf yaadamanii kan ba'an waan ta'aniifi. Qabiyyeen seerota kanaa hangaa fi akkaataa dhimmoonni haala qabatama COVID-19 keessa itti keessummaa'an kan tumani dha. Haaluma kanaan, dhimmoota ariifachiisoo fi barbaachisoo dhaddacha ifaan keessummaa'an, dhimmoota online (e-filing, bilbila, imeelii, weebaayitii, vidiyoo konfiraansii)'dhaan ilaalaman, dhimmoota yeroof tasuma keessummaa'uu hin dandeenye kamfaa akka ta'an adda baasanii kaa'u. Dabalataan, kenninsa tajaajilaa keessatti tarkaanfileen of-eeggannoo fudhatamuu qabaniifi akkaataa raawwii isaanii kan tarreessani dha. Fakkeenyaaf, Afirkaa Kibbaafi Faransaay namoonni qaamaan mooraa mana murtii seenuu danda'an warreen dhimma ilaalamaa jiru irraa fedhii qaban (material interest) ta'uufi kanas hooggansi manneen murtii hordofee raawwachiisuu akka qabu seeraan tumameera. Tarkaanfilee of-eeggannoo biroo kanneen akka meeshaalee qulqullinaa (Saantaayizerii, bishaan, saamunaafi kkf) fayyadamuunis akkasuma dhimmoota seerota kanaan uwwisa argatani dha. Waan ta'eefuu, seerotni COVID-19 ittisuuf ba'an kunniin seerota adeemsa falmii idilee kan fooyyeessani dha jechuun ni danda'ama. Biyya akka Faransaay keessatti ammoo qajeelfama seera falmii hariiroo hawaasaafi daldalaa, qajeelfama seera adeemsa falmii yakkaa fi qajeelfama seera falmii bulchiinsaa jedhamuun kan maqeeffamni dha.

Dhimmi biraa muuxannoo biyyootaa kana irraa baratamu COVID-19 ittisuuf jecha seerotni sekterootaan ba'an kunniin tatamsa'ina dhukkubichaa jiddu-galeessa godhachuun yeroo, yerootti ilaalamuun fooyyaa'aa kan adeeman ta'uu dha. Adeemsa kanaan baay'innii fi akkaataa dhimmoonni itti keessummaa'an dabalaa waan adeemuuf, dhaqqabamummaa tajaajila haqaa mirkaneessaa akka adeemu ni hubatama.

⁴⁷ Fakkeenyaaf, Afirkaa Kibbaatti-qajeelfama; Keeniyaa-Karoora Sektera Haqaa Keessatti Miidhaa COVID-19 Hir'isuuf Bahe (Administrative and Contingency Management Plan to Mitigate COVID-19 in Kenya's Justice Sector), Niwu Yoorkitti-Pirotokoolii Raawii Hojii Haaraa (New Operational Protocol) fi Ingiliizitti- Gaayidaansiifi Deeggarsa COVID-19 (Covid-19 Guidance & Support) jedhama.

Boqonnaa Sadii

Kenninsa Tajaajila Haqaafi Dhukkuba COVID-19: Haala Qabatama Oromiyaa

3.1. Seerota COVID-19 Ittisuu, To'achuufi Miidhaa Hordofsiisu Hir'isuuf Bahan

Akka waliigalaatti, tatamsa'ina 'COVID-19' ittisuu, to'achuufi miidhaa hordofsiisu hir'isuu ilaalchisee labsii, dambii fi qajeelfamootni ba'aniiru. Seerotni kunneenis:

- 1) Labsii Yeroo Ariifachiisaa Tatamsa'ina 'COVID-19' Ittisuu, To'achuufi Miidhaa Hordofsiisu Hir'isuuf Bahe Lak. 3/2012
- 2) Dambii Mana Maree Ministeerota Labsii Yeroo Ariifachiisaa Lakkoofsa 3/2012 Raawwachiisuu, Lakkoofsa 466/2012
- 3) Qajeelfama Koree Ministeerota Labsii Yeroo Ariifachiisaafi Labsicha Raawwachiisuuf Dambii Bahe Damee Geejjibaa Raawwachiisuuf Bahe Lakkoofsa 1/2012
- 4) Qajeelfama Koree Ministeerota Labsii Yeroo Ariifachiisaafi Dambii Labsicha Raawwachiisuuf Bahe Lakkoofsa 2/2012
- 5) Labsii Yeroo Ariifachiisa Tatamsa'ina 'COVID-19' Ittisuu, To'achuu fi Miidhaa Dhaqqabsiisu Hir'isuuf Bahee fi Dambii Labsii Kana Raawwachiisuuf Bahe Raawwachiisuuf Qajeelfama Damee Bittaa fi Gurgurtaa Lakkoofsa 3/2012 Koree Ministeerotaan Bahe
- 6) Qajeelfama Labsii Yeroo Ariifachiisaa Tatamsa'ina 'COVID-19' Ittisuu, To'achuuf, Miidhaa Dhaqqabsiisu Hir'isuuf Baheefi Labsicha Raawwachiisuuf Dambii Bahe Raawwachiisuuf Qajeelfamoota Koree Ministeerotaan Bahan Lakkoofsa 1/2012 fi 2/2012 Fooyyeessuuf Bahe; Qajeelfama Lak.4/2012

Seerota kanneen baasuun kan barbaachiseef miidhaawwan dhukkubni 'COVID-19' gama namoomaa, hawaasummaa, diinagdeefi siyaasaatiin geessisaa jiru karaa qindaa'aafi si'oomina qabuun dhaabsisuufi ittisuu; akkasumas, hubannoo uummataa uumuufi tarkaanfiiwwan of eeggannoo dursaa cimsuufi dha.⁴⁸ Daangaan raawwatinsa isaaniis guutummaa biyyattii keessatti ta'ee lammiilee biyya keenyaa ykn lammiilee biyya alaa biyya keenya keessa jiraatan ykn keessa

⁴⁸ Labsii Yeroo Ariifachiisaa Tatamsa'ina 'COVID-19' Ittisuu, To'achuufi Miidhaa Hordofsiisu Hir'isuuf Bahe Lak.3/2012 (ammaan booda, Labsii Yeroo Ariifachiisaa jedhamee ibsamu), Seensa (preamble) irraa kan hubatamu.

qaxxaamuran irratti dha.⁴⁹ Itti aansuun, daangeffama mirgootaafi tarkaanfilee, dirqamoota kaa'aman, hojiirra oolmaa (bulchiinsa) seerota kanneenii fi itti gaafatamummaa yakkaa seerota kanaa ilaalla.

3.1.1. Daangeffama Mirgootaafi Tarkaanfilee (kwt.4)

Labsiin kun mirgootni daangeffaammaniifi tarkaanfileen fudhatamuu qaban maalfaa akka ta'e hin tarreessine. Bifuma waliigala ta'een Manni Maree Ministeerota miidhaalee namoomaa, hawaasummaa, diinagdeefi siyaasaa tatamsa'ina weerarichi hordofsiisaa jiruufi hordofsiisuu danda'u hir'isuufi ittisuuf bu'uura Heera Mootummaa RDFI kwt.94 (3) (a-b)'tiin dambii baasuu akka danda'u tuma.⁵⁰ Kanaaf, dhukkubicha ittisuuf jecha mirgoota kamfaatuu daanga'e ykn tarkaanfileen fudhatamuu qaban maal fa'i? kan jedhu labsicha keessaa hin argannu. Bu'uuruma labsichi akeekkeen danbiin labsicha raawwachiisuuf bahe, danbii lak.466/2012 tarreesseera. Akka itti aanutti haa ilaallu.

A) Walgahii Gaggeessuu

Walgahii jechuun gocha kamiyyuu raawwachuuf, waliin haasa'uuf, mari'achuuf ykn gochoota kana fakkaatan raawwachuuf kanneen miseensa maatii tokkoo ta'aniin ala nama afuriifi sanaa ol ta'anii iddoo tokkotti qaamaan argamuu jechuu yommuu ta'u,⁵¹ kaayyoo kamiifuu taanaan iddoo kamittuu gochaa kana raawwachuun dhorkaa dha.⁵² Haaluma kanaan, kaayyoo amantaa ykn hawaasummaatiif; hojii mootummaa ykn siyaasaatiif ykn kaayyoo kana fakkaatu biroof iddoowwan kadhannaan itti gaggeeffamutti, dhaabbilee mootummaatti, hoteelotatti, galmoota waltajjii kamiyyuufi iddoo kamittuu walgahii gaggeessuun dhorkaa dha. Haa ta'u malee, haala addaatiin, haalonni dirqisiisoon yeroo uumamanitti koree ministeerotaan⁵³ ykn koree xixiqqaa sadarkaa naannoolee, magaalaafi aanaatti koree kanaan hundeeffamuufi bakka bu'insi

⁴⁹ Labsii Yeroo Ariifachiisaa, Kwt.3.

⁵⁰ Labsii Yeroo Ariifachiisaa, Kwt.4 (1).

⁵¹ Dambii Mana Maree Ministeerota Labsii Yeroo Ariifachiisaa Lak.3/2012 Raawwachiisuuf Bahe, Lak.466/2012 (Kanaan booda, Dambii Yeroo Ariifachiisaa jedhamee ibsamu), Kwt.2 (3); Haa ta'u malee, qabatamatti, daangeffamni kun amala hojii jiddu-galeessa kan godhate miti jedhamee komatama. Fakkeenyaaf, Abbaan Alangaa shakkamtoota afurii oli qabatee mana murtii deemuuf rakkachuu danda'a.

⁵² Dambii Yeroo Ariifachiisaa, Kwt.3 (1).

⁵³ 'Koree Ministeerota' jechuun ammoo koree Muummee Ministeera I/Aanaatiin walitti qabamuufi itti waamamni isaa Muummicha Ministeeraaf ta'ee fi baay'inni miseensota isaas Muummicha Ministeeraan murtaa'u ta'uun hojii ittisa dhibee 'COVID-19' irratti hojjechuf dambii lak. 466/2012'tiin hundaa'e jechuu dha (Kwt.5, kwt.2 (2)) Dambii Yeroo Ariifachiisaa).

kennamuuf walgahiin akka gaggeeffamu hayyamuu ni danda'a.⁵⁴ Qajeelfamni Lak.4/2012 cidhaa fi kiristinnaa kaasuuf jedhamee walgahii taasifamu ilaalchisee ifatti dhorkii kaa'eera. Haaluma kanaan, abbootii amantaa osoo hin dabalatiin namoota jaha (6) ol ta'uun sirna kiristinnaa kaasuu; namoota digdama (20) ol ta'uun sirna cidhaa raawwachu dhorkeera.

B) Harka Walfuudhuun Nagaa Walgaafachuu

Nagaa walgaafachuuf ykn kaayyoo biraa kamiifuu jecha harka walfuudhuun dhorkaa dha. Kunis karaa vaayiresichi ittiin darbuu danda'u-tuttuqqaa ittisuuf yaadamee akka ta'e ni hubatama.

C) Geejjiba

Itti fayyadama geejjibaa ilaalchisee dambichi uwwisa bal'aa keewwattoota 3(4-8) fi 3 (14-15) jalatti kenneera. Haaluma kanaan, namni tajaajila geejjiba ummataa qaxxaamura biyyaa, taaksiifi awutobisii magaalaa konkolaataa dhuunfaa fayyadamu kamiyyuu baay'ina teessoo konkolaatichaa % 50 ol namoota fe'ee socho'uun dhorkaa dha.⁵⁵ Konkolaattota abbaa miila sadiifi gaariwwan irratti konkolaachisaa osoo hin dabalatiin nama tokkoo ol; akkasumas motor-saakilii irratti konkolaachisaan ala nama biraa fe'uun dhorkameera.⁵⁶ Geejjiba baaburaa ilaalchisees baaburri salphaan magaalaa Finfinnee human kanaan dura ittiin fe'aa turee %25 ol; baaburri lafarraa Itiyoo-Jibuutii ammoo baay'ina teessoo isaa % 50 ol namoota fe'ee socho'uun dhorkameera.⁵⁷ Koreen Ministeerota kan hayyamu yoo ta'e malee karaa keellaawwan naannoo daangaatti argamaniitiin meeshaa gara biyya keessaa galchuunis ta'e biyya keessaa baasuun dhorkaa dha.⁵⁸ Namni meeshaa alatti erguu ykn biyya keessatti galchuu kan danda'u karaa kaargoo goggogaafi dhangala'aa seera qabeessa ta'eni dha.⁵⁹

Qajeelfamni Koree Ministeerota Labsii Yeroo Ariifachiisaa fi Labsicha Raawwachiisuuf Dambii Bahe Damee Geejjibaa Raawwachiisuuf Bahe Lakkoofsa 1/2012 bu'uuraan daangeffamootuma dambii keessatti tumaman dabalee kan tume dha. Haa ta'u malee, dhimmoota akka magaalaa Finfinnee keessatti itti fayyadama konkolaataa manaa (lakkoofsi dhuma gabatee guutuu fi qara ta'e), haala itti fayyadama buufataalee konkolaataa, doonii, jablaa gogaafi loojistikisii, sa'atiifi

⁵⁴ Dambii Yeroo Ariifachiisaa, Kwt. 3 (2).

⁵⁵ Dambii Yeroo Ariifachiisaa, Kwt.3 (4-6).

⁵⁶ Dambii Yeroo Ariifachiisaa, Kwt.3(6)

⁵⁷ Dambii Yeroo Ariifachiisaa, Kwt.3(7-8)

⁵⁸ Dambii Yeroo Ariifachiisaa, Kwt. 3(14-15)

⁵⁹ Dambii Yeroo Ariifachiisaa, Kwt.3 (14-15)

taarifa tajaajila geejjibaaf hayyamamee, sa'atii hojii galumsaafi ba'insa hojjettoota Mootummaa Federaalaa, Mootummaa Naannoo, Bulchiinsa Magaalaa Finfinneefi Dirree Dawaa, Hojjachiistota dhuunfaa gadi fageenyaan of keessatti hammateera. Haa ta'u malee, qajeelfamni lak.4/2012 tumaalee qajeelfama lak.1/2012 keessatti waa'ee itti fayyadama konkolaataa manaafi sa'atii galumsaafi ba'insaa hojjettoota magaalaa Finfinnee ilaallatan haqeera.⁶⁰

D) Bashannanaafi Ispoortii

Bashannanan walqabatee manneen ragadaafi manneen dhugaatii keessatti tajaajila dhugaatiifi bashannanaa akka hin kennine gochuun; iddoo kamittuu tajaajila shiishaa aarsisuufi jimaa qamaasisuu dhorkuun, tajaajila sinimaa, tiyaataraafi tajaajiloota bashannanaa biroo bakka tokkotti namoota baay'ee walitti fidan kennuu dhorkuun daangeffamoota dambichaan adda ba'ani dha.⁶¹ Akkasumas, dorgommiilee ykn sochiilee ispoortii garee gaggeessuu dhorkuun, taphoota namoota lamaafi isaa ol ta'uun ittiin taphatan iddoo uummataaf ifa ta'etti taphachuu dhorkuufi iddoowwan tapha ijoollee uummataaf ifa ta'an dhorkuun daangeffamoota mirgaa gama kanaan jirani dha.

E) Shakkamtoota ykn Sirreeffamtoota Seeraa

Sirreeffamaa seeraa ykn shakkamaa kamiyyuu qaamaan argamuun mana amala sirreessaatti ykn waajjira poolisiitti gaafachuun dhorkaa dha.⁶² Ta'us, shakkamaa waajjira poolisiitti argamu shakkamicha wajjiin qaamaan osoo wal hin qunnamiin gala geessuun ni hayyamama.⁶³ Akkasumas, shakkamtoonni abukaattoo isaanii waliin wal arguuf mirga qabu; Koomishiniin poolisii Oromiyaafi Mana Sirreessaa Oromiyaas kanaaf haala mijeessuuf itti gaafatamummaa qabu.⁶⁴

F) Dhaabbilee Tajaajila Bu'uuraa Kennan

Dhaabbileen tajaajila bu'uuraa kennan kan akka humna ibsaa, dhaabbilee bishaan dhiyeessan, Itiyoo-teelekoom, dhaabbilee fayyaa, baankiiwwan, dhaabbilee hojii dhiyeessii nyaataa wajjiin

⁶⁰ Qajeelfama lak.1/2012 keessatti konkolaataan manaa lakkoofsa gabatee guutuufi qaraa qaban irratti hundaa'ee dabaree akka ba'an ta'ee ture. Qaj.lak. 4/2012 kana kan hambise yoo ta'u, sababni itti hambises qabatamatti namoonni konkolaataa manaa qaban kan uummataafi kan ollaa fayyadamuun walitti siiqinsa cimsaa kan jiru waan ta'eef kaayyoo yaadameen ala waan ta'eefi dha.

⁶¹ Dambii Yeroo Ariifachiisaa, Kwt.3(10-12)

⁶² Dambii Yeroo Ariifachiisaa, Kwt.3(9)

⁶³ Dambii Yeroo Ariifachiisaa, Kwt.3(9)

⁶⁴ Dambii Yeroo Ariifachiisaa, Kwt.4(14)

qunnamtii qabu hojjetan, dhaabbilee hojiilee qulqullinaa hojjetan, ogeessoniifi dhaabbileen hojii ittisa balaa tasaafi ibiddaa hojjetan, dhaabbileefi qaamoni hojii eegumsaafi nageenyaan walqabatan hojjetan haala kamiiniyyuu hojii hojjechuu dhaabuu, addaan kutuu, gufachiisuufi gochoota walfakkaataa raawwachuun dhorkaa dha.⁶⁵ Kanuma wajjiin tajaajila fe'umsa goggogaafi dhangala'aa, hojii oomishaa,hojii qonnaafi hojii ijaarsaa addaan kutuun, gufachiisuun ykn hojjechuu dhabuun akka hin danda'amne tumameera.⁶⁶

G) Barnoota

Dhaabbatni barnootaa mootummaas ta'e kan dhuunfaa kamiyyuu mana barnootaattis ta'e iddoo biraa kamittuu barsiisotniifi barattoonni qaamaan walitti dhufanii hojii baruuf barsiisuu akka gaggeeffamu taasisuun ykn barsiisuun dhorkaa dha.⁶⁷

H) Kiraa manaa

Kireessitoonni mana jireenyaas ta'e dhaabbata daldalaa kamiyyuu waliigaltee kireeffataatiin yoo ta'e malee manicha akka gadilakkisu gochuu ykn daballii kiraa manaa taasisuun kan hin danda'amne ta'uu dambichi kwt.3 (18) jalatti tumeera.

I) Waliigaltee Hojii Addaan Kutuu

Dhaabbileen dhuunfaa hojjetoota bu'uura labsii hojjetaafi hojjisiisaa lak.1156/2011'tiin bulan bulchan waliigaltee hojii hojjettota hojii irra jirani sirna Ministeerri Dhimma Hojjetaafi Hawaasummaa diriirseen ala addaan kutuun dhorkaa ta'uu dambichi kwt.3 (19) jalatti tume jira.

J) Fageenya Eggachuufi Golgaa Afaaniifi Funyaanii (Maaskii) Uffachuu

Bakkeewwan ykn naannawaa tajaajilli itti kennamu kanneen akka baankii, gabaa, bakkeewwan fe'umsa geejjibaa, suuqii (dukkaanota) naannawaa gurgurtaa qorichaafi iddoowwan biroo walfakkaataa uummanni itti baay'atutti fageenya tarkaanfii nama ga'eessaa lamaa gadi ta'etti dhaabbachuunis ta'e taa'uun akka hindanda'amne dambichi dhorkeera.⁶⁸ Akkuma kana, tajaajilamtoonnis iddoowwan kanatti tajaajila argachuu yommuu dhufan golgaa afaaniifi

⁶⁵ Dambii Yeroo Ariifachiisaa, Kwt.3(25).

⁶⁶ Dambii Yeroo Ariifachiisaa, Kwt.3 (26).

⁶⁷ Dambii Yeroo Ariifachiisaa, Kwt.3 (20).

⁶⁸ Dambii Yeroo Ariifachiisaa, Kwt.3 (24).

funyaanii uffachuuf dirqama qabu.⁶⁹ Qajeelfamni lak.4/2012 garuu iddoowwan maaskii uffachuun itti barbaachisu caalatti kan bal'ise yoo ta'u, namni kamiyyuu manaan alatti iddoo kamittuu maaskii osoo hin uffatiin socho'uu dhorkeera.

K) Odeeffannoo kennuu

'COVID-19' fi dhimmoota walqabatan ilaalchisee odeeffannoo kennamu ilaalchisee dhorkawwan lama kan teechifaman yommuu ta'u, isaanis eenyu odeeffannoo kennuu akka qabuufi gosa odeeffannoo kennamu kan ilaallatani dha. Haaluma kanaan, koree ministeerotaa ykn koree dhimma kanaaf hundaa'een ala abbaan aangoo ykn ogeessi mootummaa federaalaas ta'e mootummaa naannoo ibsa kennuu hin danda'u.⁷⁰ Ta'us, dhorki kun ibsa ogummaa seerota vaayirasicha ilaalchisee bahan irratti ykn ibsoota ogeessota yaalaatiin taasifaman ykn odeeffannoo Ministeera Eegumsa Fayyaatiin guyya guyyaan kennamu hin ilaallatu.⁷¹

Haaluma walfakkaatuun, 'COVID-19' fi dhimmoota walqabatan ilaalchisee odeeffannoo hawaasni akka shorokaa'u taasisuufi hawaasa irratti dhiibbaa xiin-sammuu hin malle uumu kennuun dhorkameera.⁷² Haaluma kanaan, ogeessonni koominikeeshinii mootummaafi dhaabbileen miidiyaa 'COVID-19' fi isaan walqabatan ilaalchisee odeeffannoon kennan osoo garmalee ol hin kaafamiin ykn osoo hin salphifamiin odeeffannoo barbaachisaa uummata biraan ga'uuf rifaatuufi shororkaa hin malle kennuuf dirqama qabu.⁷³

Daangeffamni mirgootaa taasifaman kanneen armaan olitti tarreeffaman yommuu ta'u, Mana Maree Ministeerotaan ykn Koree Manni Maree Ministeerotaa kaayyoo kanaaf hundeessuun yeroo, yeroon murtaa'aa uummataaf ibsamaa akka deemu labsichumti akeekeera.⁷⁴

3.1.2. Dirqamoota Kaa'aman

Daangeffamni mirgootaa tarreeffaman kunniin haala bu'a- qabeessa ta'een hojiirra ooluuf haala dureewwan barbaadu. Haala dureewwan kunniin bifa dirqamaatiin kwt.4 (1-18) jalatti tarreeffamanii jiru. Akka itti aanutti haa ilaallu.

⁶⁹ Dambii Yeroo Ariifachiisaa, Kwt.4 (6-7).

⁷⁰ Dambii Yeroo Ariifachiisaa, Kwt.3 (16).

⁷¹ Dambii Yeroo Ariifachiisaa, Kwt.3 (17).

⁷² Dambii Yeroo Ariifachiisaa, Kwt.3 (27).

⁷³ Dambii Yeroo Ariifachiisaa, Kwt.4(10)

⁷⁴ Labsii Yeroo Ariifachiisaa, Kwt.5 (1).

A) Kuwaaraantaayiniifi kutaa addaa galuu (4 (1-3))

Namni ‘COVID-19’ akka qabu shakkame ykn imalaan addunyaa gara biyyaatti galu kamiyyuu iddoo mootummaan qopheessutti kuwaaraantaayinii⁷⁵ taa’uufi qorannoo ‘COVID -19’ taasisuuf dirqama qaba. Wayita turtii kuwaaraantaayinii baasiin barbaachisu bifa lamaan ilaalama. Haaluma kanaan, namni kuwaaraantaayinii seene sun lammii biyyaa yoo ta’e, baasiin barbaachisu mootummaan uwwifama. Namichi imalaa addunyaa gara biyyaa galu yoo ta’e ammoo ofumaaf kan uwwifatu ta’ee humna kan hin qabne yoo ta’e garuu iddoo mootummaan kaayyoo kanaaf qopheesse akka turu ta’a. Namni ‘COVID-19’⁷⁶’n qabamuun isaa mirkanaa’e kamiyyuu kutaa addaa itti baasanii tursiisuu mootummaan qopheessutti turuudhaaf dirqama qaba. Kaayyoon kutaa addaatti baasanii tursiisuu kunis namni ‘COVID-19’⁷⁶’n qabamuun isaa mirkanaa’e vaayirasicha namoota birootti akka hin dabarsine hanga vaayirasicha irraa bilisa ta’utti adda ba’ee qophaa akka turu taasisuu dha.

B) Gabaasuu ykn Beeksisuu (4 (4-5))

Dirqamni gabaasuu ykn beeksisuu yeroo imalaafi yeroo imalaan alaatti jiruun kan ilaalamu ta’ee gaaffii bu’uuraa eenyuti eenyuuf gabaasa ykn beeksisaa kan jedhu of keessaa qaba. Yeroo imalaatti, imalaan ‘COVID-19’ qaba jedhamee shakkamu yoo jiraate, namni geejjibicha oofu (sochoosaa geejjibaa) itti gaafatamaa dhiyeenyatti argamuuf, ykn itti gaafatamaa keellaa seensaafi bahiinsaa itti qubatutti ykn garee qorannoo ‘COVID-19’ taasisuuf beeksisuuf itti gaafatamummaa qaba. Namni ‘COVID-19’ qabu ykn ni qaba jedhamee shakkamuu isaa namni beeku kamiyyuu Ministeera Eegumsa Fayyaatiif ykn itti gaafatamtoota fayyaa dhiyeenya isaatti argamaniif ykn poolisiif beeksisuuf dirqama qaba.

C) Bakka Hojii Akka ‘COVID-19’ Ittisuuf Tolutti Mijeessuu (4(8-9), 4(11-13))

Ittisaafi to’aannoo dhibee ‘COVID-19’ taasisuu keessatti manneen hojii mootummaa (sadarkaa federaalaas ta’e naannoo) fi miti-mootummaa hundi haala bakka hojii mijeessuuf diqama kan qaban yommuu ta’u, kun kallattii tajaajilamtootaafi hojjettoota dhaabbileetiin ilaalamuu danda’a. Kallattii tajaajilamtootaatiin, meeshaalee qulqullinaa vaayiresicha ittisuuf gargaaran qopheessuu

⁷⁵ “Kuwaaraantaayinii” jechuun namoota COVID_19’n qabaman jedhamanii shakkaman vaayirasichaan qabamuun ykn qabamuu dhiisuun isaanii hanga mirkanaa’uutti iddoo adda akka turan godhamu jechuu akka ta’e dambiin yeroo ariifachiisaa kwt 2 (4) jalatti hiikeera.

⁷⁶ Kun hiikkoo dambicha kwt.2 (5) jalatti “Adda baasanii tursiisuu” jedhuuf kenname irraa ni hubatama.

fi tajaajilamtoonnis meeshaalee kanneenitti fayyadamuun of eeggannoo barbaachisaa taasisuu isaanii mirkaneeffachuu dha.⁷⁷ Karra galiinsaafi bahiinsaa; akkasumas, iddoowwan biroo barbaachisoo ta’anitti bishaaniifi saamunaa yoo xiqqaate harka dhiqachuu isaan dandeessisuu qopheessuun barbaachisaa dha.⁷⁸ Dabalataan, tajaajilamtoonni tajaajila argachuuf yommuu gara dhaabbilee kanneenii dhufan, iddoo tarkaanfii nama ga’eessaa lama addaan fagaatanii dhaabbatan mallattoo taasisuun dhaabbilee kanneen irraa kan eegamu dha.

Kallattii hojjetootaatiin yoo ilaalamu, hojjettoonni kutaa tokko keessatti, iddoo hojii tokkotti, ykn geejjiba tokko keessatti baay’ataniifi addaan fageenya qaamaa haala eeguu hin dandeessifne keessatti akka hin hojjenne taasisuuf dabaree hojii barbaachisaa, haala hojjettoonni mana taa’anii itti hojjetan ykn boqonnaa fudhachuun gara hojii akka hin dhufne ta’anfi tajaajila geejjibaa bakka hojii itti deemaniifi galan mijeessuu kan barbaadu dha.⁷⁹

D) Dirqama Deeggersa Kennuu

Dirqamni deeggersa kennuu bifa sadiin: deeggersa qabeenyaa, deeggersa ogummaa fi deeggersa lammummaan ibsamuu danda’a. Haaluma kanaan, abbaan qabeenya manaa, hoteelaa, appartaamaa, konkolaataa, galmaa ykn abbaan qabeenyaa kamiyyuu qabeenyichi tatamsa’ina ‘COVID-19’ ittisuu, to’achuufi miidhaa hordofsiisuu danda’u xiqqeessuuf kan gargaaru ta’ee mootummaan (Koreen Ministeerotaa) yoo barbaade deeggersa gochuuf dirqama akka qabu dambicha kwt.4 (15) jalatti tumeera. Haaluma walfakkaatuun, abbaan ogummaa fayyaa ykn ogummaa biraa hojiirra jiru ykn soorama bahe ykn barumsa irra jiru tokko hojii kana ogummaa isaatiin akka deeggaruuf yoo barbaadame deeggersa ogummaa kennuuf dirqama qaba.⁸⁰ Dabalataan, namni lammiidhaan Itoophiyaa ta’e tokko dhimma kana ilaalchisee deeggersa yoo gaafatame deeggersa taasisuuf dirqama lammummaa akka qabu dambichi keewwatuma 4 (18) jalatti tumeera.

E) Tajaajila Hoteelaa (4 (17))

Hoteelonni tajaajila yoo kennan, meeshaalee qulqullinaa kanneen akka bishaaniifi saamunaa harka ittiin dhiqatan dhiyeessuu; tajaajilamtoonnis harka dhiqachuu isaanii mirkaneeffachuuf

⁷⁷ Dambii Yeroo Ariifachiisaa, Kwt.4 (8-9)

⁷⁸ Dambii Yeroo Ariifachiisaa, Kwt.4 (8-9) fi 4 (11)

⁷⁹ Dambii Yeroo Ariifachiisaa, Kwt.4 (12-13)

⁸⁰ Dambii Yeroo Ariifachiisaa, Kwt.4 (18)

dirqama qabu. Akkasumas, minjaalota, teessoowwaniifi meeshaalee biroo maammiltoonni erga fayyadamanii booda, meeshaalee vaayirasicha ittisuuf gargaaran kanneen akka saanitayizeriifi alkooliin yaaluu akka qaban dambichi ni dirqisiisa.

F) Dhaabbilee Oomishaa (4 (16))

Dhaabbileen oomishaa tatamsa'ina 'COVID-19' ittisuu, to'achuufi miidhaa hordofsiisu hir'isuuf tattaaffii taasifamu keessatti tajaajila barbaachisu akka kennu,tajaajilicha akka babal'isu,oomisha akka oomishu,hanga oomisha oomishamuu akka dabalu,gosa oomisha haaraa akka oomishu,oomisha isaa gatii madaalawaa mootummaan murteessuun mootummaaf,shamattootaaf ykn waldaalee hojii gamtaatiif akka gurguru Koree Ministeerotaatiin ykn qaama mootummaa korichi bakka bu'ummaa kenneefiin ajaja kennamuuf hojiirra oolchuuf dirqama qaba.

3.1.3. Hojiirra Oolmaa Seerota 'COVID-19'

Hojiirra oolmaa ykn itti gaafatamummaa labsicha raawwachisuu ilaalchisee dhimmoonni labsichumaan akeekaman kan jiran⁸¹ yommuu ta'u, koree hundeessuufi sirna itti gaafatamummaa yakkaa mirkaneessuun keessatti argamu.

A) Hundeeffama Koree

Manni Maree Ministeerotaa Koree 'COVID-19' kan hundeessuu ta'uu labsichi kwt 5 jalatti ni tuma. Gaheen Koree kanaa haala tarreeffama daangeffama mirgootaafi tarkaanfilee Mana Maree Ministeerotaan ykn Koree Manni Maree Ministeerotaa kaayyoo kanaaf hundeessuun yeroo, yeroon murtaa'u uummataaf ifa gochuu dha.⁸² Koreen Ministeerotaa Dambii Mana Maree Ministeerotaa Labsii Yeroo Ariifachiisaa Lak.3/2012 Raawwachiisuuf Bahe Lak.466/2012'dhaan hundaa'eera. Walitti qabaan korichaa Itti-Aanaa Muummicha Ministeeraaf yommuu ta'u, itti waamamni korichaa Muummicha Ministeeraatiifi dha. Baay'inniifi miseensonni Koree Ministeerotaa Muummicha Ministeeraan kan murtaa'u dha. Haaluma kanaan, korichi:

⁸¹ Fakkeenyaaf, qajeelfamaafi ajaja seera-qabeessaa bu'uura labsichaan kennamu fudhachuun hojiirra oolchuun dirqama ta'uu; fi qaamoleen seera kabachiisoo sadarkaa federaalaafi naannootti jiran humna madaalawaa fayyadamuun daangeffamoota mirgaafi tarkaanfilee raawwachiisuu kan danda'an ta'uu labsicha kwt. 5 jalatti ibsameera.

⁸² Labsii Yeroo Ariifachiisaa, Kwt.5 (1)

- a) Ministeera Nageenyaa
- b) Muummicha Abbaa Alangaa Waliigala Federaalaa
- c) Ministeera Ministeera Kalaqaafi Teekinoolojii
- d) Ministeera Ministeera Dhimma Alaa
- e) Ministeera Ministeera Raayyaa Ittisa Biyyaa irraa kan ijaarame dha.⁸³

Miseensonni korichaa kanneen olitti ibsaman ta'us, korichi qaamolee seera kabachiisaniifi kanneen rogummaa qaban biro (koomishinoota Poolisii Federaalaafi Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee, Tajaajila Odeeffannoofi Tika Nageenya Biyyaalessaa, Ejensii Tika Qunnamtii Odeeffannoo, Giddugala Intelejeensii Artifishaalaa hirmaachisuufi ergama kennuu akka danda'u qajeelfamni Koree Ministeerota Labsii Yeroo Ariifachiisaa ni ibsa.⁸⁴

Aangoofi gaheen hojii Koree Ministeerota Dambicha keessatti kan ibsame yommuu ta'u, akka waliigalaatti:

- *Tatamsa'ina 'COVID-19' ittisuu, to'achuufi miidhaa hordofsiisu hir'isuuf hojii hojjetamu ol'aantummaan hoogganuu, qindeessuu;*
- *Odeeffannoofi ragaa barbaachisaa sassaabuu, qaaccessuufi kana irratti hundaa'uun tarkaanfii barbaachisaa fudhachuu;*
- *Koreewwan xixiqqaa adda addaa sadarkaa federaalaa, naannoo, magaalaa fi aanaatti of jalatti hundeessuu; odeeffannoo, ragaafi bobbii hojii barbaachisaa kennuu; gabaasa raawwii gamaaggamuu; kallattii kaa'uu*
- *Dhorkawwaniifi dirqamoonni dambii keessatti ibsaman akkaataa hafuu itti danda'an murteessuun hawaasa biraan ga'uu*
- *Tatamsa'ina 'COVID-19' ittisuufi to'achuu keessatti dhorka dabalataa kaa'uun barbaachisaa yoo ta'e dambii qopheessuun Mana Maree Ministeerotaaf dhiyeessuun akka ragga'u gochuu*
- *Sirna walgahiifi tarreeffama hojimaata koree qajeelfamaan murteessuu*

⁸³ Kwt. 5 (1), Qajeelfama Koree Ministeerota Labsii Yeroo Ariifachiisaafi Dambii Labsicha Raawwachiisuuf Bahe Lak.2/2012

⁸⁴ Kwt.5 (2-3), Qajeelfama Koree Ministeerota Labsii Yeroo Ariifachiisaafi Dambii Labsicha Raawwachiisuuf Bahe Lak.2/2012

- *Naannoleefi bulchiinsa magaalotaaf gurmaa'insoota walfakkaatoof qajeelfama hojii kennuu; bakka bu'ummaa kennuu danda'uu dha.*⁸⁵

Hojiirra oolmaan walqabatee qaphxiin biraa labsichi hamate beeksisuu dha. Haaluma kanaan, Waajjirri Muummicha Ministeeraafi Abbaan Alangaa waliigalaa daangeffama mirgootaafi tarkaanfilee bu'uura labsii yeroo ariifachiisaan tumaman ilaalchisee karaa miidiyaalee sab-qunnamtii uummataaf dhaqqabamoo ta'anii ifa gochuu qabu.⁸⁶ Miidiyaaleen sab-qunnamtii dhuunfaa, mootummaafi hawaasaa tamsaasa naannawaa, naannoos ta'e biyyoolessaa qabanis ibsoota kennaman, balbaloovina walqabatoofi ergaawwan kaffaltii malee afaan dhaabbatni miidiyichaa hojjetu hundaan tamsaasuuf dirqama qaba.⁸⁷ Kun ammoo qabiyyee labsichaafi labsicha bu'uureffachuun seerota biroo ba'an ilaalchisee hubannoo gahaa uumuuf gahee ol'aanaa akka qabu beekamaa dha.

B) Itti gaafatamummaa Yakkaa (kwt.6)

Labsiin Yeroo Ariifachiisaa Tatamsa'ina 'COVID-19' Ittisuu, To'achuufi Miidhaa Hordofsiisu Hir'isuuf Bahe Lak.3/2012 itti gaafatamummaa yakkaa tumeera. Haaluma kanaan, namni daangeffamoota mirgaa, tarkaanfilee, qajeelfama kenname ykn ajaja bu'uura labsichaatiin kenname darbe hidhaa salphaa waggaa sadii gahuun ykn adabbii maallaqaa qarshii kuma tokkoo hanga kuma dhibba lamaa gahuun adabama.⁸⁸ Adabbii kanas Abbaan Alangaa Waliigalaa Federaalaafi bu'uura bakka bu'ummaa Abbaan Alangaa Waliigala Federaalaa kennuun Abbootii Alangaa Naannoo ykn qaamoleen gita kanaan jiran kan raawwachiisan ta'a.⁸⁹ Manneen murtii sadarkaa federaalaas ta'e naannolee jiran dhimmoota labsii yeroo ariifachiisaa wajjiin walqabatee dhiyaatan kanneen akka gochoota yakkaa oomisha dhoksuufi gatii dabaluu, meeshaalee waraanaa seeraan ala naannessuufi sochii kontroobaandii ilaalchisee dhaddachoota murtii ariifachiisaa kennan qopheessuuf itti gaafatamummaa qabu.⁹⁰ Dhimmoota hariiroo hawaasaa guutummaattis ta'e gar-tokkeen keessummeessuu dhiisuu akka danda'anis dambichi ni

⁸⁵ Dambii Yeroo Ariifachiisaa, Kwt.5 (2)

⁸⁶ Labsii Yeroo Ariifachiisaa, Kwt.7 (1).

⁸⁷ Labsii Yeroo Ariifachiisaa, Kwt.7 (2).

⁸⁸ Labsii Yeroo Ariifachiisaa, Kwt. 6 (1) .

⁸⁹ Labsii Yeroo Ariifachiisaa, Kwt. 6 (2)

⁹⁰ Dambii Yeroo Ariifachiisaa, Kwt.6(2)

akeeka.⁹¹ Kun ammo dhimmoota yakkaa seerota ‘COVID-19’ ilaalchisee tumaman haala bu’a qabeessa ta’een keessummeessuuf akka isaan dandeessisuuf yaadamee akka ta’e ni hubatama.

Akka waliigalaatti, muuxannoo biyyoota biroon walbira qabamee yoo ilaalamu, seerotni ‘COVID-19’ qaama waalta’e (jiddu-galeessa tokko) irraa kan maddani dha jechuun ni danda’ama. Muuxannoon jiru kan agarsiisu hidhi seera waliigalaa (Legal Framework) akka biyyaatti erga ba’ee booda, manneen hojii (sekteroonni) akkaataa haala qabatama isaaniitiin seerota baasuu, fooyyeessuu, ykn haquu danda’u. Sadarkaa tatamsa’ina ‘COVID-19’ biyyoota alaa irraa kaanee yoo ilaallu, adeemsi kun si’oominaan murtii kennuuf kan dandeessisu waan ta’eef, filatamaa akka ta’e hubachuun ni danda’ama. Akka biyya keenyaatti garuu, labsiifi dambii ‘COVID-19’ hojiirra oolchuuf aangoon qajeelfama baasuu kan kennameef sekterootaaf osoo hin taane Koree Ministeerotaafi dha. Qaamolee haqaa keessaa qajeelfama ofiisaa baafachuun hojjechaa kan jiru Mana Murtii Waliigalaa qofa. Haa ta’u malee, fedhiifi haalli qabatamaa qaamolee haqaa akkaataa barbaadamuun qajeelfama Koree Ministeerotaan ni keessummaa’a jechuuf nama rakkisa.

3.2. Seerota COVID-19: Kallattii Qajeeltoo Mirga Namoomaan Yoo Madaalaman

Labsiin yeroo ariifachiisaa yommuu labsamu qajeeltoowwan bu’uuraa irratti hundaa’u ni qaba. Qajeeltoowwan bu’uuraa kunninii fi ibsi isaanii gabaabinaan akka itti aanutti dhiyaateera.

1. **Qajeeltoo seerummaa:** labsiin yeroo ariifachiisaa bu’uura seeraa qabaachuu danda’uu kan agarsiisu yommuu ta’u, keessattuu yakka jedhamee tumame haala ifaafi waan yaadameen ala hin taanetti dhiphatee hiikamuu akka qabu qajeeltoo ibsu dha.
2. **Qajeeltoo barbaachisummaa:** akka qajeeltoo kanaatti labsiin yeroo ariifachiisaa tokko barbaachisaa dha kan jedhamu seera idileetiin rakkoo uumame maqsuun kan hin danda’amne yoo ta’e dha.⁹²
3. **Qajeeltoo madaalawummaa:** rakkoo mudatee jiru hanga maqsuun danda’amutti tarkaanfii wwan fudhatamuu qaban kan agarsiisu ta’ee raawwiin isaa mirgoota daanga’uu danda’aniifi

⁹¹ Dambii Yeroo Ariifachiisaa, Kwt.6 (4)

⁹²The Siracusa Principles on the Limitations and Derogation Provisions in the International Convention on Civil and Political Rights, UN Doc. E/CN.4/1984/4 (1984), adopted by the UN Economic and Social Council in 1984, kwt.2 (c).

daanga'uu hin dandeenye ilaallata.⁹³ Madaallin isaas yeroon (temporal scope), bakkaa (geographic proportionality) fi qabiyyeeni (material proportionality) dha.

4. **Qajeeltoo mirgoota hin daangeffamnee:** raawwatinsi qajeeltoo madaalawummaa yeroo labsii ariifachiisaatti mirgoota daanga'uu danda'an qofa irratti osoo hin taane warreen daanga'uu hin dandeenyes kan dabalatu dha. Kanaafis sababni, qajeeltoo mirgoonni namoomaa addaan kan hin qoqqoodamneefi waldeeggarani dha jedhu akka ta'e ni tilmaamama.
5. **Qajeeltoo walqixxummaa:** garaagarummaa amantaa, sanyii, umrii, ilaalchaafi kkf irratti osoo hin hundaa'iin seera fuulduratti walqixa ilaalamuufi eegumsa seeraa walqixa argachuu ilaallata.
6. **Qajeeltoo bakka bu'aa uummataan to'atamuufi hordofamuu:** yeroo labsii ariifachiisaa qaama raawwachiiftuun aangoo mootummaa hedduu harkatti galfachuun tarkaanfilee fudhatamuu malan fudhachuun rakkoo mudate furuuf yaala. Kun ammoo sarbama mirga namoomaaf carraa bal'aa uuma. Kanaaf, tarkaanfiin fudhatamu kaayyoo barbaadameef ala akka hin taaneefi ta'ee yoo argame ammoo tarkaanfiin sirreeffamaa akka fudhatamuuf qaamni to'atuufi hordofu jiraachuu qaba.

Qaphxiin xiinxala barbaadu seerotni COVID-19 akka biyya keenyaatti hojiirra jiran ija qajeeltoowwan kanniin yoo madalaman maal fakkaatu kan jedhu dha. Kana ilaalchisuun Manni Hojii Abbaa Alangaa Waliigala Federaalaa qorannoo⁹⁴ gaggeessee kan ture yoo ta'u, kanneen armaan gadii argannoowwan qorannichaati.

- Qajeeltoo seerummaatiin yoo ilaalle, heerri mootummaa RDFI akkaataa labsiin yeroo ariifachiisaa labsamuu itti danda'u kwt.93 jalatti tumee waan jiruuf gama kanaan rakkoon hin jiru. Haa ta'u malee, dambiin labsii yeroo ariifachiisaa raawwachiisuuf bahe lak.466/2012 kwt.6 (1) jalatti hojiirra oolmaa seerota adeemsaa hunda waan daangesseef

⁹³Heera Mootummaa RDFI, Kwt.93 (4) (b) fi Yaada Furmaata Waliigalaa Mootummoota Gamtoomanii Lak.29, kwt.6.

⁹⁴የኮቪድ_19 ስርዓትን ለመከላከል፣ ለመቆጣጠር እንዲሁም የሚያስከተለውን ጉዳት ለመቀነስ የወጣውን አዋጅ፣ ደንብ እና መመሪያዎች ላይ የተደረገ የዳሰሳ ጥናት፣ በዓለም አቀፍ የሰብአዊ መብቶች መርሆዎች ላይ የተመሰረተ(በፌደራል ጠቅላይ ዐቃቤ ሕግ የሰብአዊ መብት የድርጊት መርሆ-ግብር ጽ/ቤት ሐምሌ 2012 ዓ.ም) Argannoowwan kunniin qorannicha FF23-26 irraa argachuun ni danda'ama.

seerummaa irratti gaaffii kaasuu mala. Sababni isaa, qajeeltoowwan labsiin yeroo ariifachiisaa hordofuu qabu keessaa tokko madaalawummaa dha. Qajeeltoon kun mirgoota daangeffaman qofa osoo hin taane warreen hin daangofne irrattis raawwatinsa ni qaba. Mirgootni labsii yeroo ariifachiisaatiin daanga'uu hin dandeenye kan kabajaman seerota adeemsa idileetiini dha. Seerotni adeemsa hundi kan daangeffaman yoo ta'e garuu, adeemsi ittiin kabachiifnu hin jiraatu.

Akkasumas, dambichi kwt.3 (27) jalatti, *COVID-19 fi dhimmoota walqabatan ilaalchisee odeeffannoo hawaasni akka shororkaa'u taasisuufi hawaasa irratti dhiibbaa xiinsammuu hin malle uumu kamiyyuu tamsaasuun dhorkaa dha jedhamee*; akkasumas, kwt. 4(10) jalatti *ogeessoni koominikeeshinii mootummaafi dhaabbileen mootummaa COVID-19 fi dhimmoota walqabatan ilaalchisee odeeffannoowwan, ibsooni oduu ykn sagantaawwan isaan tamsaasan otoo garmalee ol hin kaafamiin ykn otoo hin salphifamiin odeeffannoo barbaachisaa uummata biraan ga'uufi rifaatuufi shororkaa hin malle kan hin uumne ta'uu qaba jedhamee dirqamni gatame dambicha keessatti kan hin hiikamneefi iftoominni kan isa hanqatu waan ta'eef, ija qajeeltoo seerummaatiin yoo ilaalaman hanqina akka qaban hubachuun ni danda'ama.*

- Qajeeltoowwan barbaachisummaatiin yoo ilaalle, seerotni kunniin weerara COVID_19 to'achuuf gorsa dhaabbilee fayyaa akka idila addunyaafi akka biyyaatti jiran irratti hundaa'uun kan ba'an, akkasumas, seera idilee jiru fayyadamuun rakkoo kana furuun kan hindanda'amne ta'uufi haala qabatama jiru jiddu-galeessa godhatee kan ba'e waan ta'eef, barbaachisummaan isaa gaaffii keessa kan hin galled ha.
- Qajeeltoo madaalawummaatiin seerotni COVID-19 yoo madaalaman yeroo, bakkaafi qabiyye ilaalla. Haaluma kanaan, labsiin yeroo ariifachiisaa turtii ji'oota shaniifi guutummaa biyyattii keessatti kan labsame waan ta'eef, yeroofi bakkaan madaalawaadha jechuun ni danda'ama. Qabiyyeedhaan yoo ilaalaman garuu, hanqinoota armaan gadii qabu:
 - Raawwatinsa sirna amantaa ilaalchisee namoonni 12 kan ramadaman ta'uu, namoonni kunniinis kan wal hin jijjiirreefi dhaabbilee amantaa keessa kan turaniifi dhiyeessiin jiraachuuf isaan barbaachisu dhaabbilee amantaan kan guutamu

ta'uu, namoonni biroo mana amantaa sana seenaanii sirnicha hordofuu kan hin dandeenye ta'uufi mana taa'anii TV fi Raadiyoon kan hordofan tumuun⁹⁵ filannoo dhumaa waan hin taaneef; akkasumas, TV fi Raadiyoo namoonni qaban meeqa akka ta'eefi namni 12 gosa amantaa kamiif barbaachisa kan jedhu tilmaama keessa kan hin galchine waan ta'eef madaalawaa miti.

- Dambichi seerota adeemsa biraa akka filannootti bakka hin keenyetti seerota adeemsa falmii hunda daangessuun isaa mirgoota yeroo labsii ariifachiisaa daanga'uu hin dandeenye kabachiifachuuf rakkoo waan ta'uuf, qajeeltoo madaalawummaa wajjiin kan deemu miti. Qajeeltoo biraa adeemsa seeraa eeguu (due process of law) kan jedhu wajjiinis walitti kan bu'u dha.
 - Sirreeffamaa seeraa ykn shakkamaa kamiyyuu qaamaan argamuun mana amala sirreessaatti ykn waajjira poolisiitti gaafachuun dhorkaa dha.⁹⁶ Kan hayyamame shakkamaa waajjira poolisii jiruuf galaa geessuu; akkasumas, shakkamtoonni abukaattota isaanii waliin wal arguu dha. Kana jechuun, maatiin shakkamtootaas arguu hin danda'an jechuu dha. Haa ta'u malee, qaamaan osoo wal hintuqiin akkaataa shakkamtoonni maatii isaanii wajjiin wal arguu itti danda'an mijeessuun waan danda'amuuf guutummaatti dhorkuun tarkaanficha madaalawaa hin taasisu.
- Qajeeltoo mirgoota hin daangeffamneen yoo ilaalaman seerotni COVID-19 seerota idila addunyaa kanneen akka Koonvenshinee Mirgoota Siiviliifi Siyaasaa (ICCPR) wajjiin gargaagarummaa qaba. Mirgootni akkaataa sanada mirgoota idila addunyaatti daanga'uu hin qabne seerota COVID-19'n daanga'anii jiru. Haa ta'u malee, Itoophiyaan sanadoota idila addunyaa kana waan mallatteessiteef bu'uura Heera Mootummaa RDFI kwt.9 (4) fi 13 (2)'tiin akka qaama seera biyyattiitti ilaalamu. Kanaaf, walitti bu'insi akka jiru hubachuun ni danda'ama.
 - Qajeeltoo walqixxummaa ilaalchisee labsii yeroo ariifachiisaas ta'e dambiin labsicha raawwachiisuuf ba'e garaagarummaa osoo hin uumiin namoota hunda irratti raawwatinsa kan qabu akka ta'e ni hubatama. Waan ta'eefuu, seerotni COVID-19 qajeeltoo kana jiddu-galeessa godhatanii kan ba'ani dha.

⁹⁵Qajeelfama Labsii Yeroo Ariifachiisaa Tatams'ina 'COVID-19' Ittisuuuf, To'achuu fi Miidhaa Hordofsiisu Hir'isuuf Bahee fi Dambii Labsicha Raawwachiisuuf Bahe Raawwachiisuuf Koree Ministeerotaan Bahe, Qajeelfama Lak.2/2012, kwt.17

⁹⁶Dambii Yeroo Ariifachiisaa, Kwt.3 (9).

3.3. Hojiirra Oolmaa Seerota COVID-19

3.3.1. Manneen Murtii Oromiyaa Keessatti

Dhibee ‘Covid-19’ ittisuu, too’achuu fi dhiibbaa akka addunyaa, biyyaa fi naannoo keenyatti dhaqqabsiisuu danda’u xiqqeessuun tajaajila A/Seerummaa itti fufiinsaan kennuun walqabatee haala qabatamaa Manneen Murtii naannoo keenyaa keessa jiru ragaalee roga adda addaatiin (bifa afgaaffii, daawwannaa fi sakatta’iinsa seerota, sanadoota adda addaa fi muuxannoo biyyoota birootiin) walitti qabaman giddu-galeessa godhachuudhaan xiinxala gaggeeffameen tarkaanfiwwan fudhataman fi kaayyoo tarkaanfiwwan kanaa, cimina fi hanqina, milkaa’ina, rakkoolee gara fuula duraatti quunnamuu danda’an fi tarkaanfiwwan tarsiimawaa fudhatamuu danda’an gabaabbinaan haala armaan gadiitiin argisiisuuf kan yaalamu ta’a.

tarkaanfiwwan fudhataman, akka waliigalaatti, kaayyoo guguddoo sadi irratti akka xiyyeeffatan hubatama. Kaayyoon inni jalqabaa wareericha ittisuu fi tatamsa’ina isaa too’achuu yoo ta’u kaayyoon inni lammataa tarkaanfiwwan kanaa ammoo hawaasa Mana murtiis ta’ee uummata tajaajila barbaacha gara mana murtii dhufan dhibee kana irraa eegudha. Kaayyoon inni sadaffaan ammoo tajaajila Mana Murtii itti fufsiisuun hawaasni tajaajila haqaa akka argatu gochuudha. Qajeelfamni Gumii Bulchiinsa Abbootii Seeraa Oromiyaatiin bahe fi qaboowwan yaa’ii adda addaa yaadama kana kan dhugoomsan yoo ta’u namoonni afgaaffiin taasifameefis yaada isaanii yommuu ilaallus kanuma raga baha.

3.3.1.1. Tarkaanfiwwan Ittisa Wareera Vaayirasichaan Walqabatan

Hawaasa Mana Murtii fi tajaajilamtoota miidhaa dhibee kanaa irra gahuu danda’u irraa eeguuf jecha፣ akkasumas sochii akka naannoo fi biyyaatti wareera vaayirasii kanaa ittisuuf taasifamaa jiru keessatti qooda ofii bahuuf guyyaa wareerri vaayirasichaa akka biyyaatti yaaddoo ta’erraa kaasee sadarkaa manneen murtii naannichaatti tarkaanfiwwan ittisaan walqabatan hunda-galeessaa ta’an fudhatamaa turaniiru. Kanneen armaan gadii tarkaanfiwwan qixa kanaan fudhataman keessaa isaan guguddoodha:

Jalqaba irratti tarkaanfilee fudhataman keessaa tajaajila manneen Murtii naannichaa bu'uura labsii yeroo ariifachiisaatiin⁹⁷ cinaadhaan cufaa taasisuu yoo ta'u tajaajilawwan abbaa seerummaa daraan barbaachisoo ta'an qofa adda baasudhaan akka kennaman gochuudhaan kanneen ariifachiisaa hin taane yeroof akka turan taasifameera. Kana gochuun ammoo abbootiin dhimmaa mooraa mana murtiitti akka hin baay'anne gochuudhaan tatamsa'inni vaayirasichaa akka hin hammaanne gochuu keessatti qooda guddaa akka qabus hubatama. Dhimma kana ilaalchisee qajeelfamni hojiitis kan bahee fi kallattiinis kan kaa'amaa ture yoo ta'u, bal'inaan boodarra kan ilaallu ta'a.

Qaamolee mootummaa biroo waliin walitti-dhufuudhaan marii taasisuunis tarkaanfilee fudhataman keessatti kan kufu yoo ta'u, keessattuu qaamolee haqaa naannichaa fi qaamolee dhimmi ilaallatu biro waliiniis tarsiimoo tatamsa'inni vaayirasichaa itti daangeffamuu danda'u irratti kallattiin kaa'amaa tureera. Sa'aan hojii Abbootii Seeraa fi hojjettootaa dabareedhaan akka ta'u taasisuu, ogeessonni amala hojii isaanii irratti hundaa'uudhaan mana taa'anii akka tajaajila kennan gochuu, akkasumas dubartoonni ulfi, hojjettoonni umuriin isaanii deeme fi kanneen dhukkuba biro qaban boqonnaa akka fudhatan taasisuu, hanga danda'ametti hojjettootaaf tajaajila geejjibaa mijeessufii, hanga humni hayyametti meeshaaleen qulqullinaa kan akka golga afaanii fi funyaanii, saanitaayizerii, saamunaa fi bishaan dhiqannaa harkaa akka mijatu gochuun danda'ameera. Tarkaanfiwwan fi qajeelfamoota ittisa wareerichaa ilaalchisee gama ogeessota fayyaatiin kennamu fi akka waliigalaattis maanuwaalii ittisa fi too'annaa wareerichaan walqabatee qophaa'e irratti hawaasa keessaa fi abbootii dhimmaatiif hubannoon akka uumamu gochuun danda'ameera. Abbootiin dhimmaa tajaajila barbaacha gara mana murtii dhufanis akka walitti baay'atanii mooraa mana murtii hin seenne gochuun gamatti harka isaanii dhiqatanii akka seenan bishaan fi saamunaan akka qophaa'uuf taasifamee jira. Yommuu tajaajilli kennamuufis of eeggannoo cimaa akka taasisan taasifamaa tureera. Haata'u malee meeshaaleen qulqullinaa dhihaachaa turan gahaa akka hin taane sagalee walfakkaatadhaan namoota gaaffiin taasifameef irraa hubachuun danda'amee jira.

⁹⁷ Dambii labsii yeroo ariifachiisaa hojiirra oolchuuf bahe lak. Kewt. 6 ilaaluun ni danda'ama.

A) Tajaajila Abbaa Seerummaa Itti fufsiisuu Ilaalchisee

Tarkaanfiin gama Kanaan fudhatames kenniinsi tajaajila abbaa seerummaa hanga danda'ametti akka guutumaan guututti hin gufanne fi rakkuma kana keessatti akkaataa itti hojjetamuu danda'u irratti xiyyeeffatamee kan hojjetamaa ture yoo ta'u tarkaanfileen guguddoon gama Kanaan fudhatamaa turan kanneen asiin gadii dabalatu:

Jalqaba irratti yeroo turban lamaatiif Abbootii Seeraa deddeebisuun barbaachisaa waan hin turreef, gama birootiin ammoo abbootiin seeraas hojiin ala akka hin taane fi kuufamni dhimmaa akka hin uumamne barbaadamee Abbootiin Seeraa dhimmoota murtiif bulan gara mana isaanitti fudhachuudhaan akka qoratan fi murteessan gochuun danda'ameera.⁹⁸

Gama birootiin, murtiiwwan darban, haala kenniinsa tajaajilaa fi kenniinsa beellamaa ilaalchisee abbootiin dhimmaa gara mana murtii dhufuun osoo hin barbaachisin karaa weebisaayitii mana murtichaa, fuula 'facebook' tiin fi miidiyaatti fayyadamuudhaan hojiin murtiiwwan kennaman abbaa dhimmaaf beekssisuu fi haala waliigalaa tarkaanfiwwan fudhatamanii gurra hawaasatiin gahuu hojjetamaa tureera. Labsii yeeroo ariifachiisaa giddu-galeessa godhachuudhaan dhimmoota xiyyeeffannoo addaatiin yeroo tatamsa'ina dhibee kanaa keessatti hojjetamuu qaban addatti qajeelfama Gumiin baasen murteessuun danda'ameera.⁹⁹

Bu'uura qajeelfama kanaatinis dhimmoota hariiroo hawaasaa baayyee murteessoo ta'an kan akka falmii maatii, gaaffii qallabaa, falmii hojjataa fi hojjachiisaa ilaaluun murteessuun akka danda'amu ifatti kaa'amee jira. Dhimma yakkaatinis walqabatee, yakka labsii yeroo arifachiisaa cabsuun raawwatame, yakka dinagdee biyyaa fi nageenyaan wolqabatu, yakkoota dubartootaa fi daa'imman irratti raawwataman fi dhimmoota uumama isaaniitiin ariifachiisoo ta'an (yeroo beellamaa, Mirga wobii, kkf) akka ilaalaman ta'ee jira. Dhimmoonni yakkaa shakkamtoonni too'annaa polisii jala jiran fi shakkamtoonni yakkaan himatamanii mana sirreessaa jiranii xiyyeeffannoo akka argatee keessummeeffamu qajeelfamicha keessatti ifatti kaa'amee jira. Muuxannoon biyya biraa jirus akka argisiisutti tajaajilli mana murtiin kennamu dhimmoota xiyyeeffannoo barbaadan irratti akka fuulleffachuu qabu argisiisa. Muuxannoowwan ilaalaman keessatti dhimmoonni yakkoota daa'imman fi dubartoota irratti raawwataman fi mirgoota wabii

⁹⁸ Kallattiin kun tatamsa'inni vaayirasichaa biyya keenya keessatti yaadessaa ta'uun isaa erga hubatameen booda Gumiin Bulchiinsa Abbootii Seeraa tarkaanfii fudhateen kan murtaa'edha.

⁹⁹ Qajeelfama lak. 11/2012 ilaaluun ni danda'ama.

ilaallatan akkasumas qallabaan walqabatan bifa walfakkaatuun xiyyeeffannoo argatanii akka keessummeeffamaa jirani dha.¹⁰⁰

Gama birootiin, tajaajilli Abbaa Seerummaa cinaadhaan kennamus abbootiin dhimmaa tajaajila akka kennaman adda bahanii jiraniin ala tajaajila dhimmoota birootiin walqabatan barbaacha akka gara mana murtii dhufaa jiran afgaaffii taasifameen adda baafachuun danda'ameera. Namoota gaaffiin taasifameef keessaa 37.28% kan ta'an dhimmoonni kun yeroo baayyee akka dhihaatan kan ibsan yoo ta'u, kanneen 42.37 ta'an ammoo dhimmoonni kun darbee darbee akka dhihaatan kaasaniiru. Dhimmoonni dhihaatan kunis dhimmoota waliigaltee bu'uura godhachuun dhiyaatan keessattuu daldalaan kan walqabatan, raawwii murtii, dirqama wabummaa ofirraa buusuu ykn maallaqa wabummaan qabame deebifachuu, dhorka, dhaaltummaa, falmii qabiyyee, jeequmsa, falmii qabeenya ,gaaffi beenyaa miidhaa qaama, oli'yyannoo,garagalcha murtii fi ajaja gaafachuu, dhimmoonni falmiirra jiran fi falmiin isaanii akka itti fufu, guyyaa beellama isaanii baruu fi kkf akka ta'e namoota afgaaffiin taasifameef irraa hubatameera. Namoota afgaaffiin taasifameef keessaa 32% gaaffileen aabbootii dhimmaa irraa dhihaatan muddamsiiso akka ta'e kan mirkaneessan yoo ta'u, abbootiin dhimmaa garuu dhimmi isaanii hundi akka ilaalamuuf kan barbaadan ta'uu isaatis namootuma afgaaffiin taasifameef kanneen irraa hubachuun danda'ameera.

Hanga danda'ametti meeshaalee teekinoolojii hammayyaatti fayyadamuudhaan tajaajila fageenya irraa mana sirreessaa keessatti fi iddoo vidiyoo konfaransiin jirutti kennuuf sochiin fi tattaaffiin taasifamaa tureera.¹⁰¹ Meeshaaleen teekinoolojii kunneen sadarkaan qophaa'ina isaanii hanqina kan qabu waan ta'eef tajaajila guutuu kennuu irratti akka hanqina qabutu ka'a. Kanaafuu, meeshaalee kanneen guutuu fi iddoo jirutti garuu tajaajila hin kenninettis akka sirreeffamni barbaachisaan taasifamuuf akkasumas filannoowwan biro kan akka 'Zooming' fayyadamuunis gorfamaa ta'a. Kana malees shakkamtoota mana sirreessaa keessa jiran dhimma isaanii hordofachuuf gara mana murtiitti yommuu deddeebi'an dhibee kanaaf saaxilamuu waan danda'aniif kallattii hooggansaa kennuudhaan haala addaatiin Abbootiin Seeraa bifa dhaddacha naanna'aatiin gara manneen sirreessaa deemudhaan dhimmoota isaanii akka ilaalan taasifamaa

¹⁰⁰ Muuxannoo biyyoota Afrikaa Kibbaa, Keeniyaa, Faransaayi fi Ingilizii akkasumas Amerikaa keessaa kan naannoo Niyuwoorki ilaaluun ni danda'ama.

¹⁰¹ Muuxannoon biyyoota filatamanii ilaalamaniis akka argisiisutti hanga danda'ameen teekinoolojii hammayyaatti fayyadamuu akka filannoo tokkootti kaa'atanii jiru.

tureera. Muuxannoon kun sadarkaa Manneen Murtii Federaalawaattis hojiirra oolaa akka jiru hubachuun danda'ameera.¹⁰²

B) Tarkaanfii Hordoffii fi Deeggarsaan Walqabatu

Koreen bulchiinsaa sadarkaa hundatti argamu walgahuudhaan dhiibbaa weerarri vaayirasichaa geessisaa jiru fi tarkaanfilee fudhatamuu qaban irratti yeroo yeroodhaan mari'achuudhaan kallattiin kaa'amaa tureera. Keessattuu jalqaba yommuu dhibeen kun sadarkaa wareeratti biyya keenya keessatti uumamu tarkaanfiwwan hatattamaa fudhachuudhaan hawaasni mana murtiis ta'ee abbootiin dhimmaa akka dhibee kanaaf hin saaxilamne sochiin taasifamaa tureera. Ittisni wareera vaayirasii kanaa akka milkaawaa ta'u barbaadamee koreen addatti sadarkaa manneen murtii naannichaa hundatti akka hundaa'u erga taasifameen booda ittisa wareerichaa irratti xiyyeeffatee hojii barbaachisaa ta'e hojjechaa tureera. Hojiin maanuwaalii qopheessuu fi hawaasa mana murtiitiif haala tatamsa'ina dhibee kanaa ilaalchisee hubannoo uumutis koree Kanaan hojjetamaa tureera.

Gumiin Bulchiinsa Abbootii Seeratis yeroo yeroon walgahuudhaan kallattiiwwan adda addaa kaa'aa kan ture ta'uu isaatiin gamatti gama kanaan qajeelfamas baasudhaan akka hojiirra oolu taasifamaa tureera. Muuxannoon biyya keenaas ta'ee kan biyyoota biro akka namatti mul'isutti seerota fi sirnoota Kanaan dura hojiirra turaniin tajaajila yeroo dhibee kanaa keessatti kennuun waan hin danda'amneef seerota maqaa garaagaraa qabu baasudhaan tajaajila kennamu ittiin hoogganaa turaniiru.¹⁰³ ,

Gama kaaniin, Koreen Qaamolee Haqaa turban lama lamaan bifa idilaa'een walgahuudhaan kallattii hojii barbaachisaa kaa'aa deemuu caalaa bakka rakkoon quunnamettis kallattii furmaataa kennaa tureera. Kana cinaattis sababa wareera vaayirasichaatiin miidhaan daa'imman fi dubartoota irra gahu akka hin babal'anne karoorri waliinii qaamolee haqaa fi abbootii hirtaa akka bahuu fi sadarkaa hundatti hojiirra oolu gochuun danda'ameera.

¹⁰² Ragaa sadarkaa Manneen Murtii Federaalawaatti funaanamerraa ni hubatama

¹⁰³ Sadarkaa Manneen Murtii Federaalawaatti qajeelfamni yeroo gara yerootti akka bahaa turetu beekama. Kana malees, biyyoonni Aafrikaa Kibbaa, Keeniyaa, Faransaayi fi Biriitish akkasumas Ameerikaa keessatti naannoon Neyuworki qajeelfamoota adda addaa baasanii hojiirra oolchaa jiru.

Namoota harka-qalleeyyii ta’anii fi dhibee Kanaan miidhamuu danda’an ilaalchisee fi giddu-galeessummaan gama mootummaatiin deeggarsa taasifamuuf waliigalatti miliyoona 16.4 baajata mootummaa irraa gumaachuun danda’ameera.¹⁰⁴

3.3.1.2. Cimina

Sadarkaa Manneen Murtii naannichaa hundatti tatamsa’ina wareera vaayirasichaa ittisuuf jecha tarkaanfiwwan heddu kan fudhataman yoo ta’u kanneen akka ciminaatti ka’uu malan muraasa isaanii haala armaan gadiitiin ilaaluuf kan yaalamu ta’a.

Jalqaba irraa kaasee wareericha ittisuufis ta’ee haawaasa mana murtii akkasumas tajaajilamtoota miidhaa dhibeen kun irraan gahuu danda’u irraa eeguuf jecha tattaaffiwan fi sochiiwwan walirraa hin citne taasifamaa turaniiru. Wareerri dhibee kanaa Kanaan dura muuxannoon ittisa isaa iddoo hin jirretti miidhaa inni tajaajila fi hawaasa manneen murtii akkasumas abbaa dhimmaa irraan gahuu danda’u xiqqeessuudhaaf tarkaanfiwwan fudhatamaa turan akka ciminaatti fudhatamuu danda’u.

Tajaajilli Abbaa Seerummaa walakkaanis ta’u akka itti fufuu danda’u gochuun akka ciminaatti dhimmoota ilaalamuu qaban keessatti kufa. Keessattuu akkuma armaan olitti kaasne dhimmoota xiyyeeffannoo addaa barbaadaniif duursa kennuudhaan fedhii tajaajila haqaa argachuu fi miidhaa wareerri vaayirasichaa dhaqqabsiisu irraa of eegu walmadaalsisuudhaan hojjetamaa turuun dhimma eeramuu qabuudha. Gabaasni Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa akka argisiisuttis, wolumaagala yeroo dhibee kooronaa kanatti galmeewwaan 16,731 ilaalamanii murtii kan argatan yoo ta’u, kana keessaa dhimmi maatii fi daa’immanii galmee 5277 dha. Dhimma yakka dubartootaa fi daa’imman irratti raawwatame ilaalchisee galmee 172 ilaalme murtii argatee jira. Bifuma wolfakkaatuun labsii yeroo ariifachiisaa dhibee koronaa ittisuuf bahe cabsuun himannaa dhiyaate galmee 676 irratti murtiin kennamee jira.

Sababa rakkoo dhibeen Koviid 19 uumeen mirgoonni namoota yakkaan shakkamanii mana sirreessaa keessa jiranii akka hin sarbamne barbaadamee haala addaatiin dhaddachi naannawaa gara mana sirreessatti bobba’uudhaan akka dhimmoota ilaalu gochuunis cimina tokko.

¹⁰⁴ Gabaasa Waggaa Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa kan bara 2012 ilaaluun ni danda’ama.

Qajeelfamoota hojii fi kallattiiwwan kaa'aman haala qabatamaa rakkoo vaayirasichi dhaqqabsiisaa jiru fi fedhii tajaajilaatiin wal cinaa qabuudhaan yeroo gara yerootti ilaalaa fi fooyyessaa deemuunis akka ciminaatti ilaalama.

Hanqinaalee kenniinsa tajaajilaatiin walqabatee deemsa keessatti mul'achaa turan koree olaanaa qaamolee haqaa waliin ta'uudhaanis kallattii furmaataa kaa'aa deemuun akka ciminaatti fudhatamuu mala. Keessattuu haala simannaa shakkamtoota murtiin balleessummaa fi adabbiin irratti darbe mana sirreessatiin simataman fi namoonni mana sirreessaa keessa jiran dhimmi isaanii itti ilaalamu sababa sirreeffamtoota dhibee Kanaan qabamuu irraa baraaruuf jedhamee qaawwa ture mariidhaan hiikuu danda'uun qixa Kanaan eeramuu mala.

Carraa kanatti fayyadamuudhaan dhimmoota qorannoof bulan irratti xiyyeeffachuudhaan kuufama galmeelee xiqqeessuu danda'uu, keessattuu raawwiin sadarkaa Dhaddacha Ijibbaataa Mana Murtii waliigalaa Oromiyaatti haala hin baratamneen %96 gahuu danda'uun akka ciminaatti ka'uu mala.¹⁰⁵ Raawwiin akka waliigalaatti jirus haala qabatamaa keessa turameen walcinaa qabamee yommuu ilaalamu %91 ol ta'uun isaa raawwii gaarii akka ta'etti fudhatamuu mala.

Tooftaa adda addaatti fayyadamuudhaan murtiileen kennaman dhamaatii fi saaxilamummaa abbaa dhimmaa akkaataa xiqqeessuun akka hawaasa dhaqqaban gochuu danda'uunis akka laayyotti wanta ilaalamu miti. Akkuma waliigalaatti ammoo Teekinooloojii hammayyaa kenniinsa tajaajila Abbaa Seerummaaf darbeetis waltajjiiwwan bulchiinsaa fi workishooppiwwan mirkaneessa bu'aawwan qorannoowwan adda addaa bal'inaan fayyadamuu danda'uun akka ciminaatti ilaalama.

3.3.1.3. Hanqinaalee

Tajaajilli Mana Murtii walakkaadhaan cufamuun isaa sirnaan hubatamuu dhabee akka guutumaan guututti cufametti hubachuudhaan yookiin fakkeessudhaan tajaajiloota kennamuu qaban irratti hanqinni mul'achuun danda'eera. Keessattuu dhimmoonni yakkaa himannis ta'ee ol'iyyannoon, akkasumas dhimmoonni mirga wabii fi yeroo beellamaatiin walqabatan

¹⁰⁵ Gabaasa istaastiksii Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa kan bara 2012 ilaaluun I danda'ama.

hojjetamaa jiranis poolisii, Abbaa Alangaa fi Abbootii Seeraa biratti hojimaatni walfakkaataan jiraachuu dhabuun akka jiru namoonni afgaaffiin taasifameef ni kaasu.¹⁰⁶

Dhimmoota ariifachiisoon keessummeeffamuu akka danda'an jedhamee haala addaatiin kan kaa'ames mirga haqa argachuu lammiilee gidduutti garaagarummaan akka uumuu danda'u yaaddoo qaban ibsaniiru. Dhimmoonni baay'een keessattuu dhimma hariiroo hawaasatiin walqabatee keessummeeffamaa jiraachuu dhabuun hawaasa keessatti alseerummaan akka babal'atu, dhimmi tokko dhimma isa biro akka dhalu, abbootiin dhimmaa murtiin abbaa mirgaa ta'an murtii argatanis himata raawwii banachuu dhabuun isaanii mirga raawwatamuu hin dandeenye qabatanii akka jiran taasisuun ibsamee jira. Gama birootiin, dhimmoonni hawaasa keessatti kuufamaa akka deeman gochuu fi sababa qaamni haqaa gaaffii haqaa keessummeessu hin jiru jedhuun amantaan uummanni mana murtii irratti qabu akka xiqqaachaa deemu karaa saaquun isaa ni ka'a.¹⁰⁷

Gama birootiin seerota sadarkaa idila addunyaa fi Heera walcinaa qabnees yommuu ilaallu mirgi mana murtii bilisa ta'etti dhimma ofii dhiheeffachuudhaan fi adeemsa duursee beekamu, tilmaamawaa ta'e fi kabaja mirgoota namoomatiif eegumsa taasiseen tajaajila haqaa argachuu mirgoota bu'uuraa keessatti kan kufan ta'uu isaatiin gamatti mirgi deemsa falmii mirgoota hin daangofne keessatti kan kufu¹⁰⁸ ta'uu isaa irraa kan ka'e, seeronni mirgoota kana deengessan yommuu bahan of eeggannoodhaan ta'uu akka qabu hubatama.¹⁰⁹ Seerota yeroo ariifachiisaa keessatti walgahiin namoota afuriin ol hirmaachisu akka falmisiisaa ture fi adabbiin seerota kan cabsuun hordofsiisus 1000 irraa kaasee hanga 200,000 ta'uun isaa garmalee akka bal'aa ta'etti qeeqama. Kana cinaattis seerotni deemsa falmii raawwatiinsa akka hin qabaanne tumamuun isaa hojiirratti akka qaawwa uumetu ka'a.¹¹⁰ Akka waliigalaatti namoota afgaaffiin taasifameef

¹⁰⁶ Afgaaffii Abukaattoo dhuunfaa waliin gaafa taasifame. Yaada abukaattoon kun kaasaniin sababa manni murtii cufameera jedhuun, himata banuun, ol'iyyannoo fudhachuun fi gaaffii mirga waabiillee dhiheessuun walqabatee hanqinni akka jiru kaasan.

¹⁰⁷ Dhimmoonni hariiroo hawaasaa akkuma haala isaatti ilaalamaa jala jalaa gadi dhiifamaa deemuu akka qabu fi manneen murtiillee of- eeggannoo cimaa taasisuudhaan dhimmoota hariiroo hawaasatis keessummeessuu akka qabantu ka'a. Hawaasni gabahaa deemaa, dhimma hawaasummaa isaas yommuu bahachaa jirutti uummata dhibee kana irraa eeguuf jecha yaadamni jedhu karaa dheeraa akka nama hin hoofne fi keessa deebi'amee ilaalamuu qabu kaasu. Yaadamni kun abukaattota dhuunfaa fi abbootii seeratiinis ni deeggaramu. Hagamtu banaa ta'uu mala kan jedhu garuu deebii hin arganne.

¹⁰⁸ Yaada Waliigalaa Mootummoota Gamtoomanii Lak. 29 ilaaluun ni danda'ama.

¹⁰⁹ Waliigaltee Idil Addunyaa Mirgoota Siivilii fi Siyaasaa Kewt 4(2) sirnaan ilaaluun ni danda'ama.

¹¹⁰ Xiinxalli seerota yeroo ariifachiisaa fi eegumsa mirgoota namoomaa keessatti bal'inaan ka'eera. hojjetaa hojiirraa gaggeessuun dhorkamuun sirrii ta'ee dirqama.

lakkoofsan 60 ta’an keessaa 42 (70%) seerotni yeroo ariifachiisaa kanatti bahan karaa tokkoonis ta’ee karaa birootiin qaawwa kan qaban ta’uu isaa ibsaniiru. Hanqinni isaan kaasanis kanneen armaan olii yoo ta’u, qaamolee hirtaa waliin fi abbootii seeraa gidduutti marii barbaachisaa taasisuudhaan yaadan waliigaluudhaan seerota deemsa falmii hojiirra jiranis fayyadamuudhaan hojjetamaa akka ture ibsamee jira. Gama kaaniin, Koreen Ittisa Tatamsa’ina Dhibee ‘Covid 19’ dhimmoota kenniinsa tajaajila Abbaa Seerummaatiin walqabatan irratti fuulleffatee hojjechuu irratti akkasumas sagantaadhaan fi bifa idilaa’een walgahuudhaan kallattii furmaataa dhahaa deemuu ilaalchisee hanqinni akka jirutu hubatama.

3.3.1.4. Rakkoolee Muudatan

Rakkoon loojistikii muudachuu irraa kan ka’e humna namaa waajjira seenee tajaajila kennuu qabuuf tajaajila sarvisii haala gahaa ta’een kennuudhaan walqabatee humni jiraachuu dhabuun, rakkoon kun sadarkaa Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa fi Manneen Murtii Olaanaa magaalota guguddoo keessatti hojjetan kan akka Mana Murtii Olaanaa Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee, magaala Adaamaa fi kkf keessattis muudachaa jiraachuu akka rakkootti ka’ee jira. Dabalataanis dhaddacha naannawaa gurmeessudhaan manneen sirreessaa keessatti tajaajila abbaa seerummaa kennuun walqabatee rakkoon loojistikii quunnamuun isaa hin oolle.

Gama birootiin, meeshaaleen dhuunfaa ittisa vaayirasichaaf oolan haala gahaa ta’een dhihaachuu dhabuun Abbootiin Seeraa fi hojjettoonni yaaddoo tokko malee akka tajaajila kennan gochuu irratti dhiibbaa qabaachuun isaa hin oolle. Kuni ammoo gama tokkoon rakkoo baajataatiin kan walqabatu yoo ta’u gama kaaniin ammoo dhiheessii akka waliigalaatti jiruun walqabata. Yeroo ammaan kanatti dhiheessiin meeshaalee qulqullinaa kanaa rakkoodha jechuun kan hin danda’amne ta’ullee rakkoon gama baajataatiin jiru dhimma xiyyeeffannoo barbaadudha.

Rakkoon misoomalee bu’uuratiin walqabatu keessattuu teekinolojii hammayyaatti fayyadamuu ilaalchisee manneen sirreessaa keessatti meeshaaleen tajaajila Vidiyoo konfaransii dhabamuun tajaajilli karaa guutuu ta’een namoota mana sirreessaa keessatti jiraniif akka hin kennamne sababa ta’ee jira. Iddoo meeshaan kun jiruttis karaa guutuu ta’een tajaajila sadarkaa barbaadamuun kennuu dhabuun isaa rakkoo ta’ee tureera.

Rakkoon baajataa keessattuu loojistikii fi meeshaalee qulqullinaa guutachuudhaan walqabatee mul’achaa tureera. Mijaa’ina naannoo hojii, keessattuu bal’ina kutaalee hojii ilaalchisee akkaataa

dhibeen kun tatamsa'uu hin dandeenyeen of eeggannoodhaan hojjechuu irratti rakkoo akka ta'etu hubatama.

Bifa birootiin, abbootiin dhimmaa taarifni geejjibaa dacha ta'uu isaa irraa kan ka'e akka baasii hin malleef saaxilaman dirqisiisee jira. Kana ta'uun mirga haqa argachuu irrattisdhiibbaa akka uumuu danda'utu hubatama. Keessattuu, haala qabatamaa naannoo keenyaatiin abbootiin dhimmaa daandii dheeraa qaxxaamuranii waan dhufaniif baasii hedduuf akka saaxilaman taasifamuun wanta oolu miti.

3.3.1.5. Carraawwan Gaarii

Yeroo dhibeen kuni yaaddoo ta'aa ture kana keessatti akka carraa gaaritti dhimmoonni ilaalaman muraasni turuu isaanii odeeffannoo roga adda addaatiin walitti funaaname irraa hubachuun danda'ameera. Kuufama dhimmootatiif fala kennuun, hojimaata haara'a diriirsuuf akka yaadamu carraa uumuun, teekinooloojii hammayyaatti bal'inaan fayyadamuuf tattaaffiin akka godhamu, dhimmoonni sirna haqaa idilee cinaatti filmaata hiikkaa waldiddaatti akka fayyadaman fi waldhabdee isaanii hiikatan carraan uumamuun, hojii qorannoo gaggeessuu irratti xiyyeeffachuun hojjechuuf yeroo argachuun, qaamoleen haqaa bifa idilaa'een walgahanii akka marii taasisan taasifamuun akka carraa gaaritti kaafamuu danda'u. Kana malees, namni qulqullina isaa akka eegatu, dargaggoonni hojii malee magaala keessa turan gara maatii isaanitti baadiyyaatti deebi'uudhaan hojii misoomaa irratti akka bobba'u carraa uumee jira.

3.3.1.6. Rakkoolee Gara Fuula Duraatti Quunnamuu Malan

Dhibeen kun haaluma Kanaan kan itti fufu yoo ta'e, rakkooleen gosa adda addaa quunnamuun isaanii wanta oolu miti. Rakkoolee quunnamuu malan kanas roga sadiin haala asiin gadiitiin ilaaluun barbaachisaa ta'a.

A) Qixa Kenniinsa Tajaajila Abbaa Seerummaatiin

Dhimmoonni adeemsi isaanii kanaan dura adda cite, dhimmoonni himannoo, ol'iyyahhoo fi iyyannoo ijibbaataa bifa haara'aatiin dhihaachuu danda'an fi iyyannoowwan raawwidhaan walqabatan baay'inaan gara mana murtii dhufuu waan danda'aniif hanqinni humna namaa uumamuu danda'a. Keessattuu, hojiin ofiseroota seeraa fi Abbootii Seeraa irratti baay'achuu danda'a. Haala Kanaan, baay'inni dhimmootaa mana murtii keessatti quunnamuu danda'a.

Darbiinsa yeeroo fi kenniinsa beellamaatinis walqabatee iyyannoowwan adda addaa abbootii dhimmaa fi abukaattota irraa dhihaachuu danda’u. Kuni ammoo bu’uura qajeelfama badhaadhatiin dhimmoota keessummeessuun rakkisaa ta’uu waan danda’uuf dhimmoonni baayyeen beellamoota yeroo baay’etiif saaxilamuun isaanii wanta oolu miti. Kun ammo dhimmoonni baay’en murtii osoo hin argatin yeroo dheeradhaaf akka lafarra harkifatan sababa ta’uu danda’a. Baay’inni hojii fi lafarra harkifannaan dhimmaa ammoo kenniinsa tajaajilaa irrattis rakkoon qulqullinaa akka muudatu sababa ta’uu danda’a. Gama birootiin, beellamni mana murtii irra deddeebidhaan kan jijjiiramu yoo ta’e, abbootiin dhimmaa deddeebii fi dhaamaatii akkasumas baasii hin malleef saaxilamuu danda’u. Kun ammo tajaajila mana murtii irratti abbootiin dhimmaa akka komii kaasan fi itti-quufinsii fi amantaan isaan qabanis akka xiqqaatu taasisa. Manneen Murtii naannoo keenyaa tajaajila si’ataa kennaa turuun isaa fi haala kana irraa faalla ta’een dhimmoonni yeroo gabaabaa keessatti kan xumuramuu hin dandeenye yoo ta’e salphumatti komii babal’isuu waan danda’uuf itti quufinsii fi amantaan akka xiqqaatu sababa ta’uu danda’a. Haala birootiin, dhimmoonni lafarra harkifachuun isaanii shakkamtoonni mana sirreessaa keessa jiran raga dhiheeffachuu irratti rakkoon akka isaan quunnamus sababa ta’uu mala.

Naannoon hojii haaluma kanaan duraatiin kan itti fufu ta’uun isaa humni namaa iddoo tokkotti walitti baay’atee hojjechuun isaa tatamsa’ina wareerichaaf haala mijataa uumuu danda’a. Dhibeen kuni haala kanaan kan itti fufu yoo ta’e, hawaasni mana murtiitis dhibee kanaaf saaxilamuu waan danda’uuf tajaajila isa irraa eegamu bu’uura barbaadameen kennuu irratti rakkoon quunnamuu danda’a.

Gama birootiin, Gochootni yakkaa karaa qindaawaa ta’een karaa qaamolee haqaa kan hin qabamne yoo ta’e fi dhimmootni hariiroo hawaasatis karaa mana murtiin kan fala hin arganne, dhimmoonni murtii argatanis kan hin raawwatamne, raawwiin kan hin dhorkamne yookiin dhorki kan hin kaane yoo ta’e hawaasa keessatti alseerummaan akka babal’atu fi namoonni seera harka dhuunfaa isaanitti akka galfatan qaawwa banuu danda’a. Kuni ammoo olaantummaa seeraa mirkaneessuun gaaffii keessa galu gochuun nageenyi fi tasgabbiin amansiisaa ta’e akka hin jiraanne gochuu danda’a.

B) Qixa Baajataa, Humna Namaafi Loojistikiitiin

Dhibee Kooviid-19 akkaataa tarsiimawaa ta'een ittisuun humna gaafata. Keessattuu, meeshaaleen hojiif barbaachisan fi ittisa dhibee kanaatiif oolan dabalataan fi haala addaatiin guutamuu waan qabaniif hanqinni baajataa quunnamuu mala. Dabalataaniis, kutaalee hojii keessa deebidhaan sirreessuu fi meeshaalee biiroos dabalataan akkaataa dhibee kana ittisuuf mijatuun sirreessuun daran barbaachisaa ta'a. Kuni ammo baajata dabalataa gaafachuun isaa wanta hin oolleef rakkoo ta'uu danda'a. Meeshaalee teekinoolojii fi loojistikii dabalataan guutachuun baajata gaafachuun isaa wanta oolu miti.

Gama birootiin baay'inni dhimmootaa fi bulchiinsi dhangala'a dhimmaa manneen murtii naannichaa kan wal hin gitne ta'uu isaa irraa kan madde humni namaa hanqina argisiisuu danda'a. Manneen Murtii naannichaa keessattuu labsiin lak. 216/2011 erga hojiirra ooluu isaatiin aangoon manneen murtii aanalee akka dabaluu fi dhimmoonni baay'een abbootii seeraa sadiin akka ilaalaman taasifamaniin asitti hanqinni Abbootii Seeraa mul'achaa jira. Kan cinaatti ammo dhimmoonni gara mana murtiitti dhufuutti deemaan daran waan dabaluu danda'uuf hanqinni humna namaa akka hammaatu gochuudhaan rakkoo uumuu danda'a. Rakkoon gosa akkasii Abbootii Seeraa bira darbee Ofiseroota fi hojjettoota mana galme'e biratti akkasumas hojjettoota biro keessattuu kenniinsa tajaajila Abbaa seerummaa kennan biratti muudachuu danda'a jedhamee sodaatama.

3.3.2. Manneen Hojii Abbaa Alangaa Oromiyaa Keessatti

3.3.2.1. Tarkaanfiiwwan Fudhatamaniifi Kaayyoo Isaanii

Dhibee 'Covid-19' ittisuu, to'achuu fi dhiibbaa akka addunyaa, biyyaa fi naannoo keenyatti dhaqqabsiisuu danda'u xiqqeessuun tajaajila mana hojii abbaa alangaa waliigalaa itti fufiinsaann kennuun walqabatee haala qabatamaa MHAAWO keessa jiru ragaalee roga adda addaatiin (bifa afgaaffii, daawwannaatiin walitti qabaman giddu-galeessa godhachuudhaan) xiinxala gaggeeffameen tarkaanfiiwwan fudhatamanii fi kaayyoo isaanii, cimina fi hanqina, milkaa'ina, rakkoolee gara fuula duraatti quunnamuu danda'an fi tarkaanfiiwwan tarsiimawaa fudhatamuu danda'an gabaabbinaan haala armaan gadiitiin argisiisuuf kan yaalamu ta'a.

Dhiibbaa Vaayirasiin Koronaa akka addunyaa, biyyaa fi naannoo keenyatti dhaqqabsiisuu danda’u xiqqeessuun tajaajila Mana hojii abbaa alangaatiin kennamu itti fufisisun walqabatee tarkaanfiwwan fudhataman kaayyoo guguddoo sadi irratti akka xiyyeeffatan ni hubatama.

Kaayyoo inni jalqabaa wareericha ittisuu fi tatamsa’ina isaa too’achuu yoo ta’u, kaayyoon inni lammataa tarkaanfiwwan kanaa ammoo hawaasa Mana hojichaas ta’ee uummata tajaajila barbaacha gara mana hojichaatti dhufan dhibee kana irraa eegudha. Akkasumas, kaayyoon inni sadaffaan ammoo tajaajila Mana hoji Abbaa Alangaa waliigalattiin kennamu itti fufsiisuun hawaasni tajaajila haqaa akka argatu gochuudha.

3.3.2.1.1. Tarkaanfiwwan Fudhataman Ittisa Waarera Vaayirasichaan Walqabatan

Hawaasa Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaafi tajaajilamtoota miidhaa dhibee kanaa irra gahuu danda’u irraa eeguuf jecha akkasumas sochii akka naannoo fi biyyaatti wareera vaayirasii kanaa ittisuuf taasifamaa jiru keessatti qooda ofii bahuuf guyyaa wareerri vaayirasichaa akka biyyaatti yaaddoo ta’erraa kaasee mana hojichaatiin tarkaanfiwwan ittisaan walqabatan hunda-galeessaa ta’an fudhatamaa turaniiru. Jalqaba irratti, manni hojii keenya hoggantoota, hawaasa mana hojichaa fi qaamolee haqaa waliin marii taasisaa tureera. Qaamoleen haqaa dhimma kana irratti qindoominaan akka hojjatan taasisuun qajeelchituun qophaa’e mallattaa’een hojiitti galamee jira. Kanneen armaan gadii tarkaanfiwwan qixa kanaan fudhataman keessaa isaan guguddoodha. Kallatiin ka’ames baayyinni hojjettootaa fi A/A akka daanga’u gochuudhaan fageenyi gidduu raawwattootaa jiru eegamee hedduminni namoota tajaajila kennanii haalaan akka gadi xiqqaatu taasisuudhaan daddarbinsa yookiin tatamsa’ina dhibichaa ittisuu irratti hojjatameera. Abbootiin Alangaa hojii ariifachiisaa of-harkaa hin qabne mana isaanii akka turan namoonni lakkoofsaan xiqqoo ta’an muraasni qofti dabareedhaan seenanii hojii harkaa qabani fi beellamaan qabamee ture akka raawwatani, hojjettoonni umuriin isaanii deeme fi kanneen dhukkuba biroo qaban boqonnaa akka fudhatan taasisu fi Abbootii Dhimmaa iyyata qabatani dhiyaatani fi bilbilaan iyyatan akka keessumeessan taasifamaa turee jira Hawaasni mana hojichaa hubannoo dhibee kana irratti qabu akka dabaluuf hojiileen gurguddoon hojjetamaaniiru, abbootii dhimmaatifis hubannoo uumuun fi tajaajila argachuuf of- eeggannoo taasisuu malan akka taasisan taasifamaa tureera, Abbootiin dhimmaa MHAWO yommuu seenaan harka isaanii akka dhiqatanii galan bishaan fi saamunaan akka qophaa’uuf taasifameefii jira. Hojjettonni mana hojichaa golga afaaniifi funyaan fayyadamuun maamiltootaaf tajaajila akka

kennan taasifameera.¹¹¹ Manni hojjichaa maandeetiin guddaa itti kenname keessa inni tokko hojii hubannoo seeraa uumuu waan ta'eef, hubannoo hawaasni seerota yeroo muddamaa kanneen irratti qabu gabbisuuf hojiiwwan gurgudoo garaagaraa hojjatamanii jiru. Kana keessaa tokko Labsii, Dambii fi Qajeelfamoota Yeroo Ariifachiisaa KOVID-19 gara afaan Oromootti jijjiiruudhaan maxxansiisuudhaan hawaasaaf dhaqqabamaa taasisuudha. Bu'uuruma kanaan kitaabotni 2000 maxxanfamanii raabsamanii jiru. Kana malees biroosharoonni gosa torbaa kuma 59 ta'an maxxanfamanii raabsamanii jiru. Magaalota shan keessatti biilboordiin dhimma kanaan walqabatu qophaa'ee dhaabbatee jira.

Hojiin inni lammataa hojii miidiyaan hubannoo uumuuti. Bu'uruma kanaan sagantaan ardaa marii qophaa'ee OBN irratti akka darbu ta'ee jira. Yeroo ammaas marii paanaalii hoggantoota qaamolee haqaa qopheessuun miidiyaan dabarsuuf hojjatamaa jira. Hojiin inni sadaffaan qaamaan argamuun seerota kanneen irratti hubannoo uumuudha. Gama kanaanis gareen sosochii ummataa taasisuun hubannoo uumu sadarkaa naannoo fi godinaatti hundaa'ee hojiitti galuun guutuu oromiyaa irratti hubannoon uumamaa jira.¹¹²

Kallatiiwwan ittisaa kun kan fudhataman akka MHAWOtiifi caasaalee isaa sadarkaa adda addaatti jirani dha, Bu'uruma kanaan, tarkaanfiiwwan ittiisa wareera dhukuba kana ittisuuf affgaaffii taasifame keessaa %66 tarkanfiiwwan ittisaa armaan oliitti ibsame akka fudhatame ibsaniru .

3.3.2.1.2. Tarkaanfiiwwan Tajaajila Man Hojii Abbaa Alangaa Itti fufsiisuuf Fudhataman

Tarkaanfiin gama Kanaan fudhatames kenniinsi tajaajila MHAWOtiin kennamu hanga danda'ametti akka guututti hin gufanne fi rakkuma kana keessatti akkaataa itti hojjetamuu danda'u irratti xiyyeeffatamee kan hojjetamaa ture yoo ta'u, tarkaanfileen guguddoon gama kanaan fudhatamaa turan kanneen armaan gaditti tarreeffamani dha. Tajaajiloota akka mirga wabii, yeroo beellamaa, komii dhagahuu, yakkoota cicimoo ta'anii, yakkota labsii, dambii fi qajeelfamota yeroo ariifachiisaa irratti hundaa'an, yakkoolee godaansa seeraan alaa, yakkoolee sirna Heera motummaa fi Mootummaa irratti raawwataman, daldala seeraan alaa, yakkoota meeshalee bu'uraa irratti raawwataman, meeshaalee waraanaa seeraan ala daddabarsuu

¹¹¹ Affgaaffii Abbaa Alangaa salamon kabbu waliin gaafa guyyaa 22/10/2012 taasiifame.

¹¹² Affgaaffii Abbaa alangaa sulxaan Abdoo waliin gaafa guyyaa 28/10/2012 taasiifame.

raawwatamaniin wal qabatan qorachuu,himachuu fi furmaata seeraa itti kennuu raawwachuufi galmeewwan yakka malaammaltummaa qorannaan isaanii xumurame himannaan banamee falmii irra jirufi hara qoratamaa kan jiru ta’u isaa, hubannoo seeraa seerota yeroo muddamaa irratti kennamaa jiraa. Gama birootiin, bakka bu’uunsi abukaatoo dhimmoota yeroo ammaa Mana Murtii ilaaluun walqabatan, waldaale daldaalaa kaayyoon isaanii dhimmoota ittisa wareera dhukuba COVID- 19` tiin walqabatan irratti kan akka Saanitaayzarii oomishuu, dhiheessi meshaalee bu’uuraa ittisa dhukuba COVID-19`,Sanadoota gara biyya alaa deeman mirkaneessuun hojiilee hanga ammaattii hojatamaa jiranidha¹¹³. Deebii keeniitonni %28 ta’an tajaajila Man Hojii Abbaa Alangaa itti itti fufu qaba jechuun ibsaniru.tajaajilii kun yeroo itti fufu keessatu tajaajila gama keena hayyamaa fi galmeesa ragaalee jiru bakka tajaajilamaan itti baayatu waan ta;ef of-eggannoo cimaa taasiisun ta’u akka qabu ibsaniru.

3.3.2.1.3. Hordoffi fi deeggarsa hojii teekinikaa

Hordoffii hojii teekinikaa ilaalchisee dhiibbaa wareerri vaayirasichaa geessisaa jiruu fi tarkaanfilee fudhatamuu qaban irratti yeroo, yeroodhaan mari’achuudhaan kallattiin kaa’amaa tureera. Keessattuu, jalqaba yommuu dhibeen kun sadarkaa wareeratti biyya keenya keessatti uumamu tarkaanfiiwwan hatattamaa fudhachuudhaan hawaasni mana hojichaas ta’e, abbootiin dhimmaa akka dhibee kanaaf hin saaxilamne sochiin taasifamaa tureera. Hordoffi fi deeggarsa hojii teekinikaa kun kan taasifame bifa lamaan, jehuniis gabaaasa dhaddachaalee, godinaaleefi aanaalee irraa dhiyaatuuniifi abbootiin alangaa naannoo irra jiran qaamaan argamuun kan taasifame dha. Gama deeggrsa hojii teekinikaatiin dhaddachaalee, godinaalee fi Aanaalee hojii isaanii fixaan baasuuf akka dandaanuuf MHAWO wareera dhukuba COVID 19 irraa akka of-e eggataniifi meeshaaleen qulqullinaa adda addaa bitamanii ogeessota sadarkaa Dhaddachaalee, Godinaalee fi Aanaalee jiraniif rabsamanii jiru.¹¹⁴

3.3.2.2. Madaalli Tarkaanfiiwwanii

Tarkanfiiwwan akka MHAWOtti wareera dhukuba COVID-19 irraa of-eegguun tajaajila mana hojichaa irra barbadamu kennamu kun bifa lama qabu dha. Akka mana hojiichaatti kan kennamanii fi qindoomina qaamolee haqaa biroo kan barbaadan waan jiraniif yammuu walbira qabnee madallu giddu-galeessa dha. Namoota afgaaffii gaafataman keessa % 90.47 kan ta’an

¹¹³ Afgaaffii Abbaa Alangaa salamon kabbu waliin gaafa guyyaa 22/10/2012 taasiifame

¹¹⁴ Af gaffii Abbaa Alangaa taaddase Nuguse waliin gaafa guyyaa 18/10/2012 taasiifame

giddu-galeessa ta’u isaa ibsaniiru. Sababni isaas, dhimmoonni yakkaan walqabatan irra caalaan isaanii beellama mana murtii irratti kan rarra’an waan ta’eef, deebiin gama mana hojii keenyaatiin kennaman qofti quubsaa fi isa dhumaa ta’uu dhiisuu danda’a. Keessattuu, mudannoon akkanaa kun sababa dhibee koronaa tasa osoo hin yaadataminii fi irratti hin karoorfatiin dhufe kanaatiin kan ka’e keessumaayyuu galmeewwan dhageettii ragaa fi falmii bitaaf mirgaatiif bulaniin walqabatee waantoonni fooyya’uu qabaatan sadarkaa babal’ina teeknolojii fi itti fayyadama isaa irratti kan rarra’anii fi furmaata waliinii qaamoolee haqaa waliin kaa’amu irratti kan hunda’u waan ta’eef seektarri keenya qofti dhimma haqaa irratti deebii quubsaa kennuu hin danda’u.¹¹⁵

A) Cimina

Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaatiifi caasaalee isaa hundatti tatamsa’ina wareera vaayirasichaa ittisuuf jecha tarkaanfiiwwan hedduu kan fudhataman yoo ta’u, kanneen akka ciminaatti ka’uu malan muraasa isaanii haala armaan gadiitiin ilaaluuf kan yaalamu ta’a. Jalqaba irraa kaasee wareericha ittisuufis ta’ee hawaasa mana hojichaa; akkasumas, tajaajilamtoota miidhaa dhibeen kun irraan gahuu danda’u irraa eeguuf jecha tattaaffiiwwanii fi sochiiwwan walirraa hin citne taasifamaa turaniiru. Manni Hojii Abbaa Aangaa Waliigalaafi caasaaleen isaa yeroo Labsii muddama kana keessatti yeroo kamiyyuu caalaatti tajaajiloota armaan olitti tarreeffaman humnaafi dandeetti qabuun rawwachuun isaa akka cimina tokkootti kan fudhatamu dha. Keessattuu, yakkoota malaammaltummaa waliin walqabate eeruun dhihaachaa kan jiruu fi qorannaan isaa illee yeroo idilee caala yeroo ammaa gaggeeffamaa kan jiru ta’u isaa fi namoonni yakka malaammaltummaatiin barbaadamanii fi galmeen irratti qulqullaa’ee jiru baay’een isaanii to’annaa jala oolani yeroo ammaa himannaan qophaa’ee mana murtiitti dhihaachaa kan jiru ta’u isaa fi hojiin hubannoo seeraa seerota yeroo muddamaa irratti xiyyefatame uumame. Labsii, Dambii fi Qajeelfamoota Yeroo Ariifachiisaa COVID-19 gara afaan Oromootti jijjiiruudhaan maxxansiisuudhaan hawaasaaf dhaqqabamaa taasisuun. Bu’uuruma kanaan kitaabotni 2000 maxxanfamanii raabsamun isdani. Kana malees biroosharoonni gosa torbaa kuma 59 ta’an maxxanfamanii raabsamuniifi. Magaalota shan keessatti biilboordiin dhimma kanaan walqabatu qophaa’ee dhaabbaghun isaa hojiwwan akka cinaatti ilaamanidhadabalataaniis.hojii miidiyaan hubannoo uumuu, sagantaan ardaa marii

¹¹⁵ Isuma olii

qophaa'ee OBN irratti akka darbu ta'un isaa. Yeroo ammaas marii paanaalii hoggantoota qaamolee haqaa qopheessuun miidiyaan dabarsuuf hojjatamaa jiraachuun, godinaalee irratti qaamaan argamuun seerota kanneen irratti hubannoo uumuun isaa, gareen sosochii ummataa taasisuun hubannoo uumu sadarkaa naannoo fi godinaatti hundaa'un isaa akka ciminaatti kan fudhatamu dha. Gama biraatiin hanqinaalee kenniinsa tajaajilaatiin walqabatee deemsa keessatti mul'achaa turan koree olaanaa qaamolee haqaa waliin ta'uudhaanis kallattii furmaataa kaa'aa deemuun akka ciminaatti kan fudhatamuu dha. Dabalataanis, manaajimantiin mana hojochaatiif halli mijaaefi yeroo Labsii muddamaa kana keessatti guyyaa tokko ilee hojiin osoo hingufatiin tajaajili kennamuun akka cimina birootti kan fudhatamu dha.

B) Hanqinaalee

Wantonni akka hanqinaatti ka'u dada'an hojjatonni tajaajila kennan akkaataa barbaadamuun humna isaanii guutuun hojjachuu dhabuufi itti fayyadama teknooloojii fi dhiyeessii isaa irratti, keessattu caasaalee gara gadii irratti jiraachuu fi dandeetti walqixa yookiin walgitu qabaachuu dhabu, Akka MHAAWOtti hojiileen gurguddoon yoo hojjataman iyyuu namoonni yakkaan himataman Mana Amala Sirreessaa bakka nyaannii fi kunuunsi gahaan jiru galuu osoo qabanii sababa vaayirasii koronaatiin buufata poolisii turuun isaanii nyaata gahaa fi kunuunsa gahaa akka hin arganne taasisaa kan jiru ta'uun isaa akka hanqina tokkootti fudhatamu mala. Dabalataanis namoonni yakkaan himaatamanii jiran sababa dhimmi isaanii ilaalamaa hin jirreef mirgi ariitiidhaan haqa argachuu (the right to speedy justice) haala barbaadamuun kabajamaa kan hin jirredha¹¹⁶. Gama biraatiin hojjatonni muraasni kaka'umsa hojii dhabun akka hanqinaatti fudhachuun ni danda'ama. Akkasumas, hanqinni humna namaa jiraachu mala.

C) Hudhaalee

Hudhaaleen kun bakka lamatti qoodanii ilaaluun ni danda'ama

Hudhaalee gama dhiyeesitiin jiru: hojiiwwan qorannaa, himanaa fi falmii gaggeessun bajataa guddaa fi loojistiiki gahaa ta'e kan barbaadudha,,Dabalataanis tajaajilota akka mana hojii keenyaatti haawaasaaf kennaman keenuuf hojjatonni mana hojichaa weera dhukuba COVID-19 irraa of eeguuf meeshaalee itti gargaaraman kan akka golga afaaniifi funyaani Saanitayizeriifi

¹¹⁶ Af gaffii Abbaa Alangaa Taaddase Nuguse waliin gaafa guyyaa 18/10/2012 taasiifame

kkn fakaatan haala gutuu ta'en dhiyeesuudhaaf hanqini baajataa jiraachuu fi hojii mana hojii keenyaa akkaataa barbaadameen raawwachuuf hanqini loojistiikii nuqunnamu danda'a.

Hudhaalee gama wareera dhukuba COVID -19`tiin jiru: yeroo seerota muddamaa kana keessatti waajjiraaleen Mootummaa karaa guutuu ta'een hojii hojjechaa waan hin jirreef ragaalee sanadaa barbaadnu yeroon argachuu dhabuun yakkoota malaammalummaa qorachuufi himata dhiyeessuuf hudhaa guddaa ta'era.

D) Milka'ina

Yakkoota malaammaltummaa ilaalchisee eeruun dhihaachaa kan jiruu fi qorannaan isaa illee yeroo idilee caala yeroo ammaa gaggeeffamaa kan jirudha. Namoonni yakka malaammaltummaatiin barbaadamanii fi galmeen irratti qulqullaa'ee jiru baay'een isaanii to'annaa jala oolani yeroo ammaa himannaan qophaa'ee mana murtiitti dhihaachaa kan jiru ta'u isaa. Hubannoon seeraa seerota yeroo muddamaa haawaasaaf tooftaa adda addaa fayyadamun keennamu isaa fi sosochi uummataa (campaign) taasiisun haawaasa waa'ee seerota yeroo muddamaa irratti hubannoo akka argatu taasiisuu. Tajaajilonni adda adda haawassaaf osoo addaan hin citiin keennamuun isaa akka milkaa'inaatti fudhun ni danda'ama.

3.3.2.3. Rakkoolee Gara Fuula Duraatti Quunnamuu Malan

Dhibeen kun haaluma Kanaan kan itti fufu yoo ta'e, rakkooleen gosa adda addaa quunnamuun isaanii wanta oolu miti. Rakkoolee quunnamuu malan kanas karaa sadiin haala asiin gadiitiin ilaaluun barbaachisaa ta'a.

MHAAWO'tiin tajaajila kennamu ilaalchise namoota himatamanii ragaan irratti hin dhagahamiin hafan ragaa bitaa fi mirgaa dhageessifatani dafanii murtii tokko akka argatan taasisuu irratti rakkoo hamaa gara fuula duraatti nu qunnamuu danda'uu dha. Namoota bilisaan gadi lakkifaman yookiin adabbiin isaanii gahaa hin taane irratti ol'iyannoo yookiin ijibbaata gaafatame gara mana sirreessaatti akka deebi'an taasiisu irrattis akkasuma rakkoo fuula duraaf nu qunnamu dand'u dha. Dabalataanis, himatamaa fi ragaa akkasumas deebi kennaa dhiyeesani murtii itti kennisiisuun keessaa isa tokkoo dha. Walumaagalatti, qorannoo yakkaa haala barbaadamuun gaggeessuun namoota yakka raawwatan seeratti dhiheessuun olaantummaa seeraa haala barbaadamuun mirkaneessuu dhabuu, galmeewwan qorannaan isaanii xumurame akkaataa

barbaadamuun himannaa mana murtiitti dhiheessuun falmuun murtii kennisiisuu dhabuu fi Tajaajila maamiltootaaf karaa guutuu ta'een kennuu dhabuun rakkowwan akka MHAWOtti mudachuu malanii dha.

Kallattii Humna Namaatiin ilaachise yeroo Labsii yeroo muddamaa kana keessatti bakka tokko tokkoo irratti sababa wareera dhukuba COVID -19 kanaatiin ka ka'e Abbottiin Alangaa dhibe adda addaa qaban boqonaa bahan waan jiraniifi osoo dhibeen kun hinumamin dura iyyuu haaqinni humna namaa waan jiruuf tajaajila akkaataa barbaadameen kennuun rakkoo ta'eraa

Kallattii Humna Namaatiin ilaachise yeroo Labsii yeroo muddamaa kana keessatti bakka tokko tokkoo irratti sababa wareera dhukuba COVID 19 kanaatiin ka ka'e Abbottiin Alangaa dhibe adda addaa qaban boqonaa bahaniifi jalqabu irraa iyyuu haqinni humna namaa waan jiruuf tajaajila akkaataa barbaadameen kennuun rakkoo ta'eraa.¹¹⁷

Baajataafi Loojiistiki hojiiwwan qorannaa, himanaa fi falmii gaggeesun bajataa guddaafi loojiistikiin amma danda'ameen gahaa ta'e kan barbaadu dha,dabalataanis tjaajilota akka mana hojii keenyaatti hawaasaaf kennamu kennuuf hojattonni mana hojichaa wareera dhukuba COVID 19 irraa of- eegguuf meeshaalee itti gargaaraman kan akka golga afaanii fi funyaani Saanitayizeriifi kkn fakaatan haala gutuu ta'en dhiyeesuudhaaf hanqini baajataafi loojiistiiki ni jiraa. Akka waligalaatti Hanqinni baajataa fi loojistiksii maandeetii fi baayyina hojii mana hojichaatiif kenname faana yoo ilaalamu ammas rakkoo gara fuula duraatti nu qoruu danda'uudha

3.2.4 Poolisii Keessatti

Adeemsa qorannoo kenniinsa tajaajila poliissii kessattii Aanaalle fi Godiinaaleen Oromiyaa kessattii arggaman akka ka'umssaattii bu'ura unkaa walfakkaattaa ta'e qaamolee haqaattiif qo'anniicha akka gargaaruu qophaayeen hojjichaaf xiyeefannoo kenuun haala rakkoo lafa irra jiruu ciminaaf hanqiina issaa waliin bifa ibsuu maluun hojjachuuf yaalliin taassifame jira.

Bu'uruma Kanaan afgaaffii Hogganttoonni Polissii Sadarkaa adda addaa irra jirannii fi misseensoonni polissii kessatuu qorrannoo fi ittiisa yakkaa irrattii hojjatan waan lafa irra jiru

¹¹⁷ Isuma olitti ibsame

akka ibssan gaafachuu fi qaamaan daawachuun abbootii dhimaa faana haala kenniisa tajjaajiilaa irrattii mari'achuun xiinxalliin armaan gaddiitti ibsame taassiifame jira.

3.2.4.1 Tarkaanfiwwan Fudhatamanii fi Kaayyoowwan Isaanii

Gaaffii fi daawanaan kenniinsa haqaa polissii yeroo tatamsa'ina dhibee kessattii illaalamee ture tarkaaffiwaan waajjiiraaleen polissii sadarkaa adda addaa irra jirran tarkaaffiwaan tatamsa'ina dhibee akka misseensoota fi dhimamtoota waajjiiraa irrattii midhaa hin geessifnee maal hojjachaa jiru? hordoffiin issaannii maal fakaata? Rakkoo akkamiituu issaan qonamaa jira? Kan jedhu daawachu ture .

Bu'urumma kanaan raawwiin sadarkaa adda addaa irra yaa jiraatu male waajjiiraaleen polissii hundiinu tattaaffii dhunfaa dabalatee sodaa fi yaalliin of-eeggannoo dhibee yeroo kenniinsa tajjaajila raawatan kessattii jiraachuun mul'ate jira. Garaagartumaan akkuma jiruttii ta'e tarkaaffiwaan weerara ittiisuuf fudhatamaa jirran kessaa akka ijoottii;

1. Misseensootaaf dabaree baasun waajjira galchuun mul'atee jira
2. Misseensoota midhaa adda addaa qabanniif boqonaa waggaa kenuu
3. Dhiyeessii akka Saamunaa fi Bishaan allattii qopheesuu
4. Teesuma waajjiiraa hangata'e sirreessuuf yaalu
5. Labsiin yeroo mudamaa ,Qajjeelfamnii fi Dambii dhiyeesuu
6. Labssii yeroo mudamaa hojjii irra olchuuf baleessitoota seerattii kalleesuun addabiin hidhaa fi qarshii akka kenamuu taasisanii jiru
7. Sochii tiraafikaa haala gaarii jedhamuu danda'un bu'ura labssiittiin waajjiiraaleen polissii baaye kabachisuuf sochii taasiisanii jiru

Bu'uruma kanaan tarkaaffiwaan ittiisa weeraraa fi tajjaajiila kenuu yamu illaalu deebiin 47% kaayyoowaan tarkaaffiin adda addaa fudhataman misseensoota weerara dhibee irraa ittiisuuf ta'un hubatamee jira. Haa ta'uttii deebii kennitoonnii 20% ta'an tarkaaffiin adda addaa dhibee kana faana walqabatee sireefamnii kenna tajjaajiila irrattii taassifamuu fillannoo adda addaa dhiyessuun tajjaajiila poliissii ittii fuufssiisuuf hojjatamu qaba jedhannii jiru.

Waajjiiraaleen polissii 50% ta'an tarkaaffiwaan ittiissa dhibee fi kenniinsa tajjaajilla haqaa irrattii hojjatamuu qabuu kan murteessan qooda fudhatoota ossoo hin hirmaachiissiiin

misseensoota qoffa wajjiin mari'achuun kan raawatannii dha. Yeroo qorannoon gageeffamuu kannattiis tajjaajjiilli sadarkaa guutu ta'en kennamuu baatuus misseensoonnii 66.3 % ta'an labssiin yeroo mudamaa ,dambii fi qajjeelfamnii issattii aanee bahe eergama poliissii faana kan deemuu fi hojjii irra olchuuf guufuu guda akka hin qabaanee ibsannii jiru.

Yaata'uttii raawwii fi addabbiin balleessitootaa haala walfakaataa ta'en hojjii irra olchuuf kaayoo labssiichaa irrattii hawaasnii baayeen issaa hubanoon qabuu xinaa waan ta'ef ballessitoota baayee to'anaa jala kallattiin olchuu irra gorssaan haalli ittii hojjatamuu akka jiru ibsannii jiru.

Kanaaffiis akka fakeenyattii kan ka'e bu'ura Qajeelfama Labsii Yeroo Ariifachiisaa Tatamsa'ina KOVID-19 Ittisuuf, to'achuu fi miidhaa dhaqqabsiisu Hir'isuuf Bahe fi Labsicha Raawwachiisuuf Dambii Bahe Raawwachiisuuf Qajeelfamoota Koree Ministeerotaan bahan Lakkoofsa 1/2012 fi Lakkoofsa 2/2012 fooyyessuuf bahe kew2 (1) jallattii namni kamiyyuu manaan allattii iddoo kammiituu maaskii osoo hin godhattiin socha'un dhorkaa dha jedha.

Kanaafu hawaasa baayee baadiiyaa dha gara maggaallaa dhimma adda addaaf dhufu hundaa maaskii yo hin godhattiin kallattiin gara tarkkaanffiiitii deemuuf rakkiissaa waanta'uf durssa hubbachiisuu fi gorsuu irrattii xiyeeffattannii hojjattaa jiru.

3.2.4.2 Ciminaalee kenniinsa tajaajilaa fi ittisa dhibee COVID-19 illaalchise jiran

Hanga humnii danda'e meshaallee ittiissa weeraraa deegaruu danda'an guuttachuun midhaa dhibeen geessuu danda'u hubachuunn of'eegganoon misseensa birattii mul'achuu issaattii fi tajjaajjilamaan gara waajjiiraa yoo dhufuu maaskii akka godhatuu fi harka akka dhiqatuu yaadachiisuun akka cimmiinaattii waan illaalamu malu dha.

Gamma biraattiin midhaa dhibeen hawaasa irrattii hordofssiisuu hubbachuun Deegarssa arjoomtoota irraa funaanuun harka qalleeyyii deeggaruuf sochiin dansaa ta'e mul'atee jira. Sababa weerara dhibeettiin hojjiin gutumaan guttuuttii akka hin dhaabannee akka labssiittiin galmeen shakkii yakkaa gutumaan gutuuttii kan hin illaalamnee ta'us abbootii dhimaa walliittii arrarsuun shakkii yakoota xiixiinnoo waajjiirattii wal dhabdoota faana hikaa hojjachuun hawwaasaaf furmaata kennuun akka hojjii gaariiti kanillaalamuu dha.

Akka hawaassa irraa bal'inaan ibsamuuttii missenssii polissii gamma hojji to'annaa sochii tiraafikaa akkaataa qajjeelfamaan raawachuun wal qabbatee sadarkaa gaarii irra kan jiru ta'u issaa bal'inaan ibsame jira.

Dabbalattaanniis wanttii akka cimmiina raawwii polissii yeroo dhibee kana kessattii illaalame galmee gara fuulduraa manni murtii dhimoota sadarkaa guutu ta'en illaalu yeroo eegaluu kan dhiyaatu raggaa guutuu ta'e qiindeesannii qophesuun akka waan gaariitii illaalame jira.

3.2.4.3 Hanqinaalee kenniinsa tajaajilaa fi iittiisa dhibee illaalchise mula'atan

Saaxxilamumaa misseensaa fi abbootii dhimaa hir'isuuf dhibee faana wal qabatee sochii xiinessaa teknolojii oddeeffannoo fi ijaarsa hawaassaa adda addaa fayadamuun ittiisa yakkaa fi hojji qorranoo shakkii yakkaa irrattii oddeeffannoo funaanaa hojjachuu dhabuun ammala tatamsa'ina dhibee wal qabatee waan foya'u qabuu dha.

Gama birottiin labssiin dhimoonnii baayeen issaannii mana murtii dhiyaattannii akka illaalamu hin dandenyee daangeesse jira haa ta'uttii maamiiltotaaf iffattii galmee akkamii gara mana murtii akka geefamaniif hin geefamnee abbootii dhimaattiif siirnaan beekssiisu dhabuun kommi kan dabalee fi kenniinssii tajaajiila haqaa yeroo dhibee COVID-19 kana kessattii gutumaan guuttuttii kan hin kennamnee fakkeessee jira.

Misseensoonnii polissii of eegganoo tatamsa'ina dhibee fi meshaaleen barbaachisoo ta' an guutamu dhabu irraa kan ka'e hojji sirnaan sakata'u fi hanga eddo shakkii yakkaa deemuun qorachuu dhabuun ni mul'ata. Kessatuu hojjiin poliissii nageenya hawaasaa mirkanessuuf sochii eddo irraa gara eddottii baayiinaan kan qabuu fi saaxxilamumaa dhibee kan dabaluu waan ta'ef hanga humnnii danda'e misseenssaaf maaskii, guwaantii , saamunaa fi saanitaayzara dhaqabssiisuun barbaachissaa dha.

Gamma biraattiin qorrannoo fi himmanoon yakkaa kan xiyyeeffatee hojjatamaa jiru galmewwaan RTD, galmee hidhamaa qabuu fi ,miirga wabbii fi yeroo bellamaa waan ta'anniif yakkoota cicciimoo midhaa nama dhunfaa irrattii dhaqabee illaalu dhabuun bu'urri issaa dhorkkii labssiichaa ta'us tajaajiila polissii yeroo ammaa kennamaa jiru hawaasa baaye tajaajiila barbaaduu jiduttii madda kommi ta'a jira.

3.2.4.4. Hudhaalee kenniinsa tajaajilaa fi ittiisa dhibee illaalchise mula'atan

Akka arriittii tatamsa'inna dhibeettiin walqabatee wantoonni saaxxiilamumaa dabaluu kessaa tokkoo fageenya eegachuu dhabu dha. Dhiphiina waajiiraan wal qabate jiru eddo daawattaman baayee kessattii misseensoota poliissii fi maamiilla dhibeef kan saaxxiiluu ta'e arggamee jira.

Dabalataanniis shakamtoonni baaye kessatu galmeen issaannii goddiina irrattii kan illaalamu ta'e shakamtoonni kun mirga wabbii dhabannii mana hidhaa aanaalee kessattii ji'a lama caalaa turaa jiran mana sireessaa galuu dhabuun issaannii mirga issaannii midhee jira kessatuu akka dhiyessii qallabaa, yaalaa fi eddo bulttii dabalatee guyyaa guyaan shakamaan haaraa gara mana hidhaa yo dhufu dhibeef saaxxiilamummaan issaannii dabalaa kan deemu ta'un issaa mirga shakamtootaa kana midhe jira.

3.2.4.5. Milkaa'inna kenniinsa tajaajilaa fi iittiisa dhibee illaalchise mula'atan

Misseenssii polliissii hubannoo dhibee qabaatannii of' eeganoon kenniinsa haqaa irrattii boba'un hanga danda'ameen yeroo rakkoo kana kessattii ummattaaf tajaajiila kenuun issaannii akka waan gaariiti kan fudhatamuu dha.

Bakka daawattaman hundaa kessattii haala walfakaatuun mul'achuu baatuus misseenssii harka qalleeyyii sababa weerara dhibee kanaan midhamuu mallanniif deegarsa taassisuun fakeenya hojji gaarii fi yeroo rakkoo lammii cinaa dhaabachuu akka danda'an muliisuun gocha akka milkaayyiinaattii fudhatamuu dha.

3.2.4.6. Rakkoolee gara fuulduraatti mudachuu danda'an

Qorannoo taasifame kessatti weerarii dhibee haala amma mul'atuun kan itti fufu yoo ta'e, kallattii adda addaan tajaajiila poolisii, kessatuu ol'antumaa seeraa kabachiisuun walqabatee gufuu akka ta'u danda'uu fi tooftaa baafachuun hojjachuu akka barbaaduu hirmaattonni qorannoo kanaa ibsanii jiru.

Gama tokkoon baballiinnii dhibee guyyaa, guyyaan dabalaa deemuun issaa akkuma jirutti ta'e gamma biroottiin immoo abboottiin dhimmaa baayyee barbaacha tajaajiilla adda addaa argachuuf gara buufataalee poolisii dhufu. Kanaafuu, kenna tajaajiila poolisii guutummaan guutuuttii cufuu waan hin danda'amneef, rakkoo dhibee faana walqabatee jiru xiyyeefannoo

kessa galchuun karaa iftoommiina qabuu fi of'eggannoo weerara dhibee irraa taassisuun tajjaajiila kenuun barbaachisaa dha.

Tatamsa'innii dhiibee yeroo gabaabaa kessattii furmaata waaraa kan hin arganne taanaan , keessatuu kenniinsa tajaajiila, bobbaattii humna namaa fi leecaalee hojjii iddiilleef barbaachisoo ta'an irrattii dhibbaa ni qabbaata (high Service cost).

Abbootiin dhimmaa tokko tokko sababa miidhaan isaan irratti dhaqqabee shakkii yakka harkaaf harkattii (Flagrant offence) waan hin taaneef, ilaalamuu hin danda'u ykn gara fuulduraa yeroo manni murtii hojii eeggaluu illaalama jechuun yoo debbiin kennamuuf kommi ol'aanaa akka dhageessiissaa turan illaalame jira.

Misseensoonni polissii 50% ta'an gaaffii ittii quffiinsa maammiillaa kenniinsa tajjaajillaa yeroo weerara dhibee kanaan walqabatee kennamaa jiru illaalchissee deebii kenanniin qubsaa akka hin taanee yoo mirkanneessan 33% jidduu galla yoo jedhan 16% ammoo tajaajiilli kenamaa jiru qubsaa dha jedhanii jiru.

Kanaafis akka yaadaattii kan ka'e hojiin baay'ee labiin kan daangeffamee, baayyachuu fi iyyannoo shakkii yakkaa fi gaaffiin abbaa dhimmaa dhimmii midhaa issaa hunddiinu akka mana murtii dhiyaatee illaalamuuf barbaaduun waan rakkoo ta'ef ittii quffiinssii maamiilaa hir'ate jira jechuun ibsannii jira.

Dhimoota tajjaajilamaa irraa dhiyaachaa jirran kessaa 25% kan labiin yeroo mudamaa akka hin illaalamnee daangessee ta'us qabbiiyyee shakkii abbaa dhimmaa irraa dhiyaatan wantoota ummammaan arriifachisoo ta'un issaannii ibsame jira.

Haata'uttii dhimmii qoratamee kallattiin mana murtii dhiyaachuu hin dandeenyees hojjiin qorannoo shakkii yakkaa akka deebii deebiiistoota 52% yoo ta'u, hojjiin qorannoo yakkaattiis wal irraa ossoo hin cinnee kan hojjatamaa jiru ta'u ibsannii jiru.

Haalli kunis kan akkanaa ittiifufuu yoo ta'e kuffama galmee daballaa deemuun allattii ragoonnii waan raggan gara fuulduraa biffa guutuu ta'en yaadattannii jecha ragumaa kenuun ol'antumaa seeraa kabachiisuu irrattii guufu ta'u danda'a jedhamee jira.

Bu'uruma kanaan deebbi deebiistoonii 75% ta'an kenniinsa tajjaajia haqaa gama polliissiittiin yeroo weerara dhibee kanaa kessattii kennamaa jiru irradeebbiin wanttoonni tajjaajiila fooyyesuu fi nageenya miseensaa eeguuf seeraan fooyya'u fi illaalamuu qaban akka jirran yaada kennannni jiru.

Bu'uura yaada deebii deebiistoonii 66.3 % ta'annin kenniinssii tajjaajiila haqaa hanga danda'amee kennamaa kan jiru ta'us hanqiinaaleen gama baayyiina miisseensaa fi lojjiistiikii hojjiif barbbaachisuu rakkoon akka issaan mudatte ibsannii jiru.

Akkasumas, weerarii dhibee haala amma jiruun ittiifuufa taanaan ol'antumaa seeraa mirkaneessuun ni rakkiissa kessatuu akka barbaadamettii hawaassa keessa socho'uun hojjiittiissa yakkaa fi hubannoo kenuun, shakkamaafi egziibiittii bakka jiru hordofanii qabuun rakkiisuu ni danda'a.

Dhibeen walqabatee Shakoomttoota baayee to'annaa seeraa jalla olchuun raggaa dhagayuun qorachuuf sochii akka barbaadamettii taasisuun shakkamtoota mana murtii dhiyeesuun ni rakkiissa.

Gama biraattiin, Manni Murtii tajjaajiila guutuu dhimma yakkaa irrattii hin kennuu taanaan shakamaan miirga wabbii dhabee mirggii ni sarbama, yakkiis hawaasa kessattii baballachuu ni mala. Sababiinniis hawwaasni illaalcha shakamaan balessaa issaattii nmurtii arrittiin hin argatuu jedhu qabaachu danda'a kunniis kaayoo addabbii yakkaa balessaa fi hawaasa barssiisu irrattii xiyyeeffate gufachiisuu danda'a.

Midhamaan dhunfaa fuurmaata seeraa hordoofuu barbaadu arriittiin murtii haqaa qaamollee haqaa irraa hin argatuu taanaan offiin halloo walliittii bahuun babalachuu ni danda'a. Daballattaanniis kenninssii tajjaajiila poliisii sochii hir'isuun maamiilli fi misseensii polissii bakka jiruttii tajjaajiila tokko tokko kennuu kan hin danda'amne yoo ta'e, dhiphinnii waajjiraa fi rakkoon geejjibaa gara fuulduraa dhibeen dabalaa yoo deemee shakkamaa, abbootii dhimmaa fi poliisiin dhibeef ni saaxiila.

3.2.5. Bulchiinsa Manneen Sirreessaa Oromiyaa Keessatti

Kutaa kana jalatti, gama bulchiinsa manneen sirreessaa Oromiyaatiin tarkaanfiiwwan fudhataman, sana keessattis dhimmoota akka cimina, hanqina, rakkoofi milkaa'inaatti ilaalaman; akkasumas, rakkoolee gara fuulduratti mudachuu danda'an maalfaa akka ta'an kan ilaallu ta'a.

3.2.5.1. Tarkanfiiwwan fudhatamanii fi Kaayyooowwan isaani

Erga labsiin yeroo ariifachiisaa, dambii fi qajeelfamooni raawwii hojii irra oolani asitti komishiniin manneen sirreessaa Oromiyaa hawaasa mana hojichaa kan ta'an: hojjetoota, sirreeffamtoota seeraa tatamsa'ina weerarichaa ittisuu, weeraricha irraa eeguuf akkasumas filannoowwan tajaajilli mana hojichaa akka itti fufu taasisan adda baasuun hojii irra olchuu kaayyoo isaa taasisuun tarkaanfiiwwan weeraricha ittisuuf bahan hojii irra olchaa turee jira.¹¹⁸

Kaayyoo weeraricha ittisuuf taasifame galmaan gahuuf tarkaanfiiwwan fudhataman sochiin bobba'insa sirreeffama seeraa dangeessuun sirreeffamaan seeraa kanaan dura hojii misoomaa adda addaaf bobba'anii hojjechaa turan akkaa dhaabbatu taasisuu, mana murtii fi k.k. f deemuun tuttuqan dhibeen kun gara mooraa yoo seene sirreeffamtoota seeraa irratti miidhaa waan geessisuuf kan daangeffame ta'uus hojjetootni (miseensotni poolisii) maaksi akka godhatan, harka akka dhiqatan, fageeya akka eegan, sanitazarii,alkoolii akka fayyadaman sirreeffamaa seeraa fi maatiin akka wal hin qunnamne, hojjetootni hanga danda'ameeti dabareen akka hojjetan (naannoo), sirreeffamaa seeraa haaraa galaniif iddoo turtii addaa (quarantine) qopheessuu, leenjiin hubannoo uumuu dhimma dhibee kanaa irratti (hoggansa,sirr/seeraa,hojjetootaaf) kennamee jira.

Mana hojichaa keessatti sadarkaa komishinii hanga Aanaaleeti koree fayyaa fi hubannoo umuu, koree deggersaa, koree qulqullinaa hundeessuun hordoffii wal irraa hin citne akka taasisan, tarkaanfiiwwan fudhataman hojii irra ooluu isaa akka madaalan, meeshaalee ittisa dhibee koronaaf gargaraan kanneen akka sanitayizarii, maaksii, alkoolii, bishaan, saamunaa baajata mootummaafi gargaarsa adda addaatiin bitamee akka dhiyaatu taasifamee jira. Rakkoo dhiphina mana jireenya sirreeffamtoota seeraa mijeessuuf hojii bal'aan kan hojjetame ta'uu, sirreeffamtoota seeraa nama 13,000 ta'aniif sababa dhibee kanaan wal qabatee dhiifamnii kan taasifame ta'uu, amakiroo kanaan dura karaa mana murtii kennamee ture manni sirreessaa itti

¹¹⁸ Madda odeeffannoo- Yaada aff –gaaffii mammilaa hoggantootaa fi gabaasalee

gaafatamummaa fudhachuun sirreeffamtoota amaakiroo(gorsan) gahan akka hiikaman mana murtii waliin tarkanffin kan fudhatame dha.¹¹⁹

3.2.5.2. Tarkaanfiiwwan Keessatti Cimina, Hanqina, Hudhaaleefi Milka'ina Jiru

A) Cimina

Tarkaanfiiwwan fudhataman keessatti akkuma beekamu sirreeffamaan seeraa iddoo tokkotti walitti qabamee kan jiru waan ta'eef, dhibeen kun mana sirreessaa keessa yoo seene haala salphaa ta'een miidhaa guddaa akka geessisu hubachuudhaan sirreeffamaan seeraa tuttuqaa adda addaa irraa akka fagaatan waan taasiseef kun immoo dhibeen kun akka sirreeffamaa seeraa hin qabne taasisee jira. Yeroo jalqaba dhibeen kun biyya keenya keessa galu sirreeffamaa seeraa kamiyyuu akka hin simatamne kan taasifamee fi kun immoo namootni yakka rawwatan waajjira poolisii keessatti nyaata waan hin arganneef rakkoo kana furuudhaaf qaamoolee nageenyaa waliin ta'uudhaan koree hundeessuun sirreeffamtootni seeraa haaraa galan sirreeffamtoota seeraa duraan galanii mooraa keessa jiran waliin osoo walitti hin makamiin guyyaa 14f iddoo turtii (quarantine) keessaa turuun dhibee kana irraa bilisa ta'uu isaani erga adda bahee booda kanneen mooraa keessa jiraniti akka makaman waan taasifameef kun immoo ofitti amanamummaa sirreeffamaa seeraa fi mana hojiiichaa dabalee jira.¹²⁰ Hanga danda'ameetti sirreeffamaa seeraa bilbilan maatii waliin akka wal argan taasifameera. Meeshaaleen ittisa dhibichaaf oolan kanneen akka alkoolii, sanitayizarii, safartuu ho'ina qaamaa, saamunaa baay'een deeggarsaan waan argameef, qindoominni qaamoolee adda addaa dabalee jira.¹²¹

B) Hanqina

Tarkaanfii fudhatame keessatti erga maatiin dhorkamee nyaatni dabalataa kanaan dura maatii irraa sirreeffamaa seeraatiif dhiyaachaa ture waan hin jirreef, sirreeffamaan seeraa mana cabsuun akka badu (miliqu) iddoo tokko tokkoti mul'atee jira.¹²²

C) Rakkoo (Hudhaalee)

Sirreeffamaan seeraa mana yaala keessatti yaala gahaa argachuu dhabuu, baajatni nyaataa sirreeffamaa seeraatiif dhiyaatu gahaa ta'uu dhabuu, dhibeen kun amala isaatin meeshaalee ittisaa kanneen akka sanitayizara, alkoolii baajata waan gaafatuuf rakkoo ta'uu¹²³, sirreeffamtoota tokko tokko biratti darbee darbee mana murtii, abba alangaa beelama dhaquu qabna jechuun kan mul'ataa jiru ta'uu dha.

D) Milkaa'ina

Sababa dhibee kanaatin Kalaqa haaraa akka umamuu manneen sirreessaa keessatti meeshaalee tutuqaa irraa bilisa ta'an kanneen akka dhiqaanaa harkaaf tajaajilaan, meeshaalee Tekinoolojii (video konfiransi) akka fayyadamnu, qindoominni qaamolee adda addaa waliin jiru cimee jiru akka cimuu, hojjetaa fi sirreeffamaan seeraa qulqullina ofii fi naannoo isaa akka eegu taasisee jira.

3.2.5.3. Rakkoowwan gara fuula duraatti mudachuu malan

Gara fuulduraatti kallattii kenninsa tajaajilaa, humna namaa, baajataafi loojistikiin rakkoowwan ni mudatu jedhamanii eegamu.

A) Kallatti kenninsa tajaajilaatin-

Sirreeffamaan seeraa Mana murtii dhiyaachuun yeroon murtii argachuu yoo baatee Sammuu sirreeffamaa seeraa miidhamuu, baduuf yaaluu, jeequmsa umuuf yaaluu ni danda'a, sirreeffamtoota seeraa akkasumas maatiin wal qunnamuuf komii kaasuu danda'uu, Mirga murtii yeroon argachuu sirreeffamaa irratti dhiibbaan uumuu danda'a, baajata meeshaalee ittisa dhibee

kanaaf oolan argachuu dhabuu,iddoon ciisichaa sababa namootni yeroo darbe jeequmsa uuman baay'inaan gara mana sirreessatti galuu waan danda'aniif rakkoo ta'uu.

B) Kallattii Humna namaatin

Iddoon turtii (quarantine) iddoo tokko tokkoti mooraa mana sirreessaatiin ala (Boorana) waan ta'eef, baay'inni sirreeffamaa seeraafi miseensa poolisii jiru waan wal hin gitneef humna poolisii kan barbaadu ta'uu isaa.

C) Baajataa fi Loojistiksii

Baajata nyaataa sirreeffamaa seeraa haala qala'insa yeroo ammaa jiruun wal madaaluu dhabuu, yaala gahaa argachuudhaaf sirreeffamtoota seeraa rifeerii jedhaman yeroon yaala argachuu dhabuu, meeshaalee video konfiransiif tajaajilaan manneen sirressaa hunda keessatti guuttachuuf baajata gahaa dhabuu,meeshaalee ittisa dhibee kanaa baajata guddaa kan gaafatu ta'uu.

Boqonnaa Afur

Yaadota Gudunfaafi Furmaataa

Xiinxala waliigalaa gaggeeffame irraa ka'uun yaadotni gudunfaafi furmaataa armaan gadii kennamaniiru.

4.1. Yaadota Gudunfaa

Yaadotni gudunfaa qorannoo kanaa bifa lamaan dhiyaataniiru. Inni tokko, qabiyyee seerotaa ilaalchisee kan jiru yoo ta'u, inni biraa ammoo qaamolee haqaa keessatti hojiirra oolmaa seerota kanneeni dha.

4.1.1. Qabiyyee Seerotaa

Ittisa, to'annaafi miidhaa 'COVID_19' dhaqqabsiisu xiqqeessuuf jedhamee tarkaanfiin fudhatamu kamiyyuu gulantaa qophii (preparatory), gulantaa hojiirra oolchuu (response) ykn gulantaa deebisani dhaabuu (recovery) keessaa isa tokko keessatti kan kufu dha. Haala qabatama 'COVID-19' keessatti kenninsa tajaajila haqaa itti fufsiisuuf jedhamee tarkaanfiin fudhatamus kana irraa adda miti. Tarkaanfiiwwan biyyootni fudhachaa jiran keessaa tokko hidha seeraa waliigalaa bifa labsii yeroo ariifachiisaatiin ykn seera idileen baasuun manneen hojii (sekteroonni haqaa) ammoo sana irra dhaabbatanii haala qabatama isaaniitiin seera baasuun dhukkubicha ittisu, to'atu ykn miidhaa dhaqqabsiisu xiqqeessu. Biyya keenya keessattis hidhi seera waliigalaa (legal framework) bifa labsii yeroo ariifachiisaatiin ba'eera. Dambiin labsicha hojiirra oolchus Mana Maree Ministeerotaan ba'ee jira. Qajeelfamoonni ammoo Koree Ministeerotaa dambichi hundeesseen ba'aniiru. Kanaaf, akka muuxannoo biyyoota qorannoo kana keessatti ilaaltee sekteroonni haqaa (mana murtii yoo ta'e malee) qajeelfama akka baasaniif hin aangeffamne. Kun ammoo si'oominaan murteessuun hojiitti hiikuu irratti qaawwa uumuu danda'a.

Akka waliigalaatti, seeronni 'COVID-19' ilaalchisuun jiran labsii tokko, dambii tokkoofi qajeelfamoota afuri dha. Seerotni kunniin bu'uuraan mirgootni daangeffaman maalfaa akka ta'an, dirqamoonni seerota kanaan kaa'aman maalfaa akka ta'anii fi akkamittiin hojiirra ooluu akka danda'an (keessattuu, itti gaafatamummaa yakkaa jiru) kan tarreessani dha. Kallattii qajeeltoowwan mirga namoomaa: seerummaa, barbaachisummaa, madaalawummaa, mirgoota

hindaangofne, walqixxummaafi bakka bu'aa uummataan to'atamuufi hordofamuu yoo madaalaman, seeronni kunniin ciminaafi hanqina akka qaban hubatameera. Haaluma kanaan, Heera Mootummaa RDFI kwt.93 irratti hundaa'uun kan tumaman ta'uu; gorsa dhaabbilee fayyaa akka idila addunyaafi akka biyyaatti jiran irratti hundaa'uun kan ba'an, akkasumas, seera idilee jiru fayyadamuun rakkoo kana furuun kan hin danda'amne ta'uufi haala qabatama jiru jiddu-galeessa godhachuun kan ba'an ta'uu; yeroofi bakka raawwii ifatti tumuu; garaagartummaa tokko malee namoota raawwatamuu qabu irratti raawwatamuufi Boordiin Qorannoo labsii yeroo ariifachiisaa hundaa'uun calaqqee qajeeltoowwan mirgoota namoomaa waan ta'eef dhimmoota akka ciminaatti ilaalamani dha.

Gama biraatiin, bakka seerri adeemsa falmii biroo akka filannootti hin jirretti dambiin yeroo ariifachiisaa seerota adeemsa falmii hojiirra jiran guutummaatti daangessuun (kwt. 6 (1)) qajeeltoo seerummaa waliin kan deemu miti. Akkasumas, dambicha kwt.3 (27) fi 4 (10) jalatti dhimma COVID-19 irratti akkaataa odeeffannoon kennamu ilaalchisee tumaaleen jiran iftoomina waan hin qabaneef, qajeeltoo seerummaa bu'uureffataniiru jechuuf nama rakkisa. Tumaaleen biroo Sirreeffamaa seeraa ykn shakkamaa kamiyyuu qaamaan argamuun mana amala sirreessaatti ykn waajjira poolisiitti gaafachuu dhorkan (dambicha kwt.3 (9)), baay'ina namoota walgahii gaggeessuu danda'an afur qofatti daangeessuu (dambii yeroo ariifachisaa kwt. 2(3)), sirni amantaa namoota 12 qofaan akka gaggeeffamu gochuu (qajeel.lak.2/2012,kwt.17) akka filannoo dhumaatti tumuun qajeeltoo madaalawummaa waliin kan deeman miti.

Qajeeltoo mirgoota hin daangeffamneen yoo ilaalaman seerotni COVID-19 seerota idila addunyaa kanneen akka Koonvenshiniin Mirgoota Siiviliifi Siyaasaa (ICCPR) wajjiin gargaagarummaa qaba. Mirgootni akkaataa sanada mirgoota idila addunyaatti daanga'uu hin qabne seerota COVID-19'n daanga'anii jiru. Haa ta'u malee, Itoophiyaan sanadoota idila addunyaa kana waan mallatteessiteef bu'uura Heera Mootummaa RDFI kwt.9 (4) fi 13 (2)'tiin akka qaama seera biyyattiitti ilaalamu. Kanaaf, walitti bu'insi akka jiru hubachuun ni danda'ama.

4.1.2. Hojiirra Oolmaa Seerota ‘COVID-19’ Qaamolee Haqaa Keessatti

A) Manneen Murtii Oromiyaa Keessatti

Manneen murtii qaama mootummaa seera hiikuun waldhabdee namoota gidduutti uumame hiikuu fi mirgoota lammiilee eegsisuudhaan olaantummaa seeraa mirkaneessuuf aangoon kennameef yoo ta’u ergamni kunis kan qaama birootiin bakka bu’uu danda’u miti. Manneen Murtii Oromiyaatis ergama Heera naannichaa fi biyyattiin kennameef bahachaa yommuu jiranitti wareerri dhibee Kooviid-19 kenniinsa tajaajila haqaa irratti danqaa ta’ee jira. Akka Manneen Murtii naannichaatti wareera kana ittisuun, too’achuu fi dhiibbaa inni geessisu xiqqeessuuf darbeetis hawaasa mana murtii fi hawaasa tajaajila barbaacha gara mana murtii dhufu dhibee kana irraa baraaruu fi tajaajila abbaa seerummaatis itti fufsiisuuf tarkaanfiwwan gosa adda addaa fudhatamaa tureera. Gama tokkoon koree bulchiinsaa fi Gumii Bulchiinsa Seeratiin mari’achaa tarkaanfiwwan fudhatamuu malan irratti kallattii kaa’aa deemuun, hawaasa mana murtii fi abbootii dhimmaaf hubannoo dhibee kana irratti uumuun, abbootii hirtaa fi qaamolee dhimmichi ilaallatu waliin marii barbaachisaa taasisuun kallattii furmaataa kaa’aa deemuun, dhimmoota yeroo turtii wareerichaa keessatti dhimmoota xiyyeeffannoo barbaadan adda baasudhaan qajeelfamni Gumiidhaan akka bahu gochuun, koree dhimma Kooviid-19 hundeessuun tarkaanfiwwan adda addaatiif haala mijeessuun, meeshaalee qulqullinaa dhiheessuu fi kkf roga Kanaan dhimmoota eeramuu danda’an keessaa isaan guguddoodha.

Rakkoo akka addunyaa fi biyyaatti muudachaa jiru kana keessatti tajaajilli akka itti fufu gochuun, kuufama dhimmootaa xiqqeessuun raawwii gaarii galmeessisuun, teekinolojii hammayyaatti fayyadamuudhaaf tattaaffii olaanaa taasisuu fi abbootiin dhimmaa dhimma isaanii akka karaa tekinoooloojitiin beekan taasisuun, dhimmoonni xiyyeeffannoon addaa kennameefii yeroo kana keessatti haala addaatiin keessummeeffamuu qaban ilaalchisee Gumiin qajeelfama akka baasu gochuun, koree dhimma ‘COVID-19’ hundeessuudhaan tarkaanfiwwan adda addaa fudhachuu keessatti akka deeggarsa taasisu gochuu fi qaamolee hirtaa waliin bifa idilaa’een turban lama lamaan marii taasisuudhaan rakkoowwan deemsa keessatti muudataniif fala furmaataa kennuun akka ciminaatti dhimmoota ka’uu malan keessaa isaan muraasadha.

Hanqinaalee hojii irratti yeroo kana keessa mul’atan keessaa ammoo meeshaalee qulqullinaa haala gahaa ta’een hawaasa mana murtiitiif guutuu dhabuun, qajeelfama Gumiin baase irratti

hubannoon walfakkaataan dhabamuu yookiin dhugaa jiru cinaatti dhiisuun qaamoleen haqaa tajaajila barbaachisaa kennuu irratti qaawwi mul'achuun isaa, murtii raawwachiisurratti keessattuu jalqaba irratti namoonni adabbiin irratti darbe mana sirreessatiin simatamuu dhabuun fi kanneen beellama qabanis beellama isaanii hordofachuu dhabuun, darbee darbee abbootiin alangaa dhaddacha naannawaa mana sirreessaa keessatti gaggeeffamu irratti argamuu dhabuun, fi kkf akka hanqinaatti dhimmoota ka'uu malan keessatti kufu.

Akka rakkootti, dhimmoota ka'an keessaa ammoo isaan guguddoon rakkoon loojistikii, keessattuu tajaajila sarvisii fi dhaddacha naannawaatiin walqabatee, rakkoon dhiheessii meeshaalee qulqullinaatiin wallqabatu, rakkoo dhiheessii teekinooloojii, dhiphinni kutaa hojii, rakkoon baajataa, geejjibni abbootii dhimmaa dhachaan dabaluu akkuma fakkeeniyatti ka'uu malu.

Rakkoon gara fuula duraatti quunnamuu malus gabaabbinaan, kuufama fi baay'ina dhimmootaa, rakkoo humna namaa, baajataa fi loojistikii, jijjiirama beellamaa, lafarra harkifannaa dhimmaa, dhiphina kutaa hojii, rakkoo teekinooloojiin walqabatu, rakkoo olaantummaa seeraa mirkaneessuu, rakkoo itti-quufinsa fi amantaa uummataan walqabatu, yaaddoo dhibee Kanaan qabamuu hawaasa mana murtii fi kkf kaasuun ni danda'ama.

Akka furmaatattis, qaamolee hirtaa waliin walitti dhiheenyaan hojjechuu, tajaajiloota daanga'an eegaluu, of eeggannoo barbaachisaa taasisuu, baajata, humna namaa, fi loojistikii hojiif barbaachisan guutachuuf hojjechuu, bulchiinsa dhangala'a dhimmaa sirnaan hojiirra oolchuu fi koree dhimma KTAS addatti hundeessuun raawwii jiru yeroo gara yerootti madaaluun tarkaanfii sirreeffamaa fudhachaa deemuun dhimmoota kallattii furmaataa keessatti kufuu danda'aniidha.

B) Manneen Hojii Abbaa Alangaa Keessatti

Weerara 'COVID-19' ilaalchisee MHAAWO tarkaanfilee dhukkubicha ittisuufi to'achuu fi tajaajila Abbaa Alangummaa itti fufsiisuuf gargaaran hedduu fudhachaa tureera;jiras. Hawaasa mana hojichaa waliin marii taasisuun hubannoo uumuu, baay'ina Abbootii Alangaafi hojjetoota deeggarsaa xiqqeessuu,meeshaalee qulqullinaaf gargaaran kanneen akka saamunaafi bishaan dhiyeessuu,seerota 'COVID-19' afaan Oromootti hiikuun salphaatti hawaasni akka hubatu gochuu,biroosheroota maxxansuun raabsuu, 'COVID-19' ilaalchisee biilboordiin magaalota shan

keessatti dhaabuu,qaamaafi miidiyaatti fayyadamuun hubannoo uumuu dhukkubicha ittisuuf tarkaanfiiwwan fudhatamani dha.

Hojii Abbaa Alangummaa itti fufsiisuuf tarkaanfiiwwan fudhataman dhimmoota adda addaa keessummeessuu kan ilaallatani dha. Haaluma kanaan, gaaffiiwwan mirga wabiifi yeroo beellamaan walqabatan, yakkoota ciccimoo kanneen akka godaansa seeraan alaa, daldala seeraan alaa, Heera Mootummaa irratti badii raawwachuu, yakkoota meeshaalee bu'uuraa irratti raawwataman, malaammaltummaa, fi seerota 'COVID-19' irra darbuun raawwataman akka keessummaa'an ta'eera. Akkasumas, komii adda addaa dhagahuu, ragaa abukaattummaa kennuufi sanadoota biyya alaan walqabatan mirkaneessuun hojiiwwan itti fufinsaan hojjetamani dha. Tarkaanfiiwwan fudhataman kunniin yoo madaalaman sadarkaa jiddu galeessaa irratti argamu. Sababni isaa, garaga'insi gama kanaan jiru kan madaalamu bu'a qabeessummaa qindoomina qaamolee haqaa biroo (keessattuu, mana murtiifi poolisii) kan barbaadu dha malee MHAA qofti kan milkeessu miti.

Dhiyeessiis ta'e, itti fayyadamni teekinooloojii gahaa ta'uu dhabuu, namoonni yakkaan himataman bakka nyaanni gahaa jiru (mana sirreessaa) galuu osoo qabanii- waajjira poolisii akka turan gochuu, kaka'umsi hojii hojjetoota tokko tokko bira jiru laafaa ta'uu, namoota yakkaan himataman ariitiidhaan keessummeessuu dhabuufi humni namaa gahaan jiraachuu dhabuun hanqinoota jirani dha.

Gara fuulduraattis namoota yakka raawwatan ilaalchisee qorannoo xumuruun seeratti dhiyeessuu, namoota himatamanii ragaan gahaan irratti hin dhaga'amne dhageessifachuun murtii kennisiisuu, warreen murtiin irratti kennamee ol'iyyataan ykn ijibbaataan mana sirreessaatii ba'an gara mana sirreessaatti deebisuu waliin walqabatee rakkoowwan mudachuu ni danda'u jedhamee eegama. Sababni isaas, hanqinni humna namaa, baajataa fi loojistikiin kan jiru waan ta'eefi dha.

C) Komishinii Poolisii Oromiyaa Keessatti

Akka eeddoo qo'anaan tajjaajjiila polissii yeroo tatamsa'ina dhibee COVID_19 kanatti gaggeeffamee hubachiisuuttii yaalliin dhibee irraa of eeguu fi tajjaajjiila kenuuf sochiin jiru haala gaarriin kan illaalamu ta'us toftaa qiindaayee qabaatee tajjaajjiila kenamaa jiruun ittii quffiinsa abbootii dhimaa mirkanessee jira kan nama jechiissiisu miti.

Meeshaaleen dhibee ittiisuuf polliissiif gargaarrannii fi tarkaanffiiwwaan gama poolisiitiin fudhatamaa jirran hir'ina dhiyeessii kan qaban ta'un ni mul'atta. Bakka tokkoo tokkoottii shakamaan mana hidhaa kessa sababa galmeen illaalamuu hin dandeenyeen ji'ottan baaye turssiisuun mirggii issaannii kan sarbamaa jiruu fi tajaajjiilli bifa guutu ta'en kennamuu dhabuun kommii hawaassa dabalaa kan jiru dha.

Gamma birraattiin teeknolojii adda addaa haallii mijjaayee sadarkaa barbaadamuuttii fayyadamuu dhabuu fi akkumma durii hojjachuuf yaaluun misseensaa fi abbootii dhimmaa dhibeef kan saaxxiilu danda'u ta'u dabalatee yeroo weerara COVID-19 kessattii ol'aantumaa seeraa mirkaneesuuf rakkiissa dha.

Galmeewwan muraasa yeroo ammaa manni murtii kessummessaa jiru qoftii gahaa akka hin taanee fi dhimmoonni murtessoo ta'an kan hawwaasnnii baadiyaa kessatuu falmii yakkaa laffaan wal qabbatu dabalataan of-eeganoon illaamu osoo danda'an gaaffii hawwaasaa debbiisuu ni gargaara.

D) Komishinii Bulchiinsa Manneen Sirreessaa Oromiyaa

Komishiniin bulchiinsa manneen sirreessaa tarkaanffiiwwan tatamsa'ina weerara 'COVID-19' ittiisuuf, weerara 'COVID-19' irraa eeguuf; akkasumas, filannoowwan tajaajila manni hojichaa itti fufsiisuuf gargaaraman fudhatamaniiru.

sochii sirreeffama seeraa daangessuu, hojjettoonni maaksii akka godhatan, harka akka dhiqatan, gochuu, fageenya qaamaafi hawaasummaa akka eegan gochuu, hanga danda'ametti dabareen hojii akka seenan gochuu, sirreeffamaan seeraafi maatiin akka wal hin dubbifne gochuu, sirreeffamaa seeraa haaraa galaniif iddoo turtii addaa (quarantine) qopheessuu, leenjii hubannoo uumu hawaasa mana hojiif kennuu, koreewwan adda addaa COVID-19 irratti hojjetan hundeesuu (koree fayyaafi hubannoo uumuu, koree deeggarsaa, koree qulqullinaa, koree hordoffii hojiirra oolmaa tarkaanfilee), meeshaalee qulqullinaa dhiyeessuu, mana jireenyaa sirreeffamtoota seeraa babal'isuu, sirreeffamtoota seeraa 13000 ta'aniif dhiifama gochuu, adeemsa kenninsa amakiroo si'ataa gochuu, viidiyoo konfiransiitti fayyadamuun tajaajila kennuu fi qaamolee haqaa waliin qindoominaan hojjechuu danda'uufi kkf tarkaanffiiwwan Komishiniin fudhataman keessatti argamu.

COVID-19 baduu yoo baate murtiin yeroon kennamuu dhabuu, iddoon turtii addaa (quarantine) mooraa manneen sirreessaatiin ala ta'uu, sababa jeequmsaatiin baay'inni sirreeffamtoota seeraa dabaluu danda'uu, hanqinni loojistikiifi baajataa irraan kan ka'e dhiyeessiin nyaataafi yaala sirreeffamaa, meeshaalee teekinolojii kanneen akka viidiyoo konfiraansii manneen sirreessaa hunda keessatti guuttachuu dadhabuu fi kkf rakkoowwan mudataniifi gara fuulduraatti mudachuu danda'ani dha

4.2. Yaadota Furmaataa

Akkuma yaadota gudunfaa, yaadotni furmaataas bifa lamaan: seerota 'COVID-19' fi qaamolee haqaa keessatti hojiirra oolmaa seerota kanneenii ilaalchisee yaadota dhiyaatani dha.

4.2.1. Seerota 'COVID-19' ilaalchisee

Muuxannoo biyyoota biroo wajjiin walbira qabamee yoo ilaalamu, adeemsi seerotni COVID_19 itti ba'an baayyee waaltawaa dha. Fakkeenyaaf, MMWO yoo ta'e malee qaamoleen haqaa biroo dhimma COVID-19 ilaalchisee qajeelfama baasuu hin danda'an. Sababni isaa, aangoon qajeelfama baasuu koree 'COVID-19'f kan kenname waan ta'eefi. Kun ammoo akkaataa amalaafi aangoo mana hojiitiin si'oominaan murtii barbaachisaa kennuu irratti hanqina qaba. Waan ta'eefuu, seerotni COVID-19 amma jiran akkaataa sekteroonni qajeelfama raawwii baasuu itti danda'an yoo aangessan gaarii dha. Hanga sanatti, qaamoleen haqaa maanuwaalii ykn gaayidlaayenii haala qabatama hojii isaanii waliin deemuufi yeroo, yeroon fooyyeessuu danda'an baafachuun hojiirra yoo oolchan gaarii ta'a. Kana gochuu keessatti, qindoominniifi waliin mari'achaa adeemuun qaamolee haqaa hedduu murteessaa dha.

Qabiyyeen seerota 'COVID-19' kallattii qajeeltowwan mirga namoomaan yoo madaalaman iddoo tokko tokkotti hanqina qabu. Fakkeenyaaf, bakka seerri adeemsa falmii biroo akka filannootti hin jirretti dambiin yeroo ariifachiisaa seerota adeemsa falmii hojiirra jiran guutummaatti daangessuun (kwt. 6 (1)) qajeeltoo seerummaa waliin kan deemu miti. Akkasumas, dambicha kwt.3 (27) fi 4 (10) jalatti dhimma COVID-19 irratti akkaataa odeeffannoon kennamu ilaalchisee tumaaleen jiran iftoomina waan hin qabaneef, qajeeltoo seerummaa bu'uureffataniiru jechuuf nama rakkisa. Tumaaleen biroo Sirreeffamaa seeraa ykn shakkamaa kamiyyuu qaamaan argamuun mana amala sirreessaatti ykn waajjira poolisiitti gaafachuu dhorkan (dambicha kwt.3 (9)), baay'ina namoota walgahii gaggeessuu danda'an afur

qofatti daangeessuu (dambii yeroo ariifachisaa kwt. 2(3)), sirni amantaa namoota 12 qofaan akka gaggeeffamu gochuu (qajeel.lak.2/2012,kwt.17) akka filannoo dhumaatti tumuun qajeeltoo madaalawummaa waliin kan hin deemne waan ta'eef, haqamuu qabu.

4.2.2. Hojiirra Oolmaa Seerota 'COVID-19' Qaamolee Haqaa Keessatti Ilaalchisee

A) Manneen Murtii Oromiyaa ilaalchisee

Dhimmoota qorannoof bulan yeroo gannaas dabalachuudhaan murtii itti kennuun daran barbaachisaadha. Dabalataanis, dhimmoonni falmiin isaanii hin xumuramne akka xumura argatan gochuudhaan kuufama dhimmootaa haala xiqqeessuun itti danda'amu irratti hojjechuun barbaachisaa ta'a. Dhimmoota yakkaa akkaatuma jalqabameen guutumaan guututti haalli itti keessummeeffamu mijachuutu irra jiraata. Keessattuu namoonni too'annoo jala jiran akkasumas mana sirreessaa keessa ta'anii dhimmi isaanii deensa irra jiru sirna vidiyoo konfaransiitti bal'inaan fayyadamuudhaan akkasumas tooftalee biro teekinolojii hammayyaa fi kanneen dhibee kanaaf sirreeffamtootas ta'ee ogeessota qaamolee haqaa hin saaxilletti fayyadamuudhaan tajaajilichi akka itti fufu gochuun murteessaa ta'a.

Murtiilee fi jalmurtiiwwan namoota mana sirreessaa keessa jiraniin walqabatee kennaman karuma mana sirreessaa iddoo jiranitti akka dhaqqabu gochuudhaan tajaajilli deddeebii sirreeffamtootaa fi Abbootii Seeraa haala xiqqeeseen akka kennamu gochuun barbaachisaadha.

Manneen Murtii tajaajilawwan ammaan kana uummataaf banaa taasisan bal'isuu fi dhimmoota birootiis keessummeessuun haala danda'amu irratti qajeelfama kanaan dura bahee hojiirra jiru fooyyessuun barbaachisaa ta'a. Keessattuu murtiiwwan kennaman akka raawwataman himata raawwii keessummeessuun himannaawwan birootiif akka sababa ta'uudhaan dhimmoonni hin baay'anne taasisa waan ta'eef, yeroo yerootti dhimmoota ilaalamuu qaban akkuma barbaachisummaa isaatti haala qorannoo irratti hundaa'een adda baasaa deemuu gaafata.

Itti fayyadama teekinooloojii hammayyaa haala kanaan duraa caalaa babal'isuudhaan hojiirra oolchuun daran murteessaa ta'a. Keessattuu sirna –filing sirnaan hojiirra oolchudhaan abbootiin dhimmaa akka karaa dheeraa fi fagoo qaxxaamuruudhaan mana murtiitti hin deddeebine gochuudhaan dhibee kana irraa baraaruu barbaachisaa ta'a. Iyyannoo fi ol'iyyannoo barbaacha godina bira darbanii gara mana Murtii Waliigalaatti dhufuun hafee karaa sirna kanaa

fayyadamuun daran filatamaadha. Haala kanaan duraa caalaa bilbila abbootii dhimmaatti fayyadamuudhaan karaa ergaa gabaabatiin ergaawwan gaggabaaboo gosa addaa addaa dabarsuuniis deddeebii abbootii dhimmaa hambisuudhaan tajaajilamtootas ta'ee hawaasa mana murtii dhibee kana irraa baraaruu waan danda'amuuf taakinooloojitti fayyadamuun murteessaa ta'a. Kana malees falmii gaggeessudhaan walqabatee sirna vidiyoo konfaransiitti fayyadamuudhaan iddoo misoomaaleen bu'uuraa hojimaata kanaaf mijatu hin diriirretti ammo tooftaalee adda addaa kan akka 'zoom' fi kkf fayyadamuudhaan tajaajila abbaa seerummaa kennuun baayyee barbaachisaa ta'a.

Falmiin dhaddachaa qaaman gaggeessuun dirqama iddoo ta'ee argametti ammo ajandaa mana murtii sirreeffachuudhaan guyyaa falmiin gaggeeffamu beellamoota biro irraa bilisa gochuudhaan abbootii dhimmaa falmiif dhufan akkaataan keessummeessuun danda'amu akka mijatu gochuun gorfamaadha. Kanaan walqabatee, dhimmoota falmitoota fi ragaalee heddu qaban adda baasuudhaan guyyaa fi sa'aa addaatti akka keessummeeffaman gochuun filatamaa ta'a. Tarsiimoo akkaataa abbootiin dhimmaa mooraa mana murtii keessatti osoo hin baay'atin tajaajilli abbaa seerummaa itti fufiinsaan kennamuu danda'u fi maanuwaalii hojii qopheessuudhaan bifa walfakkaataa ta'een hanga sadarkaa jalaatti gadi buusuun barbaachisaa ta'a.

Dhimmoota hariiroo hawaasaa araaraan xumuramuu danda'anii fi yakkoota sasalphoo tahan jaarsummaadhaan mana murtii osoo hin dhufin xumura akka argatan jajjabeessuun fi qaamolee dhimmi ilaallatu waliin atoomudhaan qixa Kanaan hojjechuun barbaachisaa ta'a.

Hojii hubannoo hawaasa mana murtii fi abbootii dhimmaa dhibee kooviid 19 irratti yeroo gara yerootti cimsaa deemuun fi of eeggannoo barbaachisaa taasisaa deemu isaanii mirkaneeffachuun akkasuma barbaachisaa ta'a.

Koreen ittisa dhibee Koviid-19 kanaan dura hundeeffamee jiru dabalataan hojii kenniinsa tajaajila abbaa seerummaan walqabatee tarsiimowwan hordofamuu malan fi hanqinaalee raawwii keessatti muudatan irratti hordoffii taasisuudhaan kallattii fooyya'iinsaa akka maddisiisaa deemu gochuun barbaachisaa ta'a. Akka filannoo birootti kenniinsa tajaajila abbaa seerummaa ilaalchisee koreen haala qabatamaa jiru xiinxaluudhaan yaadota fooyya'iinsaa maddisiisu akka jiraatu gochuudhaan tajaajilli haala bu'a-qabeessa ta'een akka itti fufu gochuun barbaachisaadha.

Meeshaalee qulqullinaa xiyyeeffannoo kennuufidhaan akka hawaasa mana murtiif dhihaatu fi hawaasni mana murtii itti fayyadamu gochuudhaan tatamsa'ina dhibee kanaa xiqqeessuuf yaalii gochuun barbaachisaa ta'a.

Rakkoo humna namaa quunnamuu malu keessattuu qixa abbootii seeratiin xiyyeeffannoodhaan qaama dhimmi ilaalu waliin ta'uudhaan furmaata waaraa akka argatu gochuunis barbaachisaa ta'a.

Hawaasni Mana Murtii keessattuu magaala Finfinnee keessatti argaman tajaajilli sarvisii konkolaataa akka guutamuufii danda'u fi hojjettoonni humna guutudhaan tajaajila kennuu danda'an haala mijeessuun barbaachisaa ta'a. Tajaajilli kun magaalota guguddoo akka adaamaa jiran keessattis akka mijatu gochuun humna jiru waliin bifa wal madaaleen tatamsa'ina dhibichaa xiqqeessuu keessatti shoorri inni qabu laayyoo miti.

Loojistikii guutachuun dabalataan tajaajila dhaddacha naannawaa sadarkaa mana murtii waliigalaa fi Manneen Murtii Olanatti bal'inaan kennuun murteessaa waan ta'uuf konkolaattota dabalataan qopheeffachuun barbaachisaa ta'a. Konkolaatawwan sadarkaa mana murtii olanatti jiran hojii bulchiinsaa bira darbanii dhaddacha naannawaaf ooluu irratti hanqinni uumamuu waan danda'uuf dhimma kanaaf xiyyeeffannoon kennameefii akka guutaman gochuun gorfamaa ta'a.

Qaamolee haqaa fi qaamolee bulchiinsaa dhimmichi ilaallatu waliin sadarkaa Federaalawaatti fi sadarkaa naannotti akkasumas irraaf jalaan marii barbaachisaa taasisuudhaan tarkaanfiwwan fudhachuu fi deeggarsa barbaachisaa ta'e argamsiisuun barbaachisaa ta'a. Keessattuu mariin qaamolee haqaa waliin haaluma kanaan dura tureen cimee itti fufuu fi mariin kunis manneen murtii sadarkaadhaan jiran hundatti bifa walfakkaatuun gaggeeffamuutu irra jiraata.

Tarkaanfiwwan fudhatamanii fi tarsiimoowwan diriiran akkasumas sadarkaa dhimmi irra jiru uummataa fi abbootii dhimmaatiif akkasumas manneen murtii sadarkaan jiraniif fi qaamolee hirtaatiif hubannoo uumaa deemuun barbaachisaa ta'a.

B) Manneen Hojii Abbaa Alangaa Ilaalchisee

1. Haala qabatama 'COVID-19' keessatti kenninsa abbaa alangummaa itti fufsiisuun barbaachisaa dha. Kanaafis, maanuwaalii of danda'e qopheessuun hojiirra oolchuun barbaachisaa ta'a. Maanuwaaliin qophaa'u kunis:

- Ittisaafi to’annoo ‘COVID-19’ ilaalchisee gorsa ogeessonni fayyaa kennan;
 - Dhiyeessiifi itti fayyadama teekinooloojii dabaluu;
 - Dhimmoota dursi kennamuufii qabu adda baasuun dursa kennuu;
 - Qaamolee haqaa biroo waliin qindoominaan hojjechuu jiddu-galeessa kan godhate ta’uu qaba.
2. Maanuwaaliin akkaataa armaan oliitti qophaa’u kun yeroo, yeroon madaalamuun fooyyaa’aa kan adeemu ta’uu qaba.
 3. Humni namaa, baajatniifi loojistikiin haala qabatama ‘COVID-19’ keessatti tajaajila kennuuf dandeessisu ramaduun barbaachisaa dha.
 4. Tatamsa’inaafi ittisa ‘COVID-19’ ilaalchisee hojjettoota MHAAf, abbootii dhimmaafi hawaasa bal’aaf tooftaa adda addaa fayyadamuun hubannoo kennuun barbaachisaa dha.

C) Poolisii Ilaalchisee

1. Kenna tajaajjiila haqaa biffa qiindaayeen yeroo weerara Dhibee Covid -19 Kessattii kenuu akka danda’amuu karoora qiindaayaa fi qoodda fudhattoota hirmaachisee baafachuun hojiirra oolchuun barbaachisa.
2. Adeemsa amma jiruun poolisiin galmee shakkii yakkaa qorachuun xumuree hanga manni murtii hojii guutuu eegaluu kuusaa deemuun komii kan dabalee fi murtii ariifachiisaa kennisiisuun ol’aantumaa seeraa mirkaneessuu irratti dhiibbaa qaba. Kanaaf, of-eeggannoo barbaachisu taasisuun qaamoleen haqaa, keessattuu poolisiifi manni murtii akkaataa tajaajila kennan yeroo irraa yerootti bal’isaa adeemuu sirna dandeessisu qabaachuun gaarii dha.

D) Manneen Sirreessaa Ilaalchisee

1. Sirreeffamtoonni seeraa murtii isaanii bakka pilaazimaan jirutti pilaazimaan dhimma isaanii hordofuu; bakka pilaazimaan hin jirretti mana sirreessaa keessatti galma dhaddachaaf mijatu qopheessuun akka ilaalamu gochuu
2. Iddoo turtii sirreeffamaa seeraa (quarantine) dhiyeenya kana jalqabamee jiru itti fufiinsaan fayyadamuu;

3. Sababa dhibee kanaan dhiifamni federaalaafi naannoo Oromiyaan kenname garaagaramummaa qaba. Federaalatti, sirreeffamtoota adabbii hidhaa waggaa sadii caaluufis dhiifamni ta'eera. Akka Oromiyaatti garuu dhiifamni kan ta'e warraan adabbii hidhaa waggaa sadii gadii gadi qabaniifi dha. Kanaaf, akkaataa adeemsi dhiifamaa kana dura kennamee ture irra deebi'amee adeemsi itti ilaalamu osoo jiraatee gaarii dha. Kanuma wajjiin sirna dhiifamaafi baraarsaa jiru fooyyeessuun hojiirra akka oolu taasisuun akka tarsiimoo ittisaatti kan gargaaru waan ta'eef barbaachisaa dha.
4. Maatii sirreeffamtoota seeraa fageenya eeguun ykn teekinooloojiitti fayyadamuun akkaataa walqunnamuu itti danda'an mijeessuun barbaachisaa dha.
5. Gorsa dhaabbata fayyaa irraa kennamu fudhachuun hojii irra oolchuu
6. Akka waliigalaatti, dhibeen kun mana sirreessaa keessa yoo gale miidhaa guddaa geessisuu waan danda'uuf hojii ittisuu irratti hojjechuun barbaachisaa dha.

Maddawwan Wabii

- Impact of COVID-19 on Access to Justice (Online Meeting of the OECD Global Roundtables on Access to Justice, April 28, 2020).
- Ensuring Access to Justice in the Context of COVID_19, Guidance Note, UNDP May 2020
- The Siracusa Principles on the Limitations and Derogation Provisions in the International Convention on Civil and Political Rights, UN Doc. E/CN.4/1984/4 (1984), adopted by the UN Economic and Social Council in 1984.
- Republic of Kenya, National Council on the Administration of Justice, Chief Justice Press Statement, Administrative and Contingency Management Plan to Mitigate COVID-19 in Kenya's Justice Sector; <https://www.judiciary.go.ke/chief-justice-press-statement-administrative-andcontingency-management-plan-to-mitigate-COVID-19-in-Kenya's-justice-sector.pdf>
- National Council on the Administration of Justice, Press Statement on Continuing Review of Justice Sector Operations in the Wake of COVID-19 Pandemic; <https://www.ncaj.go.ke/press-statement-on-continuing-of-justice-sector-operations-in-the-wake-of-the-COVID-19-pandemic>
- Disaster Management Act Regulation No.318/2020; [Www.Gpwonline.Co.Za](http://www.gpwonline.co.za)
- Directive Issued to Address, Prevent and Curb the Spread of COVID-19 in All Court Precincts in the Republic of South Africa, Office of the Chief of Justice Notice 187 of 2020 fi Directive Issued in Terms of Regulation 10 (2) (a) of the Regulation under the Disaster Management Act 2002 Published in GN No.43225 on 9 April 2020.
- Directive Issued in Terms of Regulation 10 (2) (a) of the Regulation under the Disaster Management Act 2002 Published in GN No.43225 on 9 April 2020
- European Parliamentary Research Service, State of Emergency in Response to the Corona Virus Crisis: Situation in Certain Member States, 2020
- Ordinance No360/2020 on the Extension of Time Limits during the Period of Public Health Emergency and the Adaptation of Procedures during the Same Period, [https:// www.legifrance.gouv.fr](https://www.legifrance.gouv.fr)
- Adopting the Rules Applicable to Court's Ruling on Civil Matters, Ordinance No.304/2020; [https:// www.legifrance.gouv.fr/](https://www.legifrance.gouv.fr/)
- Adopting the Rules Applicable to Some Administrative Bodies, Ordinance No.347/2020; <https://www.legifrance.gouv.fr/>

- Adopting the Rules Applicable to Court’s Ruling on Criminal Matters, Ordinance No.303/2020; <https://www.legifrance.gouv.fr/>
- European Commission Directorate-General Justice and Consumers, Comparative Table on Covid-19, Impact on Civil Proceedings; <https://Ejustice.Europa.EU/Content/Legal/Notice-365-En.Do?Init=True>
- Administrative Order of the Chief Administrative Judge of the Courts, Essential Proceedings Administrative Order No 78/20; <https://www.nycourts.gov/whatisnew/pdf/AO-78/20.pdf>
- State of New York Unified Court System, Updated Protocols, March 15, 2020; <https://www.nycourts.gov/covid-archive.shtml>
- Coronavirus and the State of New York State Courts, Notice of Court Status; <https://www.nycourts.gov/covid-archive.shtml>
- Coronavirus and the State of New York State Courts, Notice to the Public, May 4, 2020; <https://www.nycourts.gov/>
- HM Courts & Tribunals Services, COVID-19 Guidance and Support, Changes to Court and Tribunal Hearings during the Coronavirus Outbreak, 2 April 2020; <https://www.gov.uk/guidance/changes-to-court-and-tribunal-during-the-coronavirus-outbreak>
- የኮቪድ_19 ስርዓትን ለመከላከል፣ ለመቆጣጠር እንዲሁም የሚያስከትለውን ጉዳት ለመቀነስ የወጣውን አዋጅ፣ ደንብ እና መመሪያዎች ላይ የተደረገ የዳሰሳ ጥናት፡ በዓለም አቀፍ የሰብአዊ መብቶች መርሆዎች ላይ የተመሰረተ (በፌዴራል ጠቅላይ ዐቃቤ ሕግ የሰብአዊ መብት የድርጊት መርሃ-ግብር ጽ/ቤት ሐምሌ 2012 ዓ.ም)

Heeraafi Seerota

- Heera Mootummaa Ripaabilika Dimokiraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa, 1995
- Labsii Yeroo Ariifachiisaa Tatamsa’ina ‘COVID-19’ Ittisuu, To’achuufi Miidhaa Hordofsiisu Hir’isuuf Bahe Lak. 3/2012
- Dambii Mana Maree Ministeerotaa Labsii Yeroo Ariifachiisaa Lakkoofsa 3/2012 Raawwachiisuu, Lak. 466/2012
- Qajeelfama Koree Ministeerotaa Labsii Yeroo Ariifachiisaafi Labsicha Raawwachiisuuf Dambii Bahe Damee Geejjibaa Raawwachiisuuf Bahe Lak. 1/2012
- Qajeelfama Koree Ministeerotaa Labsii Yeroo Ariifachiisaafi Dambii Labsicha Raawwachiisuuf Bahe Lak.2/2012

- Qajeelfama Labsii Yeroo Ariifachiisaa Tatamsa'ina 'COVID-19' Ittisuuf, To'achuuf, Miidhaa Dhaqqabsiisu Hir'isuuf Baheefi Labsicha Raawwachiisuuf Dambii Bahe Raawwachiisuuf Qajeelfamoota Koree Ministeerotaan Bahan Lakkoofsa 1/2012 fi 2/2012 Fooyyeessuuf Bahe; Qajeelfama Lak.4/2012

Tarree namoota afgaaffii deebisanii (muraasa)

Lak	Maqaa Poissii	Eddoo Hojii	Gita hojii	Mala Qunnamtii
1	Kom Tola Baqala	Godiina Baalee	Ajjajaa polisii Goddiinnaa	Bilbiillaan
2	Saj Bontuu Silaanchee	Aanaa Arssii nagellee	Ajjajaa polisii Aanaa	Qaamaan
3	Saj Tasfaaye badhaaso	Aanaa Arssii nagellee	<u>Qorataa</u>	Qaamaan
4	Kom , Gazaahany Kabada	Magaalaa shashamane	Ittii aanaa Ajajaa polissii	Qaamaan
5	Insp, Warqinah Tsaguu	Magaalaa shashamane	Qorataa	Qaamaan
6	Kom. Abduljabaar Amaano	Goddiina A/Lixaa	Ittii Aanaa Ajajaa Polissii Goddiinnaa	Qaamaan
7	Insp. Melkamu Asefaa	Goddiina A/Lixaa	<u>Qorataa</u>	Qaamaan
8	Kom Galaanaa	Ajjajaa polisii Aanaa A/Tuuluu	Ajjajaa polisii Aanaa	Biilbilaan
9	Saj Huseen Nuree	Aanaa Kofalee	<u>Qorataa</u>	Qaamaan
10	Maqaa hin ibssiinee	Aanaa Kofalee	<u>Qorataa</u>	Qaamaan
11	Maqaa hin ibsinee	Qaj/pol/ Sh/bahaa	I/A /Ajajaa polissii Goddinna	Qaamaan
12	I/A Kom Mulgetaa Yirguu	Qaj/pol/ sh/bahaa	Qorataa	Qaamaan
13	Maqaa hin ibsinee	Qaj/poliissiiMagaalaa Adaamaa	I/A /Ajajaa polissii Magaalaa	Qaamaan
14	Maqaa hin ibsinee	Qaj/poliissiiMagaalaa Adaamaa	Qorataa	Qaamaan
15	Maqaa hin ibsinee	poliissiiMagaalaa Sabataa	Qorataa	Qaamaan
16	Maqaa hin ibsinee	poliissiiMagaalaa Sabataa	Qorataa	Qaamaan

17	Maqaa hin ibsine	Poolisii Magaalaa Buraayu	Qorataa	Qaamaan
18	Maqaa hin ibssine	Poolisii Magaalaa Buraayyuu	Qorataa	Qaamaan
19	Taaddasee Nigusee	MHAAWO	DYMT	Qaamaan
20	Sulxaan Abdoo	MHAAWO	DQQWS	Qaamaan
21	Solomoon Kaabbuu	MHAAWO	Abbaa Alangaa	Qaamaan
22	Xilaahun Darajjee	MHAAWO	DDYAdda addaa	Qaamaan
23	Bijigduu Hayilee	MHAAGOANF	A/Alangaa	Qaamaan
24	Asaffaa Tasfaayee	MHAAGOANF	A/Alangaa	Qaamaan
25	Tashaalee Angaasaa	MHAAGOANF	I/Gaafatamaa	Qaamaan
26	Shaawel Garramoo	MHAA Magaalaa Sabbataa	I/Gaafatamaa	Qaamaan
27	Abbabaa Baqqaanaa	MHAA Magaalaa Sabbataa	A/Alangaa	Qaamaan